# XIINXALA ERGAA DHOKSAA GEERARSA DIDDAA SIYAASAA: AANAA HORROO GAMA XIINKAALAATIIN

ABARRAASH ZALLAQAA HUNDARRAA

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA,
QO’ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

SADAASA, 2021

FINFINNEE

# XIINXALA ERGAA DHOKSAA GEERARSA DIDDAA SIYAASAA: AANAA HORROO GAMA XIINKAALAATIIN

ABARRAASH ZALLAQAA HUNDARRAA

GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA (Ph.D)

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUU GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIITTI DHIYAATE

YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

SADAASA, 2021

FINFINNEE

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii guuttachuuf Abarraash Zallaqaa Hundarraa, Mata duree: "Xiinxala Ergaa Dhoksaa Geerarsa Diddaa Siyaasaa: Aanaa Horroo Gama Xiinkaalaatiin" jedhu irratti qophaa'ee, sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa: ____________________________ Mallattoo ___________ Guyyaa ___________

Qoraa Keessaa: _________________________ Mallattoo ___________ Guyyaa ____________

Gorsaa: _______________________________ Mallattoo ___________Guyyaa ____________

____________________________________________________________________________

Ittigaafatamaa Muummee ykn Walitti Qabaa Sagantaa Digiirii Lammaffaa

## *Axeerara*

*Qorannoon kun Godina Horro Guduruu wallaggaa Mata duree Xiinxala Ergaa Dhoksaa Geerarsa Diddaa Siyaasaa: Aanaa Horroo gama Xiinkaalaatiin jedhurratti gaggeeffame.Kunis haala siyaasa Aanaa Horroo Keessatti bareen darbaan keessa sosochii fincila/diddaa afoola adda addaan sirbaan, geerarsaanfi cigoon kallattii hedduun hawaaasni keessatti hirmaachaa turee jira. Haata'u malee geerarsoonni kunniin qaacceffamanii barraa'anii oltaa'aniiran hin mul'atan. Kana irraa ka'uun geerarsoota baroota kanaa toora tooraan galmeessanii qabiyyeefi faayidaa geerarsa diddaa siyaasaa hiikaa gama xiinkaalaan ibsuu barreeffamaan olkaa'uun dhimma ijoo ka'umsa qorannoo kanaati. Haaluma kanaan ka'umsi qorannoo kanaa geerarsa diddaa siyaasaa bareen darbaan ibsaman kanaa haala yoomessa isaan ergaa dhoksaa, qabiyyeefi faayidaa isaanii ibsuufi akka hindagatamneef ol kaa'uun barbaachisaa ta'uu akka ka'umsaatti xiyyeeffachuun dhiyaate. Akka walii galaatti kaayyoon bu'uuraa qorannoo kanaa ergaa dhoksaa geerarsa diddaa siyaasaa Aanaa Horroo gama xiinkaalaan addaan baasuun ibsuudha. Akka kaayyoo gooree qorannoo kanaatti ergaa dhoksaa ilaalcha geerarsa dubaa jiraani addaa baasuu. Qabiyyee geerarsa diddaa siyaasa addaan baasuun ibsuu. Faayidaa geerarsa diddaa siyaasaa hiikaa gama xiinkaalaan ibsuudha. Kana galmaan geessisuufis qorannoon kun bu'uura dhiyaannaa qorannoo akkamtaa ta'ee mala qorannoo ibsaatu hojiirra oole. Ragaan qorannichaa madda ragaa 1ffaafi 2ffaa ta'a. Kunis galmee sakatta'uufi kanneen waraabamanii jiran barreeffamaan dhiyeessuuni. Ragaalee qaaccessuu keessatti namoota waa'ee siyaasa yeroo sanaa irratti hubannoofi xiyyeeffannoo gahaa ta'e qabu jedhaman iyyaafachuun filataman mariisisuun yoomessa geerarsa diddaa siyaasa isaa akka ibsan taasisuuni. Malli iddattoo qorattuun dhimma itti baate mala iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling)fi mala darbaa dabarsaan (snowball sampling) namoota filatte. Ragaaleen qorannoo kanaa warabbii suursagalee yeroo sanaafi kanneen barreeffamaan oltaa'an sakatta'uun waan ta'eef irra caalaan isaa sakatta'a galmeeti. Bu'aan qorannichaas bu'uura jechaan ibsamanii dhiyaatani. Haaluma kanaan bu'aan qorannoo kanaa: Namoonni ergaa diddaa dhoksaan dabarfachaa turuu, yeroo sana uummata dadammaksuu, cimsuu, qaama faallaa dadhabsiisuun bu'aa akka buusefi bifa walaloon icciitii saaxiluufi haalli gootota duraan itti kennan ibsuun tarkaanfiin akka ceesisan onnachiisuudha. Raawwii kufaatiif akka ka'umsaatti gahee taphachuu isaa ibsamee jira.*

# Galata

Hunda dura Waaqayyoo, isa waan hundaatti, nagraagare fiixaan ba'insa naalaateef galanni koo guddaadha. Itti aansuun hojiin qorannoo kana akka milkaahuuf gorsaa koo jalqabaa hanga dhumaatti nuffii tokko malee yaada gabbataa naaf kennuunfi na qajeelchuun na gorsaa ture Dr. Addunyaa Barkeessaatiif galanni koo guddaadha.

Itti aansuun, hojii kana obsaafi ciminaan akkan hojjedhuuf bakka guddaa kennuufiin yeroo mara kan nacinaa dhaabbachaa ture abbaa warraa koo obbo Taakkalaa Abbabaas guddaa galatoomin jedha. Ijoollee koos humna isaaniitiin kan nadeeggaraa turan Yaanneerraafi Roobanusiin, galatoomaan jedhaan. Kanatti aansuun, hojii qorannoo kana irratti nabira dhaabbachuun kan najajjabeessaa turan abbaaa koo obbo Zallaqaa Hundarraa, haadhakoo aadde Xaayituu wiirtuus galata guddaa narraa qabu. Dhumaratti, hiriyyaa koo hojiikoo kana irratti nacinaa dhaabbachuun haamilee naaf kennuufi barreeffama waraqaa kana naaf gulaaluun kan nagargaare barsiisaa Garramuu Toleeraaf galata guddaan isan haaqaqabu. Kanneen yeroon ragaa qorannoo kanaa funannadhutti rakkoo na muudachuu danda'an jalaa akkan ooluuf xalayaa deeggarsaa naaf kennuun kan na deeggaran Waajjira Barnootaa Aanaa Horroo, Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Horroofi namoota yeroo raga qorannoo kana funaannadhu tumsa naaf godhaniifillee galatni koo lafa jiranitti isaan haaqaqqabun jedha.

**Baafata**

Qabiyyee Fuula

Axeerara ... i

Galata ... ii

Baafata ... iii

Hiikaa Jechoota Bu'uuraa ... vi

Gabaajeewwan ... vi

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ... 4

1.3. Gaaffilee Qorannichaa ... 7

1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa ... 7

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ... 8

1.6. Daangaa Qorannichaa ... 8

1.7. Hanqina Qorannichaa ... 9

1.8. Ibsa Bakkaa Qoratamuu ... 9

1.8.1. Haala Hawaasa Aanichaa ... 10

1.8.2. Ilaalcha Siyaasa Hawaasa Aanichaa ... 11

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ... 12

2.1. Yaad-rimee Afoolaa ... 12

2.1.1. Maalummaa Afoolaa ... 12

2.1.2. Akaakuu Afoolaa ... 16

2.1.3. Raagoowwan ... 16

2.2. Barbaachisummaa Geerarsaa ........ 19
2.2.1. Faayidaafi Fayyadama Geerarsa ........ 21
2.2.2. Hiikafi Ergaa Itti Fayyadama Geerarsa ........ 22
2.2.3. Yoomessa Geerarsaa ........ 23
2.3. Yaad-rimee Hiikaa ........ 26
2.3.1. Maleenya Qo'annaa Hiikaa ........ 28
2.3.2. Garaagarummaa xinikaafi xinikaalaa ........ 28
BOQONNAA SADI: BEEDUUBA, SAXAXAAFI MALA QORANNCHAA ........ 30
3.1. Beeduubafi SaxaxaaQorannichaa ........ 30
3.2. Malleen Qorannichaa ........ 32
3.2.1. Odeef kennitoota Qorannichaa ........ 32
3.2.2. Madda Ragaalee ........ 33
3.2.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu ........ 33
3.2.4. Meeshaa Funaansa Ragaalee ........ 34
3.2.4.1. Sakatta Galmee ........ 34
3.2.4.2. Afgaaffii ........ 35
3.2.4.3. Marii Garee ........ 35
3.2.5. Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 36
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE ........ 37
4.1. Seensa ........ 37
4.1.1. Ergaa dhoksaa geerarsa diddaa Siyaasaa ........ 38
4.1.2. Bu'uura Qabiyyeen ........ 38

4.1.3. Haala Ergaa dhoksaan ........................................................................................ 38

4.2. Faayidaa Geerarsa Diddaa Qaacceffamanii ...................................................................... 61

4.3. Qabiyyeewwan Geerarsa Diddaa Qaacceffamanii ............................................................ 62

4.4. Faayidaa Ergaa dhoksaa ilaalcha Geerarsa duba jiruu ...................................................... 64

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO ................................................. 65

5.1. Cuunfa ................................................................................................................... 65

5.2. Argannoo ................................................................................................................ 66

5.3. Yaboo Qorannichaa ................................................................................................. 67

Kitaabolee Wabii .......................................................................................................... 70

Dabalee A: GeerarsaWaraabamee ol kaa'ame keessaa luqqisuun kanneen qaacceffaman .......... 75

Dabalee B : Suuraalee Ragaaleen Qorannichaa yoomessa geerarsa diddaa siyaasaa akka himaniif mariisifaman. ..................................................................................................... 86

Dabalee C: Hirmaattota yoomessa geerarsaa diddaa siyaasaa irratti dhuunfaan ibsa kennan. .... 88

Dabalee D: Afgaaffiin dhiyaatan ................................................................................. 89

**Hiikaa Jechoota Bu'uuraa**

| | |
|---|---|
| Geerarsaa= | Himannaa mirga ofii ykn mirga argachuuf qaban kan sagalee sirbaatiin himatan |
| Diddaa = | Gocha Diduu, mormii, fincila |
| Xiinkaalaa= | Saayinsii, hiika haalaa qo'atudha |
| Yaaxxina= | Yaada xinxalame ba'e |
| Kallaquu= | Uumuu |
| Eelaa= | Rakkina yeroo baay'ee nama irra ture |
| Qabsoo= | Waldhaansoo /sochii siyaasaa keessatti ta'u |
| Yoomeessa= | Yeroofi iddoo gocha tokkoo kan mul'isudha |
| Farquu= | Qaawwa rakkoo/haala keessatti |
| Asilii= | Kan bu'uuraa (original) |
| Haxoota= | Techinques |
| Digaluu= | Gosa muka mukaratti biqiluu |
| Lanqeessa= | Gosa muka mukatti maxxanee jiraatu |
| Gatamaa= | Gosa muka mukarratti biqilu |

**Gabaajeewwan**

| | |
|---|---|
| A.L.I = | Akka Lakkoofsa Itiyoophiyaatti |
| HGW = | Horroo Guduruu Wallaggaa |
| B.A = | Bara araraa |
| WAT = | Wajjiira Aadaafi Tuurizimii |
| WATAH = | Wajjiira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Horroo |
| G1 = | Bakka bu'ee Hirmaattota Garee 1ffaa |
| G2= | Bakka bu'ee hirmaattota garee 2ffaa |
| 1.22 | moggaasa Buusaawwan Geerarsoota qaacceffamanii dhiyaatanii |
| Kkf. = | Kanaafi kanneen kana fakkaatan |

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Uummanni Oromoo saba guddaa acuuccaafi roorroon irra ture tole jedhee fudhatee hinbeekneefi afoola isaa kanas bifa garagaraan fayyadamuun mormii qabu ofirraa qolataa ture. Itti fayyadamni afoolaa kun immoo jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti iddoo guddaa qaba. Dirribiini (2012:15), Oromoon saba guddaa, afaan Oromoo heddummina dubbattootaatiin afaan arabaafi afaan hawusaatti aanee sadarkaa sadaffaa irratti argamudha. Garuu afaan isaanii kun yeroo dheeraaf afaan barreeffamaafi afaan hojii otoo hinta'iin kan tureefi yeroo dhiyoo as afaan hojii kan ta'edha.Afaan kanas afoola isaatti dhimma ba'uun tursiifate. Misgaanuu (2002) afoolli afwalaloo kan uummatichi waan yaada'e, jaalala, jibba, waa'ee abjuufi abdii fuuldura isaa ittiin ibsatu (F.29). haluma kanaan uummanni Aanaa Horroo afoola qabu keessaa geerarsaan haala siyaasa isaa itti ibsataa ture. Kunis haala qabatama keessoo isaa itti ibsataa ture. Kunis haala geerarsa waldhaggeeffachaa wal haamileessaa walaloon waldeeggara walmormaa haala kallattii wal agarsiisaa itti fayyadamu. Kun immoo durii kaasee ce'ee jirataa dhufeefi siyaasa adda addaa keessatti haala qabatama siyaasa keessa jiran bu'uura godhachuun itti fayyadamaa turanidha. Kun afaan barreeffamaa otoo hinqabaatiin afoola keessa dhokachuun dhimma ba'aa turanidha.

Afoolli uummata kanaaf meeshaa guddaa itti siyaasa dinagdee isaanii ibsatanidha. Afoolatti fayyadamuun otoo afaan bareeffamaa hin ta'iin dura fedhii, ilaalcha eenyummaa geerarsaan ibsatu kana keessatti haala qabiyyeefi hiikkaa geerarsa isaanii ibsachaa, aadaafi haala haw-waasummaa isaanii kan ittiin calaqqisiisan, waldhabdee isaanii itti hiikkataa turan.

Yaada kana Maammoo (2017), dhimmoonni dhala namaa kanneen akka dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa akka fedhii isaaniitti akka isaaniif galma gahuuf afaan saba tokkoo gahee olaanaa taphata, jedheera. Afaaniifi afoolli saba kanaa walitti hidhata cimaa qabu. Afoollis kalaqoota dubbii isaa bifa nama hawwatuun kan dhiyaatu kalaqa ogummaa itti fayyadama isaati. Ogumni dubbii kun qindaa'inaafi miidhagina gonfatee waan dhiyaatuuf uummata Oromoo biratti beekamaadha.

Kufaatii sirna dargii as immoo Afaan Oromoo erga afaan barreeffamaa ta'ee afoolli barreeffamuu eegale. Haata'u malee haala siyaasa naannoo kanaa kanneen barreeffamaan ibsachuun rakkisaa ta'aniifi diddaan siyaasaa bal'inaan keessatti mul'atuufi namoonni sababa siyaasaan wareegamaa turan hedduudha. Kanaafuu, haala siyaasa naannoo sanaa afoolaan bal'inaan ibsatu. Afoolli kunis bifa adda addaa qaba. Bifoonni kun akka Oring (1986:2) ibsetti, folklore forms are myths, legends, insults, folktales, jokes, proverbs, riddles, chants, charms, blessings, curses, teases, children plays,and etc," jedha. Kanaafuu, uummanni Aanaa kanaa haala siyaasa keessa jiru geerarsaan keessoo isaa ibsata. Haalli ilaalcha hawaasaa naannoo kanatti baroota hedduuf calaqqisaa kan turedha.keessumattu bara sosochii siyaasa baroota darbanii keessa turee qamolee keessaafi alaa bosona seenan cimsaa kanneen turan keessaa tokkodha.

Kun akka waliigalaatti, Sanaa as lammiilee biyya keessaafi alaan sadarkaa garaa garaatti kallattii adda addaattiin qoratamaa turee jira. Haata'u malee, sadarkaa biyya keenyaatti yoo ilaalle waa'een uummata Oromoos ta'e afoolli isaa kun seeraan qoratamee akka hinteenye ibsu. Yaada kana Rooballeen (2013:2) kitaaba "History of Oromo to the Sixteenth Century" jedhu wabeeffatee ibsetti, seenaan uummata Oromoo mootota darban keessa seeraan galmeeffamee taa'aa kan hin turree ta'uu ibseera. Erga afaan kun afaan barreeffamaa ta'ee asitti sadarkaa,Yuunivarsiitiitti BATOtti qorattoonni garaa agaraa barreessaa turanii jiru.

Afoolli kun qabiyyee bal'aa akkuma qabu kallattii roga hundaafi lafa afoolli itti tajaajilu hundatti ciminaan irratti hojjechuun murteessaadha. Afoola kana keessaas akka qorannoo kanaatti wanti irratti xiyyeeffatame geerarsadha.

Geerarsi itti fayyadama afaanii keessaa kan Uummanni Oromoo haasaa yookaan dubbiin bifa walaloon ergaa dabarfachuu barbaadan ittiin ibsatanidha. Durii kaasee uummanni Oromoo mudannoo, muuxannoo, ilaalchaafi fedhii isaa geerarsaan ibsataa turee jira. Yaada kana Zawudeen(2001:81)), Geerarsi gosa sirbaa bifa haasaa yookaan dubbiin uummanni Oromoo ergaa ifatti otoo hindubbatiin bifa icciitiin eegeen ergaa/yaada isaa ittiin ibsataa ture ta'uu ibsa. Yaada kana Sadarkaa Afiriikaattis qorattoonni adda addaa irratti xiyyeeffatanii ibsanii jiru. Finnegan (1970:206) Geerarsi kan namoonni yeroo tikaa lolaa, yeroo adda addaa bifa walaloo yeedaloo qabuun itti ergaa dabarfatan ta'uu ibsiteetti. Haaluma walfakkaatuun sa-

darkaa Itiyoophiyaatti namoonni kallattii adda addaan irratti xiyyeeffatanii ibsaa turaniiru. Yaada kana Misgaanuu (2011), "Oromoon ogbarruu afoola dilbii qaba. Kunis Afwalaloo fi hololoo yoo ta'an, afwalaloo keessaa geerarsi isa tokko" jechuun ibseera. Sadarkaa Oromiyaattis baroota darban keessa biiroon aadaafi beeksisa oromiyaa barruulee adda addaa keessatti walitti qabuun jildiilee adda addaa keessatti maxxansaa turaniiru. Qabiyyeen qorannoo kanaa garuu xiinxala ergaa dhoksaa geerarsa diddaa siyasaa gama xiinkaalaatiin baroota darban keessa kan yeroo diddaan walqabate jiran irratti yoo ta'u, kan kanaan walfakkaatu hangaan dubbisetti yoo jiraate Biqilaa Goobanaa geerarsa goota faarsu irratti bara 2008 irratti hojjeteera. Balaay Iddoosaa Geerarsa diddaa Gabrummaa bara 2006 dhiyeesseera. Karaa biraan barreeffamoonni geerarsaan walqabatanii fakkeenyaaf, Cherinnat (2010:7), Ergaan geerarsi dabarsus akkuma akaakuu isaa gargar akka ta'eefi geerarsa ajjeesaa, gootaa, gaabbii, shakkii, qonnaa, roorroo, daldalaa, komii, ciigoofi k.k.f jedhamuun akka qoodaman ibse. Barreeffamni kun gosoota geerarsaa keessaa geerarsa diddaa (roorroo) irratti bu'uureffata. Kunis ibsa ergaa isaa bu'uura haasgochaan kan xiinxalee dhiyeessedha.

Kunis haala namoonni irratti barreessa turan irraa addaafi haala yeroo ammaa kana keessatti carraan namoonni itti fayyadamanii waa ibsachuuf qaban dhiphaa waanta'eefi. Haalli yoomessa ammaa kun bal'inaan hin affeeru sababni isaas; namoonni diddaa keessa isaanii geerarsaan yemmuu ibsatan adamsamanii qabamanii gara mana hidhaatti waangeffamaniif, akkasumas amantii jijiirrachuun haalli isaan geerarsatti fayyadaman gadi bu'aa adeema. Dur garuu uummanni kun lafa eeguu, tikaa, jigiitti walgahee wal argee keessoo isaafi aarii isaa baafataa ture. Kana itti fufsiisuun ergaa dhoksaa geerarsa diddaa siyaasaa gama xinkaalaan xiinxaluun dhalootaaf akka darbu gochuun murteessaadha. Geerarsi qabiyyee adda addaa qabachuufi namoonnii haala keessoo isaanii ittiin ibsachuuf kan fayyadaman ta'uu OROMO ICT | Qubee Technologies - info@oroict.com jalatti ibsamee jira. Akkasumas Dhimma kana ilaalchisee Addisuu (1999:117) yoo ibsu:

> *By resisting the colonial operassion Oromo, through language use and oral literature, seem to have began the rediscover themselves, through this rediscovery in their oral literature gerarsa, they appear to create a history which the lack of written has denied them. Part of the discovery is illustrated in gerarsa, which seem to be the dynamic aspect of Oromo resistance to Ethiopian colonial policy*
> jechuun ibsee jira.

Haaluma kanaan Oromiyaa keessatti sochii siyaasaa haala garagaraan ibsatan keessaa tokko geerarsa. Aanaa Horrootti sosochii siyaasaa ture keessatti namoonni geerarsaan yaada isaanii ibsataa turaniiru. kun immoo gama xinqooqa hawaasummaan gama xiinkaala isaan ilaalamee ol hinteenye. Tesfaye (2012) "Many Oromo Youth made great efforts to record songs embodying political, cultural, and social resistance against the poletics of the Ethiopian regimes,". Akkasumas, kallattii mata duree kanaan hangan dubbisetti nama irratti xiyyeeffatee yoomessa darbee keessatti gama hiikaa xiinkaalaan kana irratti qorate hin agarre. Kanaafuu, xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ergaa dhokisaa geerarsa diddaa siyaasaa gama xiinkaalaan ta'uun isaa adda taasisa.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Uummanni Oromoo ergaa dhoksaa qabu bifa hololoofi walaloon qindeessee itti dhimma ba'uun simata yookaan balaaleffata. Haaluma kanaan haala qabatamaa keessa jiru bu'uura godhachuun afoola qabutti dhimma ba'uun ibsata. Afoola kana haala hawaasichi yeroo sana fayyadamaa ture qabiyyeen yeroo sana ture sanaan hubachuun nama rakkisa. Sababni isaas haalli hiikkoon geerarsaas ta'e afoolota biroo haala qabiyyeefi hiika qabatama hawaasaa irratti bu'uureffata.

Haaluma kanaana haala yeroo ammaafi kan duraa walbira qabnee yoo ilaallee hawaasa keessatti haalli itti fayyadama hawaasaa yeroodhaa gara yerootti walfakkaataa miti. Darbees sababoota garagaraan jijjiiramaaf saaxilamaadha. Kun immoo yeroon booda ergaa geerarsa yeroo tokkoo haala qabatama biraa keessatti hubachuun nama rakkisa. Dur haalli jireenya hawaasichaa mijataafi hawaasichi sana bu'uura godhatee haala jiru sodaa qabu haaldubbii isaatti fayyadamuuf jecha bal'inaan itti fayyadamaa ture. Yeroo ammaa garuu baballinni tekinoloojiifi yoomessi jiru kana hinaffeeru. Sababa kanaaf afoola kana qoratanii barreessanii olkaa'aa deemuun dhimma filannoo hinqabnedha. Afoolli kun immoo qabiyyee bal'aa qaba. Addunyaa (2005),"Gosoonni afoolaas hedduudha isaan keessa tokko sirba," (f.88 ). Haaluma walfakkatuun, Misgaanuu (2011), "Oromoon ogbarruu afoola dilbii qaba. Isaan keessaa gurguddoon: afwalaloofi hololoo yoo ta'an, afwalaloo keessaa geerarsi isa tokko" jedhe.

Haata'u malee, yeroo ammaa kana ergaafi qabiyyeen hawaasni itti fayyadamaa deemu haala qabatamaa yeroofi siyaasaa bu'uura godhata. Kun immoo yeroo fayyadama sanaa haala

qabiyyee isaan galmeessanii hiikkaa isaan ol hinteenye yoomessa biraa keessatti garaa garummaa hiikkaa qabachuu danda'a. Geerarsoonni barreen darbaan keessaa yeroo siyaasni rakkoo turee hawaasni geerarsaan mormiifi diddaa ibsataa ture. Haala yeroo sanaan geerarsoonni faayidaarra oolaa turan hiika isaanii haala qabatamaa yeroo sanaan barreeffamanii ergaa dhoksaan geerarsa diddaa siyaasaa qabiyyee arrabsoo yeroo sanaaf bu'aa guddaa buuseera. Haala kanaan hiikamee hin teenye. Yeroon kun yeroo siyaasni rakkoo guddaafi kallattii hundaan hawaasni hirmaatedha. Yeroo kana geerarsoonniifi sirboonni hojiirra oolaa jiran illee haala yoomessa ammaa keessatti yoomessaafi qooddatoota afoolichaafaa irratti hundeeffama. Darbees sababoota adda addaan dagatamaa jiru. Akka aadaa Oromootti namni tokko maal akka yaadaa jiru; ciminni isaa maal akka ta'e; ilaalcha isa keessa jiru, jireenya guyyuu isaa keessatti dubbachuun yookaan namatti himachuun haalli isaa hinmijanne kalaqa dubbii geerarsa isaa kanaan wantoota adda addaatti qabachuun ibsata. Namoonnis haaluma gahumsa isaaniin geerarsa kanatti dhimma ba'u.

Geerarsi qabiyyyee adda addaa qabu keessaa tokko geerarsi diddaa isaati. Dhalli namaa jireenya isaa keessatti mormii/diddaa adda addaatu isa mudata. Uummanni Oromoo Aanaa Horroos haaluma kanaa diddaa isaa mul'ifachuuf yeroo adda addaa geerarsatti fayyadamaa turee jira. Haala itti fayyadama isaa kanaan walbiraqabamee yoo ilaalle kan qoratamee jiru rakkisaadha. Haaluma kanaan bara araaraa qofa yoo ilaallee kan xiinxalamee akka dhalootaaf darbu wanti ta'e hinjiru. Kun immoo seenaa, beekumsa hawaasa kanaa haala qabatamaa keessa jiruun ergaa isaa duuba deebinee ibsuuf nama rakkisa. Afoolli tokko immoo caalaatti kan dhiyaatu haala yeroo irratti hunda'uun waan kalaqamuuf qabatama yeroo sanaa hubachuun barbaachisaadha. Kanumaan walqabatee haala siyaasa yeroo sana ture mormuuf geerarasa diddaatti fayyadamaa turaniiru. Ta'us geerarsan haala qabatamaa keessa jiran irra ka'uun ergaa barbaadan dabarfataa turan malee dhalootaaf akka darbuuf kallattii xinkaalaan xiinxalanii ergaa dhokataan isaa ol hinkeeenye. Kana irraan kan ka'e ergaafi bifoonni itti fayyadama afoola kanaa yeroo sanaa ammaa irraanfatamaa jiru. Aanaa kanaa keessatti immoo geerarsi horroo beekamaadha. Uummanni kun aadaa geerarsaa cimaa qaba. Haalauma kanaan barota darbaan keessaas ta'e sana dura geerarsatti fayyadama turan keessaa geerarsa diddaa bal'inaan geeraramaa turaniiru. Addunyaa (2002), "Afoolli waa'ee Uumaafi uumamaa waa'ee bareedinaafi fokkinaa; dhimma roorroofi dhiphuu kan itti ibsatanidha,"

(f.29). Kanamalees, geerarsi Cawwaaqaa bara 1990 moota keessa geerare fakkeenya gaariidha.Haata'u malee, haalli kun afaaniin darbaa waan tureef yeroo ammaa kana dagatamaa jiru; qoratamee hinteenye. Sababni isaas ergaa geerarsaa namoonnii hundi walqixa hinbeekani. Kanaafuu, hubachuuf ibsa barbaadu. Sababni afoolli ergaa dhoksaa of keessaa qaba.

Kana malees, haalli dubbii tokko yoomessa aadaa adda addaafi duudhaa hawaasaa adda addaa keessaati karaa adda addaan hiikamuu danda'a. Yaada kana Asaffaan (2003) walaloon afoolaa aadaa, duudhaa, falaasamaafi sona hawaasaa baatee kan jiru yommuu ta'u afaaniin dhalootaa dhalootatti waan darbuuf adeemsa keessa jijjiiramni irratti mul'achuufi baduu danda'a. Geerarsi Uummata Oromoo kun immoo meeshaa cimaa ittiin miiraa ofii ibsatanidha. Ta'us haala dur hawaasichi itti fayyadamaa tureen hangi qoratame yaaddessaadha. Afoolli kun icciitii ergaa keessoo isaanii ittiin ibsatu. Yaada kana Hinseeneen, (2010:56) "Geerarsi madaa keessa ofii qaban ittiin bulgaafatu, dhiphinaafi roorroo ofiis ittiin dubbatu. Geerarsi humna namaa onnachiisuufi kakaasuu qaba" jedhe. Hata'u malee, uummanni Oromoo diddaa adda addaa keessa haaturu malee haalli inni itti ibsataa ture kun yeroo ammaa dagatamaa jiraachuu hubachuun gaggeeffame. Akkasumas, haala isaan keessa turaniin xiinxaluun ergaa isaa ibsuun barbaachisaadha jedhamee yaadamee adeemsifame. Yeroo ammaa kanas ergaa yookaan qabiyyee geerarsaa baroota darbanii kanneenii siyaasa yeroo sanaa keessatti gama hiika xiinkaalaan xiinxalamee taa'eerus hanga qorattuun kun dubbisetti hinagarre. Kun immoo ergaan isaa kun akka dagatamu taasisa jedhamee yaadamee gaggeeffame.

Bu'uuruma kanaan xiyyeeffannoon qorannoo kanaas geerarsa diddaa Aanaa Horroo baroota darbaniii keessa geeraraman gama hiikaa xiinkaala xiinxaluun kan dhiyaatedha. Kunis kan barbaadameef haaluma olitti ibsamuuf yaalame kallattii diddaa isaaniifi haala isaan itti ibsatan ergaa isaa akka hindagatamneefi hawaasa keessa tursiisuufi dhaloota dhufuuf dabarsuun murteessaadha. Kun yoo ta'uu baate, ni dagatama jedhamee yaadameeti. Karaa biraan immoo ergaa isaa haala geeraraan sun ibsachuu barbaadeen yoomessa jiru sana keessatti ibsa ga'aafi amansiisaa kennuun barreeffamaan akka turu taasisuufi duudhaa hawaasichaa keessatti haala itti fayyadama isaanii xiinxaluun tursiisuuf jedhamee yaadameeti.

Haalli kun yoo hinqoratamu ta’e garuu qabeenya hawaasichaa karaa adda addaan hir’isa jedhamee yaadameeti. Yaadakana Girmaan (2017), “Uummanni Oromoo geerarsatti fayyadame fedha keessoo isaa jiru ittiin ibsachuuf, roorroo isarra jiru ibsata. Kun immoo kan ta’u yoo ergaasaa sirnaan hubatedha”. Kana hambisuuf ammoo geerarsi xiinxalamaa adeemuu qaba. Kanaafuu, kalaqa akkasii ergaa isaa ibsuun olkaa’uun murteessaadha. Yoo kun ta’uu baate sochii uummataa keessatti gahee geerasi qabu dagatamaa deemuun meeshaa guddaan hawaasicha keessaa akka badaa deemu taasisa. Akkasumas, barbaachisummaa kalaqa kanaa xiqqeessaa deemuun akka dagatamu taasisa.

Itti dabalees, akkuma beekamu, geerarsi diddaa ergaan isaa ifatti bakkee ba’ee hinmul’atu kanaaf ergaa isa dhaggeeffataatu xiinxaluun ergaa baafata. Haaluma kanaan qorattuunis yaada kanneen ka’umsa godhachuun geerarsa diddaa kan Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Horroo keessa ture gama hiikaa xiinkaalaan, qabiyyeen isaa yeroo sanaa maalfaa akka ta’e adda baasuu jedhu bu’uura godhachuun gaggeessite. Bu’uuruma kanaan geerarsa kana qo’achuun ergaa isaan hawaasa keessatti ga’een inni qabu qaacceessuun dhalootaaf akka darbu taasisuudha. Kana galmaan geessisuufis qorattuun kun gaaffiilee bu’uraa armaan gadii bu’uura godhachuun gaggeessite

### 1.3. Gaaffilee Qorannichaa

Gaaffileen qorannoo kanaa deebii argatan jedhamanii yaadaman kanneen armaan gadiiti

1. Ergaa dhoksaan geerarsa siyaasa dubaa jiran maali?
2. Qabiyyeen geerarsa diddaa siyaasa maal fa’i?
3. Faayidaa geerarsi hiikaa gama xiinkaalaan qabu maali?

### 1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kana ergaa dhoksaa geerarsa diddaa siyaasaa Aanaa Horroo gama xiinkaalaan addaan baasuun ibsuudha.Kaayyoowwan gooreen qorannoo ammoo akka armaan gadiitti ta’a.

1. Ergaa dhoksaa ilaalcha geerarsa dubaa jiraani addaa baasuu.
2. Qabiyyee geerarsa diddaa siyaasa addaan baasuun ibsuu.
3. Faayidaa geerarsa diddaa siyaasaa hiikaa gama xiinkaalaan ibsuu.

### 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun qaaccessa ergaa dhoksaa geerarsa diddaa siyaasa bareen darbaan irratti xiyyeeffatee gaggeeffame. Bu'aan qorannoo kanaa karaa adda addaatiin hawaasa Afaan Oromootti fayyadamu bira waan gahuuf faayidaawwan armaan gadii gumaachaaf.

- Haala uummanni afaan isaanii bifa qindaa'ina qabuun geerarsaan diddaa ibsatan xiinxluun hiika isaa akka beekan taasisa.
- Ergaa dhoksaa geerarsa diddaa siyaasa gama xiinkaalatiin hiikuun barreeffamaan olkaa'uun dhalootaaf dabarsuufi bal'inaan akka irrati hojjetaniif karaa saaquu danda'a.
- Hiikaafi xiyyeeffannoo geerarsa diddaa yeroo sanaa qabu ibsuun haala gara fuulduraa hubachiisuuf jijjiirama jiruu ibsuuf gargaara.
- Dhoksaa ilaalcha geerarsa diddaa siyaasaa dubaa jiruu akka hubatan taasisa.
- Bu'aan qorannoo kanaa galmee jechootaafi qabiyyee barnoota keessa galuun dhaloonni dhufu akka beekaniif ni fayyada.
- Namoota gara fuulduraatti mata duree kana fakkaatu irratti qorannoo gaggeessaaniif akka ka'umsaatti ni gargaara.

### 1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun yeroo gaggeeffame sadarkaa mata duree isaa irraa ka'uun haala humnaafi qabiyyee isaan qorattuun daangaa kaawwachuun gaggeessite. Sababni isaas dhimmoonni hawaasaa baay'ee bal'aa waan ta'eef mataduree "xiinxala ergaa dhokisaa geerarsa diddaa siyaasaa:Aanaa Horroo gama xiinkaalaatiin yoo ta'u, kutaalee geerarsaa keessaa kan barreen darbaan geeraramaa turan keessaa geerarsa diddaa siyaasaa bu'uura hiika gama xiinkaalaa isaa irratti geeraramaan yoomessaan daangesseen kan qoratamedha. Sababiin isaas qabiyyeewwan geerarsa diddaa siyaasa Oromoo keessatti gama xiinkaalaatiin dhimmoota hawaasaa hedduu irratti al tokkotti qorannoo gaggeessuuf, odeeffannoo funaanuufi qaaccessuun waan ulfaatuufi. Haaluma kanaan qorattuunis geerarsa waraabbiin argaman keessaa xiyyeefannoon geerarsa Sabboonaa Tafarraa gara barreeffamaatti jijjiiruun, ragaalee waraabbii sagalee bara sanaa fayyadamuuirratti xiyyeeffata.

### 1.7. Hanqina Qorannichaa

Hojii qorannoo kana keessatti bu'aa bayii hedduun yoo jiraate iyyuu sadarkaa mata duree filachuu irraa eegalee hanga argannoo qorannoo kanaatti ciminaan rawwatamee jira. Haata'umalee, ragaaleen funaanaman namoota hundarraa otoo hintaane namoota muraasa irraati. Askeessatti namoonni ragaan irraa funaaname kunniin iyyuu yaadafi ilalcha mataa isaanii ibsachuu danda'u. Akkasumas, qorattuunis ragaa kanuma argate irratti xiyyeeffatee qaaccessuun kan dhiyeessitedha. Kanaafuu, ragaaleen biroon hafan jiraachuu danda'u; kanneen gadi fageenyaan hinibsamiin/ otoo hinqaaccessiin hafan jiraachuu danda'u. Gama biraan qorattittiin mala qorannoo akkamtaa qofa fayyaadamtee jirit. Malli qorannoo akkamtaa mala qorannoo makaa waliin walbira qabamee yoo ilaallame hanqinoota waan qabuuf kunis hanqina qorannichaati. Gama biroon, sababa dhukkubaa COVID-19n ragaa barbaadamu deemtee funaannachuuf rakkisaa ta'uun mudaa qorannoo kanaati. Kanaafuu haalli qorannoo kanaa ija kanaan ilaalamuu qaba. Bu'aan qorannoo kunis ija kanaan ilaalamuu danda'uu qaba. Haata'u malee, bu'aan qorannoo kanaa akka yaada ka'umsaatti kan gargaaruufi farquu rakkoo qorannoo aadaa uummatichaa hanga tokko kan tarakaanfachiisu ta'uu dagatamuu hinqabu.

### 1.8. Ibsa Bakkaa Qoratamuu

Godinni Horroo Guduruu Wallaggaa Godinaalee Oromiyaa keessatti argaman keessaa tokkkodha. Akka ragan Barruulee Seenaafi Aadaa Horroo Guduruu Bara (1998) barraa'e ibsutti godinni kun yeroo duraatiif akka konyaatti bara1911kan hundoofte yoo ta'u sirnoota adda addaa irraan kan ka'e deebitee diigamtee haaturu iyyuu malee, bifa haaraan akka godinaatti bara 1998 Godina Horroo Guduruu waallaggaa jedhamtee Godina Wallagga Bahaa irraa foxxoqee ofdandeessee hundoofte. Godinni kun Godinaalee Oromiyaa keessatti argaman keessaa magaala Oromiyaa, Finfinnee, irraa gara Lixaatti kiiloomeetira 315-fagaattee argamti. Akka obbo Olaanii ibsanitti, godina kana keessaa ummata Oromoo keessaa bal'inaan kan jiraatan ilmaan horroo ta'uu ibsanii jiru. Odeeffannoon 'CENSUS' lakkoofsa manaafi ummaataa bara 1998 B.A, ibsutti Godina kana keessaa %86.12 Uummata Oromoo akka ta'e ibsamee jira.

Aanaa Horroo dur konyaa Horroo Guduruu Awuraajjaa jalatti kan bulaa ture yoo ta'u, aanaa of dandeesse kan taate kufaatii sirnka Dargii boodadha. Sanaan dura garuu itti waamamni aanaa kanaa Horroo awuraajjaa ture. Sanaan booda aanaalee biroo waliin walitti dacha'uu bifa aanaan 1957 kaasanii ture. Sanaan booda bara 1981 yeroo aanaaleen konyaan akka bulan ta'utti aanaa Abee Dongoroo faana akka bulan ta'ee hanga bara 1983tti bulaa turani.Bara 1983 dhuma sirnni Dargii kufnaan aanaa kun aanaa ofdanda'e ta'uun bifa ammaa kana qabatee hanga bara 2009tti ture. Bara 2009B.A irraa eegalee ammoo aanaan kun aanaa lamatti qoodamuun aanaa Horroofi Aanaa Horroo Bulluq ta'ee yeroo ammaa kana aanaan Horroo Bulluq aanaa kana irraa cituun ba'uun aanaa of danda'e ta'e.

### 1.8.1. Haala Hawaasa Aanichaa

Akka waajjirri aadaafi tuurizimii Aanaa Horroo keessatti galmeeffamee taa'ee jirutti jaarraa kudha-saddettaffaa dura, yeroo ummanni Oromoo sirna Gadaan walbulchaa ture Aanaa kana keessa ummanni Oromoo Maccaa jiraachaa akka turan ibsamee jira. Akka Alemayehu, Boshi, Daniel, Sembeto& Umer (1998) ibsanitti, Ummanni kunis Oromoo Maccaa keessaa ilmaan Horroo akka aanaalee kanneen keessa jiraachaa turan ibsanii jiru. Isaanis ilmaan 14 aanaalee godina kanaa keessa faca'anii jiraatan akka turan ragaaleen adda addaa ni ibsu (p.147) jedhanii ibsanii jiru.

Aanaa kana keessa, ummanni baay'inaan keessa jiraachaa turan ilmmaan maccaa keessaa ilmaan Horrooti. Akka OG ibsanitti, Aanaalee godina kana keessaa aanaan kun kan adda godhu ilmaan Horroo qofti keeessa jiraachuu isaanii akka ta'e ibsanii jiru. Yeroo booda adeemsa keessa gosti ummata adda addaa gara uummata kanaatti godaanuun yeroodhaa gara yerootti gosti ummata adda addaa dabalamaa akka turan ragaaleen tokko tokko ni ibsu. Haata'umalee, aanaa kanatti bu'uuraan kan beekaman ilmaan Jaawwii maccaati.

Ummanni kun akka waajjirri Aadaafi Tuurizimii Aanaa Horroo ibsutti, dur sirna gadaa keessatti akkaataa hangafummaa isaanii eegani walbulchaa turan. Jaarraa 18ffaatii as garuu sababa bittaa sirna nafxanyaaf sirna nafxankyaan akka bulaa turan barreeffama Alemayehu, Daniel, Sembeto&Umer, (1998:49) qopheessan keessatti barreeffame jira.

Ummanni kun jaarraa 18ffaa dura sirna gadaan bulaa haaturan malee jaarraa kanaan booda sababa bittaa nafxanyaaf sirna kana malee bulaa turan. Sana dura garuu ilmaan Horroo aanaalee kana keeessa bakka adda addaa jiraachaa akka turan Ginbaar (2010) kitaa ‘A history of oda Bulq’, jedhu wabeeffachuun (p.10) irratti ibsee jira. Haata’u malee, ilmaan Horroo eenyufaa akka ta’an yaadota adda addaatu jiru. Haata’u malee, ilmaan Horroo keessaa hangafti Guta akka ta’e (OG) ibsee jira. Akkasumas, “The Macha Horro elder is Guta.” Alemayehu, Daniel, Sembeto&Umer, (1998:49). Jechuun ibsanii jiru. Haala hawaasa aanaa kanaa gabaabinaan uummata aanaa kana keessa jiraatan ilmaan horroo ta’uu isaaniifi ilmaan maccaa ta’uu isaaniiti.

### 1.8.2. Ilaalcha Siyaasa Hawaasa Aanichaa

Qabsoon Oromoo erga oromoon akka sabaatti jiraachuu eegalee kaasee qabsoon isaa haaluma wal fakkaatuun qindaa’ina sadarkaa adda addaa keessa darbuun isaa hin oolu. Haaluma kanaan ummmanni Godina Horroo Guduruu Aanaa Horroos shoorri inni siyaasa biyya kanaa ijaaruuf godhe gadi aanaa miti. Ilaalchi hawaasaa Aanaa kanaa siyaasaaf qabu ammoo jiruufi jireenya isaanii keessatti dararaan adda addaa akka irra gahu ta’eera. Ummatichi dararaa kanaafis osoo hinjilbeeffatiin hamma yoonaa tokkummaan gaheera. Ummanni kun dhibbaa siyaasaa kallattii adda addaatiin irratti godhamaa tureef ilaalchiisaan siyaasaaf qaban daran akka cichan taasiseera.Ummatichi ilaalcha siyaasaaf qaban kana karaa geerarsaatiin yeroon adda addaatti ni ibsatu. Qorannoo kana keessatti gama hiikaa xiinkaalaan kamiin akka quuqaa isaanii ibsatan qaacheffameera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

## 2.1. Yaad-rimee Afoolaa

Yaad-rimee afoolaa keessatti haalli fudhannaa afaan ingilizii irraa itti hubatamu yeroo tokko tokko garaagartummaan ni mudata. Afaan Oromoo keessatti darbee darbee ni mul’ata. Afaan Oromoo seenaa dheeraa haaqabaatuyyuu malee dubbattoota afaan dhalootaa biratti afaan barreeffamaa kan ta’e yeroo dhiyoodha. Sanaa asittis jechoota moggaasuufi waaltessuun bal’inaa irratti haa hojjetamuyyuu malee bakka tokko tokkotti namoonni jechoota waljal fuudhuun itti fayyadamu. Fakkenyaaf, Qorattoonni afaan kanaa yeroo jecha “afoola” jedhu fayyadaman jecha afaan Ingilizii isa ‘Folklore’ jedhu bakka buusuun itti fayyadamu. Fakkenyaaf,) Asafaa, (2009); Misgaanuu, (2011), Garramuu(2013faa yaadrimee “afoola” jedhuuf isa Afaan Ingiliziin ‘Folklore’ jedhu bakka buufatanii jiru. Jecha oral literature jedhuuf immoo ‘ogafaan jedhanii dhimma itti ba’aniiru.

Bakka tokko tokkotti immoo namoonni yaada kan mormanis ni jiru fakeenyaaf, Fedhasaan ( 2013) afoolli qaama fookloorii keessa tokko ta’uun kanneen afaaniin dhaloota dhalootatti lufu yoo ta’u; fooklooriin garuu, isa dabalatee: duudhaa hawaasaa, artiifi sochii hawaasaafi meeshaalee aadaa akka dabalatu kaa’uun “afoolli” yaadrimee “fookloorii” jedhuun walgituu akka hindandeenye ibseera. Yaadonni lamaan kun falmisiisaa ta’us akka qorannoo kanaatis ta’e akka qorattuu tokkootti yaadni ‘Folklore’ jedhu kaloo bal’aa qaba. Dhimmi kun dhimma moggaasaafi waaltinaa walqabatudha. Akka qorannoo kanaatti garuu afoolli isa afaan ingiliziin ‘Oral literature’ jedhuun walgitee kan dhiyaatedha. Akka yaada kiyyaattis jechi ‘Folklore’ jedhu hanga waalta’utti yookaan hanga moggaasa sirrii argatutti bifa ergisaan jecha ‘fookiloorii’ jedhutti dhimma ba’ame tola jedhee fudhadhe.

### 2.1.1. Maalummaa Afoolaa

Uummanni Oromoo filoosoofii adda addaa ittiin yaada isaa ibsatu qaba. Ummanni kun afaan bareefamaan otoo of ibsuu hin jalqabiin dura filoosoofii dubbii mataa isaa fayadamee of ibsaa ture. Asaffaa (2003) akka ibsetti “Ilmoon namaa Barreeffamaan of ibsuu osoo hin jalqabiin dura [Afoola] yookiin [fookiloorii] yookiin fakkiifi bocaan yaada ofii ibsootaa ture”(p.20). jedha. Kana jechuun ummanni Oromoo bareeffamoonni jabanaa otoo hin dhufiin

dura oguma dubbii mataa isaatti fayadamee aadaa, amantaa, seenaa, waliin jireenyafi dhimmoota hawaasummaa kan ittiin ibsataa ture ta'uu isaa agarsiisa.

Haaluma kanaan qorattoonni afoolaafis hiika garagaraa kennuuf yaalaniiru. Afoolli gooroowwan fookiloorii ta'uu kan ibsan jiru. Yaada kana Dastaa (2011), "[Afoolli] gosoota gooroo [Fookiloorii] keessaa kan xiyeeffannoo gaarii argatee qorannoon haalaan irratti gaggeeffamaa jirudha" (p.7) jedhe. Amaanu'eeliifi Taadasaan (2009), "[Afoolli] dubbii afaaniin yeedaloon kennameefii yookiin otoo hin kennamiin kalaqaafi oguma dhimma hawaasummaa gara garaa irratti kan xiyyeeffatudha,"(p.12) jedhanii jiru. Akkasumas, "Aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa walumaagalatti, ogumaafi jireenya hawaasaa tokkoo ibsuuf human guddaa kan qabudha" (p.12) jechuunis ibsaniiru kanneen armaan olii irraa akkuma hubachuun danda'amu afoolli gooroo fookiloorii keessaa tokko ta'ee dubbii afaaniin bifa hololoo yookiin walaaloon afaanii darbaa kan dhufeefi eenyummaa saba itti fayyadamuu ibsuuf human kan qabu ta'uu isaati.

Akkasumas, namoonni biroonis hiika itti kennanii jiru. Akka Adunyaa (2005), "Afoolli damee [ogumaa] ta'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbudha. Afoola jechi jedhus 'Afaaniin oola' gaalee jedhurraa jechoota adeemsa suphaatiin uumame,"(f.88)jedhe. Misgaanuun(2011), "Finnegan(1970:12) wabeeffatee "Gooroowwan [afoolaa] dimshaashatti karaa lamaan ilaaluun kan danda'amu yoo tu'u: kan nama hawwatan ta'anii kan dubbidhan darbaniifi bifa walaloofi jechaan kan dhiyaachuu danda'anidha"(p.107).jechuun ibsee jira. Yaada kana irraa afoolli afdubbiin kan tajaajiluu ta'ee kalaqaa kabuun nama qirqiree yeedaloofi seeneffamaan kan dhiyaatu ta'uu isaati.

Afwalaloon hawaasa kanaa bifa adda addaa qaba. Isaan kana keessaa afwalaloon bifa geerarsaati. Afwalaloon ergaa haala haasaa alkallattiin ittiin dabarsatanidha. Yaada kana Dastaa (2011), beekumtaan Oromoo namoota gareedhaan jiraatan bakka tokkotti haammatuufi gareen namootaa kan waliin qoodatan ta'uu ibseera. Akkasumas, Finnegan (1992:11), beekumtaan kalaqa waliigala barsiifata aadaa haala haasaa hawaasummaa, eenyummaafi bu'aa hawaasichaa afaniin dhalootaa dhalootatti bifa akkeessuun ykn karaa dubbii dhokataan dabarsu ta'ee unka ogummaa kan ofkeessaa qabu akka ta'e ibsiteetti.

Akka gooroo fookloorii immmoo afoolli unkaawwan kanneen akka makmaaksaa, durdurii, hiibboo, afwalaloo, cigoo, jechamootaffi kkf kannee gareen hawaasaa aadaa, amantaa, siyaasa, dinagdee, guddina, qaroomina afaanii, safuu, duudhaafi kkf itttiin ibsatuudha. Berhanu (2009) akka ibsetti afoolli aadaafi duudhaa hawaasaa kan of keessatti hammatu ta'ee, himiinsa afaaniin dhalootaa dhalootaatti kan darbu. Haaluma walfakkaatuun Fedhasaan (2013:13) afoolli kalaqa sammuu afaaniin kan himamu akka ta'e ibseera. (P.33) Haaluma walfakkaatuun Addunyaan (2014:166) afoolli ogummaa labata tokkoo kan biraatti afaaniin akka darbu ibsa, Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama beekumsa natoofi baranee ittiin hubatu jechuunis nidanda'ama. Kana malees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhatee miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dammaqsu, miira kakaasee kan sissi'eessudha. Kanaafuu, akka barressan kun jedhetti aadaa, seenaa sadarkaa guddinni hawaasichaa irra jiruufi irra ture mul'isuuf, jechootaafi ibsitoota dhaga'uufi dubbachuuf tolaniin kununsee dhiyeessa, jechuun ibseera. Yaada kanarraas waanti hubatamu afoolli afaaniin dhalootarra dhalootatti kan darbu ta'ee dhimmoota garaa garaa of keessatti hammachuusaati.

Dastaa (2011,f.7), "[afoolli] ogummaa itti fayyadama afaanii kan xiyeeffannoo gaarii argatee qorannoon haalaan irratti gaggeeffamaa jirudha,". jedha. Afoolli uummata Oromoo kun bifa hololoofi walaloon dhiyaata. Xiyyeeffannoon barruu kanaa hiikaa geerarsa diddaa gama xinkaalaati. Geerarsi kun kalaqa hawaasaa miidhaginaafi qindaa'ina qabuufi ergaa cimaa dabarsuu danda'a. Kanaan dura garuu haalli itti fayyadama afoolaa kun dhalootaa dhalootatti darbaa kan ture dubbiinidha. Wanti himinsaan dhiyaatu immoo namaatii namatti haala walfakkaatuun hin dhiyaatu. Misagaanuu (2002 :29)) "[Affoolli] meeshaa guddaa yaada keessa ilma namaa jiru ittiin bakkeetti baafatan ta'ee waan yaadan waa'ee fuula duraa, roorroo, jibbaafi dhiphuu kan itti ibsatanidha,".ergaa kana immoo hiikkoo isaa gama xinkaalaan baasuun barbaachisaadha.Haaluma kanaan hawaasni yeroo sochii siyaasa biyya keenyaa barren darbanii haaluma duraan turan itti fayyadamaa turaniin diddaa qaban haala ilaalcha isaanii ibsachuuf afoolatti dhimma ba'aa turaniiru. Kana malees, sirboota weedduufi shubbisa yeedaloo adda addaa fayyadamuunis ibsataa turan. kun immoo qoratamee ta'uun barbaachisaadha. Sababni isaas kalaqni tokko haala yeroo hawaasa keessa jiruun yoo hinqoratamne dagatamuu danda'a.

Garuu afoolli Oromoo kun qabiyyeefi haala qabatama adda addaa of keessa qaba. Garramuu (2013), "Ogafaan gosootafi qabiyyee adda addaa of keessaa qaba. Isaanis hawaasa Oromoo biratti iddoo gudaa qabu," (f.17). Haata'u malee, gama tokko tokkoon hanga barbaadamu kan qorataman miti. Afoolli kun yeroo dheeraaf afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa tureefi yoomessa adda addaa keessatti bifa jijjiirrachuun kan dhiyaataa deemuufi haala qabatamaa jiru irratti hundaa'un hawaasichi ergaa ifaafi dhoksaa itti ibsataa turedha. Ta'us yeroo ammaa kana haala barbaadamuufi tajaajilaa tureen eegamaa hinjiru. Yaada kana Alamayyoo, Amaanu'eeliifi Taadasaan (2009:12), "[afoolli] dubbii afaaniin yeedaloon kennameefii yookiin otoo hinkennamiin kalaqaafi oguma dhimma hawaasummaa garagaraa irratti kan xiyyeeffatudha," jedhan. Akkasumas, Alamayyoo, Amaanu'eeliifi Taadasaan (2009:12) "Aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa walumaagalatti, ogumaafi jireenya hawaasaa tokkoo ibsuuf humna guddaa kan qabudha," jedhe. Kun kan ibsu haala hawaasa isaa kallattii aadaa, amantaa, qabeenya, hiyyummaa, acuuccaafi roorroo, mormii, fincilafi kkf karaa ibsu ta'uu isaa mul'isa.

Afoolli kun haasaa dubbiii uummata kanaa mallattoo eenyummaa saba kanaati. Yaada kana Salaamaawwiit (2012:8),"[afoolli] mankuusa eenyummaafi beekumsa saba tokkooti." Isaan kunis gooreewwan afoolaa garagaraan ibsamu. Yaada kana Finnegan (1970,f.12), Gooroowwan afoolaa keessaa kan nama hawwatan ta'anii kan dubbiidhaan darban bifa walaloofi hololoon kan dhiyaachuu danda'an ta'uu ibsiti. Kunis kalaqa dubbii gosa adda addaa ofjalaa qaba. kanas unka adda addaa bu'uura taasisuuniqoodaniiru. Misgaanuun (2011,f.108), "[Afoolli] qoqooduuf ulaagaa unkaa, ulaagaa haala raawwii, ulaagaa qabiyyee, ulaagaa ergaa, ulaagaa caasaafi ulaagaa faayidaa fayyadamuun nidanda'ama,"jechuun ibsee jira. Kun immoo itti fayyadama afaanii afoola Oromoo bal'aa ta'uu isaa mulisa.

Haaluma kanaan kalaqaalee kanneen keessaa oguma hawaasichaa keessaa weellistoonni Oromoo akka madda waraabamee hindhumneetti dhimma itti ba'aa jiru. Kanneen hawaasa keessaa qindeeffataniifi kalaqatan yeroo hunda haaraa fakkaata. Yaada kana, akka Kalaqaaleen afwalaloo saba kana hedduun barruulee afaan Oromoo adda addaa keessatti barreeffama jiru. Weellistoonni adda addaas haaluma kanaan bifa sagaleefi kiliippiin qopheessaa turuun kan ifa baasanidha. Zawudeen (2001:81) gosoota kalaqaa adda addaa: Sheekkoo, Mammaaksa, Hibboofi Sirba Oromoodha. Sirba jalatti ammoo matadureewwa

xixiqqaa sirba jaalalaa, tapha ijoollee, faaruu looniifi geerarsa kaa'eera. Haaluma kanaan qorannoon kun hiika geerarsaa gama hiika gama xiinkaalaa geerarsa diddaa xiinxaluu irratti bu'uureffate.

### 2.1.2. Akaakuu Afoolaa

Afoolli akaakuu adda addaa qaba. Haala fayyadama isaanis afoolli bal'ina isaarraan kan ka'e hunda qoratanii waliin ga'uun nama dhiba. Kaayyoon mata duree kanaas waa'ee afoolaa ibsuuf otoo hinta'iin hubannoo waligalaa gosoota afoolaa irratti kenuun akaakuu afoolaa kana keessaa geerarasa diddaa irratti xiyyeeffamuu isaa ibsuufi. Afaoola ilaalchisee barreessitoonni bifa adda addaan qooduuf yaalaniiru. Afoolli bu'uura itti qoodamu qaba. Fakkeenyaaf, haala ittiin dhiyaataniin afwalaloofi hololoo jedhamu. Akka Misgaanuun (2011:108), "[Afoolli] qoqooduuf ulaagaa unkaa, ulaagaa haala raawwii, ulaagaa qabiyyee, ulaagaa ergaa, ulaagaa caasaafi ulaagaa faayidaa fayyadamuun nidanda'ama,"jechuun ibsee jira. Zowude (2001:81) qopheesse keessatti gosoota afoolaa adda addaa ibsee jira. Isaanis: Sheekkoo, Mmammaaksa, Hibboofi Sirba Oromoodha. Sirba jalatti ammoo matadureewwa xixiqqaa sirba jaalalaa, tapha ijoollee, faaruufi geerarsatu dhiyiyaatee jira. Walumaa galatti

Akka Okpewho(1992) gosoota afoola Afrikaa bifa isaan qabanirratti hundaa'uudhaan raagoowwaan, afwalaloofi unkawwan gaggabaa jechuun bakka sadiitti qoodeera. Walumaa galatti gosoota afoolaa kana ilaalchisee haallii qoqooddii isaa adda adda haata'u iyyuu malee gosoonni afoola Oromoo kun hedduu ta'anis haala armaan gaditti dhiyaataniin qoqoodamanii jiru. Haala dhiyeenya isaaniin kanneen hololoofi bifa walaloon dhiyaatanidha. Afoolli haala dhiyeenyaan kanneen seeneffamaan dhiyaatan afseenaafaati. Kanneen bifa walaloodhiyaatan kanneen akka sirbaa, geerarsaafi faaruufaati.

### 2.1.3. Raagoowwan

Raagoowwan falaasama, duudhaafi aadaa saba fayyadamuu ittiin calaqqisiisuufi ilaaluuf kan ooludha. Kanaafuu, walitti dhufeenya Waaqaafi namaa, Uumaafi uumamaa, namaafi naannoo isaa niseenessu. Kana ilaalchisuun, barreessitoonni kanneen akka Bascom (1965), Sahilu, (1996 )fi Abraham, (2000) akka ibsanitti gosoonni raagowwanii bakka raagamtaa, afseenaafi durduriidha jedhamanii bakka sadiitti qoodamu.

Sirbi aadaa gosa afoolaa keessaa isa tokko ta'ee kan eenymmaafi ilaalchi keessaan ilaalamudha. Sirbi gosa afoolaa kun qabiyyee bal'aa qaba. sirbi haala yoommessa hawaasichaa irratti hundaa'uun kan sirbamudha. Jildii II (1999:452), keessatti ibsametti, "Sirboonnis yoomessa adda addaa keessatti sirbamu. Isaan keessaa galgala halkaniifi yeroo hintalli heerumtu manaa baatu weeddifama. Zowude (2001:81) Sirba jalatti matadureewwa xixiqqaa sirba jaalalaa, tapha ijoollee, faaruufi geerarsatu dhiyiyaatee jira. Akka addunyaanfaa (2005:22),

> *Sirbi daboofi sirbi daadoo garaagarummaa qabu. Yeroo daboo namoonni kadhatamanii waan hojjetaniif, sirbi isaas haalichuma bu'uureffata. Daadoon garuu dugda walii baasuu barbaada. Sirbi haala kana keessatti dhiyaatus amala dugda walii baasuu kana qaba. Sirba daboo ykn daadoo mana ijaarsaa kan galgala erga hojiin xumurame namoonni itti gargaaraman*.

Kanarraa wanti hubatamu sirboonni gosa adda addaa kan qaban ta'uu nu hubachiisa. Kana malees sirboonni qabiyyee adda addaa qabaachuu isaa mul'isa. Haaluma kanaan gosoota sirbaa keessaa Geerarsi tokko ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Mammaaksi hiika bal'aa qaba. Mammaksaaf hayyoonni hiikaa adda addaa kennaa turaniiru. Taylor (1931) akka jedhetti maalummaa mammaaksaa hubachuun yookiin ibsuun baay'ee ulfaataa ta'uyyuu hiikni hanga yoonaa namoota hunda walii galchu akka hinjirre ibseera.Haata'u malee mammaaksi gooreewwaan afoolaa warreen unka gaggabaaboo qaban jalatti ramadama.Akka Misgaanuu, (2011), ibsetti makmaaksi qabeenya uummataa umurii dheeraa qabuufi seenaa dhala namaa keessatti labata tokkorraa gara labata biraatti daddarbaa dhufeedha. Akka aadaa Oromootti mammaksi iddoo guddaa qaba.

Hibboon Gosa afoolaa keessaa tokko ta'ee kan maatiin galgala taphatanidha. Keessumattuu ijoolleen galagala kan taphatanidha. Misgaanuu (2011:85) hibboon galgalaa abiddaa biratti kan taphatamudha. Hibboon kun immoo gosa afoolaa bifa gaaffiifi deebiin kan taphataudha.

Walumaa galatti afoolli Oromoo kaloo bal'aa waan qabuuf hunda tarreessuun yeroofi bakka bal'aa gaafata. Akka walii galaatti afoola afwalaloofi afhololoo ta'uun bakka lamatti ilaaluun danda'ama. Misgaanuu (2011), "Oromoon ogbarruu afoola dilbii qaba. Isaan keessaa gurguddoon: afwalaloofi hololoo yoo ta'an, afwalaloo keessaa geerarsi isa tokko" jedha.

Geerarsi Yaadrimee adda addaa qaba. Geerarsi jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessatti itti fayyadama afaanii bifa qindaa'aa ta'een  yaadrimee adda addaa qabatee kan dhiyaatudha. Itti fayyadama afaanii keessatti yaadrimee geerarsaa yaada geerare jedhu irraa kan ijaaramedha. Kun immoo otoo walirraa hin kutiin afaanitti fayyadamuudha. Kun immoo kan otoo walirraa hin kutiin kan namoonni yeedaloon miidhaksanii yaada ofii itti ibsatanidha. Karaa biraan Geerarsi mala dubbii namoonni yaada isaanii ittiin ibsatanidha. Kutaa dubbii uummataa ta'ee Uummata Oromoo biratti kan bal'inaan beekamudha. Fedhasaa(2013,f.50), yaadrimeen geerarsaa Uummata Oromoo biratti baay'ee beekamaa ta'uufi kan namoonni dhageettii keessoo isaanii ittiin ibsatan ta'uu ibse. Asafaa(2009,f.92), Oromoon kan geeraru qotee facaasee sassaabbatee, adamsee ajjeesee galee, lolee diina injifatee, karaa biraan yeroo roorroon baay'atu, yoo diinni daangaa isaa cabsu, quuqqaa qabufi miira keessoo isaa ittiin ibsachuuf  bifa walaloon geerarsaan haala saba isaa itti damaksatudha jechuun ibsa. Finnegan (1970,f.206), "*It is special purpose poetry and common song to do with cattle and cattle herding. But war and hunting are topics of particular interest for many African's societies and have frequently given rise to specialized poetry," jette.*

Yaada kanarraa wanti hubatamu geerarsi bifa walaloon dhimma xiyyeeffannoo barbaadu yookaan akka irratti xiyyeeffatamu barbaadame ibsuuf kan tajaajilu gosa sirbaa hawaasa waliin jireenya, horii qabeenyaafi horii horsiisuu waliin walqabsiisuun Afrikaanonni jireenya isaanii keessatti kan ittiin jajjabeessuu/kakaasuuf ykn onnachiisuuf itti fayyadaman ta'ee waliin jireenya hawaasaa keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uu ibsa.

Geerarsi hiikkaa bal'aa qaba. Geerarsi kan namooni akkaataa itti fayyadaman dirree qorannoo adda addaa keessatti hiika itti kennaa jiru. Haaluma kanaa kanneen geerarsi damee Afoola Oromoo bifa walaloon dhiyaatu namoonni garee keessatti yookaan dhuunfaan ittiin mukuu ba'an jedhu. Kanneen biroon haasaa namoonni icciitii isaanii ittiin ibsachuuf fayyadaman kutaa afoolaa umrii dheeraa qabu ta'ee gosa sirbaa ta'uu ibsu. Haaluma kanaanWarquun (2005:10), geerarsi qaama afoolaa ta'ee dhalootaa dhalootatti kan darbu jechuun ibse. Akkasumas, gosa afoolaa ilaalcha miira namaa ifa baasuuf kan oolu, kunis sababa adda addaan ifa ba'a: yeroo duulaa, hojii gamtaa, bineensota gurguddoo ajjeesan quuqqaa ibsachuufi kkf jechuun ibse.

Bifuma walfakkaatuun, Zawudeen (2001, f.82-83), “Geerarsi gosa afoola keessaa sirba jalatti kan ramadamu ta’ee gosa afoola Oromooti,” jechuun ibsa. Kanamalees, Misgaanu (2003), geerarsi, afoola afwalaloo hawaasa Oromoo biratti bal’inaan beekamu fedhiifi ilaalcha keessoo isaa ittiin ibsatu ta’uu ibsee jira. Kanatti dabalees, Abarraan (1993:1), “Geerarsi damee afoolaa keessaa isa tokko ta’ee jiruufi jireenya, fedhiifi hawwii, gaddaafi gammachuu uummataa afaaniin dubbiin dhalootarraa dhalootatti kan dabarsuu dha,” jedhe. Kanarraa wanti hubatamu, geerarsi gosa afoolaa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kana ibsu damee afoolaa jireenya hawaasaa keessatti calaqqisiiifaman kana kan ibsu ta’uu isaati.

Gama biraan geerarsi uummanni Oromoo geerarsoota kanatti gargaaramuun haala keessoo isaa ibsatu meeshaa cimaadha. Addisuun, (1999) “Gerarsa should be viewed as the national kliterature of the Oromo people… in this sense gerarsa performer become advocate for Oromo litereture preservation. They confort the pressure of Amharization and resist imposion” jedha. Geerarsi ogbarruu uummata Oromoo giddu gala biyya Oromiyaa yoo ta’u, namoonni geeraran ammoo abukaatoofi kunuunsitoota aadaa ta’uun dhiibbaawwan gosaa ittiin diduuf meeshaa uumata Oromoo ta’uu agarsiisa.

Geerarsi barruulee adda addaa keessatti ibsamaa tureera. Akka barruuleen biiroo aadaafi tuurizimii Oromiyaan maxxanfaman ibsanitti gosa afoolaa jalatti argama. Haaluma kanaan Warquun(2005:64) geerarsi gosa Afoola Oromoo yeroo hojii walto’achuuf, walcimsuufi jiruufi jireenya uummataa bal’inaan ibsuuf kan oolu ta’uu qorannoo Dirribaa(1993) qopheesse qindeessuun ibse. Kanatti dabaluun geerarsi gosa afwalaloo ta’uu Finnegan (1977,f.11), “oral poetry is a means of expressing fleengs,” jetti. Akka barreessitoonni biroon ibsanitti immoo gosa sirbaa jalatti akka ramadamu ragaaleen ni ibsu. Yaada kana Zawudeen (2001:84), geerarsi gosa sirbaa walaloon sagalee miidhagaa bifa yeedaloo qabuun dhageessisuu yaada ofii ibsachuudha jedhe. Kanaaf, geerarsi kalaqa ilma namaa namoonni ilaalcha keessoo isaanii itti ibsatanidha.

## 2.2. Barbaachisummaa Geerarsaa

Geerarsi uummata Oromoo faayidaalee adda addaa qaba. Misgaanuu (2011,f.79), geerarsi gosa afoola Orommo keessaa tokko ta’ee faayidaa garagaraatiif kan ooludha. Kunis namni tokko haala keessa jiru irraa ka’uun waan ibsachuu barbaade tokko kan ittiin ibsatu akka ta’e

ibsa. Kana malees, geerarsi waan miira ofiitti dhagahame tokko ittiin baafachuuf gargaara. Zawudeen (2001,f.89), Uummanni Oromoo falaasama, amantaafi aadaa qabu afoola keessaa kanneen akka geerarsatti fayyadamuun dhalootaa dhalootatti dabarsaa turuu ibsa. Asafaa(2009,f. 39) geerarsi dhiibbaa naannoon, jiruufi jireenyi, aadaa, uummanni waliin bulan sansaka dhala namaa irratti gadaa tokko keessatti qabaatan qorachuufi qo'achuuf hariiroo namoomaa akkaa ykn akka malee tahuu isaa xiinxaluuf ragaa kenna jedha. Kun kan agarsiisu geerarsi faayidaalee duudhaa, aadaafi sona hawaasichaa dhalootaaf kan dabarsaa dhufe ta'uu isaati.

Karaa biraan geerarsi hojii keessatti, ilaalcha qabnu ibsachuu, faarsuuf, miira keenya baafachuuf fayyada. Akka wiirtuu jildii 10 keessatti gahee geerarsi hojii keessatti qabu Warquun (2005,f.114) irratti dhiyeesseera. Akkasumas, Zawudeen(2001, f.85)hojii waliinii keessatti hojii dadhabsiisaa ta'e keessa darbuuf rakkoo isaanii ibsachuuf afoola kanneen akka geerarsaaatti bal'inaan dhimma ba'u jechuun ibsa. Kunis geerarsi gosa afoolaa keessaa tokko ta'e, kallattii hedduu hawaasni itti fayyadamu sanaaf barbaachisaadha. Uummatni Oromoos, waan hedduudhaaf geerarsatti fayyadama. Barruu waaltina Afaan Oromoo wiirtuu Jiildii-II (1993:43) irratti faayidaaleen geerarsaa kun:akka meeshaa qabsootti tajaajiluu; Seenaa, duudhaa, safuufi aadaa dhalootarraa dhalootatti dabarsuufi hojii badaa hawaasa keessa jiru qeequuf akka gargaaru ibsameera.

Fakkeenyaaf, uummanni gurraachi Ameerikaafi Afiriikaa keessaa dhiibbaa warri adii irraan gahaa turan geerarsatti fayyadamuun mormaa turan. (http.//www.folkresistance.org/2007). Oromoonis biyya Itiyoophiyaa keessatti uummataafi lafa bal'aa qabaatus jaarraa 19[ffaa] irraa kaasee gita bittaa habashaa jalatti kufee hanga har'aatti geerarsa adda addaan mormii isaa mul'isaa turee jira. Geerarsi diddaa baroota darbaniis yaaduma kanaan walitti dhufeenya kan qabudha. Kanaaf, weellistoonni kunis dhiibbaa saba sirna wayyaanee jibba qaban garuu kallattii dubbachuuf carraa hinarganneefi wanta keessoo isaanii keessa jiru geerarsaan ibsataa turan. Walumaagalatti, geerarsi Oromoo faayidaa adda addaa aadaa hojii, ilaalacha ofii ibsachuu keessatti hawaasummaa keessatti faayidaa olaanaa kan qabu ta'uu isaa ibsa.

### 2.2.1. Faayidaafi Fayyadama Geerarsa

Afoolli jireenya uummata Oromoo keessatti faayidaa bal’aa akkuma qabu gosa gosatti haala adda addaa keessatti haalli fayyadama isaa adda adda.gama faayidaan afoolli mankuusa uummata Oromooti; aadaa, duudhaa, eenyummaafi seenaa saba tokkoo gamisaan ykn guutummaan dhiyeessuu danda’a. Eshete (2008:5), “*Oral literature is a medium for transmitting historical knowledge and as an inseparable part of history in the making it has a timeless quality in that it reflects truths of all time of a particular historic moment in socities daily lives,”*. Fekede(1998), afoolli akka hambaa, falasamaafi xiinsammuutti,akka damee barnootaatti, akka madda ogbarruutti kan fayyadu ta’uu ibseera. Karaa biraan afoolli daa’imman barsiisuu cinatti qaamolee hawaasaa sadarkaa adda addaa irra jiran bashannansiisuuf illee ni oola. Hawaasni yeroo ayyaanaa yeroo kadhaa Waaqaa afoola kanatti dhimma bahu. Finnegan, (1970,f.16) gama isheetiin afoolli tokko tokko jalaa bahuuf mala taasifamu keessatti tajaajilli inni qabu olaanaa akka ta'e kaasti. Akkasumas, beekumsa cimsuuf, aadaafi afaan guddisuuf, seenaa galmeessuufi jaalala hawaasummaa agarsiisuuf nifayyada. Afoolli Oromoo gosoota adda addaa of keessaa qaba. Isaan keessaa tokko geerarsadha. Geerarsi damee Afoola Oromoo umrii dheeraa qabu. Akka Warquu (2005,f.10), ibsetti geerarsi qaama afoolaa ta’ee dhalootaa dhalootatti kan darbu gosa afoolaa aadaa uummatichaa ifa baasuuf kan oolu, kunis sababa adda addaan ifa ba’a: yeroo duulaa, hojii gmtaa, bineensota gurguddoo ajjeesan quuqqaa ibsachuufi kkf akka fayyadu ibseera. Kana malees,Misgaanuu Gulummaa (2011:24), fayidaa afoola Oromoo yeroo ibsu,

> *Wanti afaaniin lufaa dhufan seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha hawaasaa, duudhaa, siyaasa, beekumsa, muuxannoo fi akka walii galaatti jireenya dhala namaa baataniitu as ga’an. Wanti hawaasa keessatti fudhatama qabu akka itti fufu, kan hin taanemmoo akka hafu hawaasni ogafaanitti gargaarama. Hawaasni miira keessa isaatti itti dhaga’amu dhiibbaa irra ga’ee fi dhibee uumamaan isa qaqqabellee ogafaan isaatiin ibsata* jedha.

Haaluma faayidaa isaa kanaan afoolli bakka hundattiifi yeroo hundatti haala tokkoon hinfayyadamani. Haalli fayyada isaa adda adda ta’uu barreessitoonni ibsaniiru. Alamayyoo, Amaanu’eeliifi Taadasaan (2009:12), “[afoolli] dubbii afaaniin yeedaloon kennameefii yookiin otoo hinkennamiin kalaqaafi oguma dhimma hawaasummaa garagaraa irratti kan xiyyeeffatudha,” jedhan. Kana jechuun afoolli haalli fayyadama isaa bifa walaloo yookiin bifa hololoon ta’uu isaati. Misgaanuun ( 2011:44 ) afoolli unkaalee geerarsaa, hiibboo,

mammaaksaa, weedduuwwan addaddaa. Kana jechuun afoolli haala adda addaa keessatti bifa adda addaan fayyaduu isaaniiti. Kanamalees, Misgaanuu (2011:107), “Finnegan (1970:12) wabeeffatee ibsetti, gama isheetiin waa’ee gooroowwan afoolaa dimshaashatti karaa lamaan ilaaluun kan danda’amu yoo tu’u: kan nama hawwatan ta’anii kan dubbidhan darbaniifi bifa walaloofi hololoo jechaan kan dhiyaachuu danda’anidha” jechuun ibsee jira. Walumaa galatti, Warquun(2005:4) haalli itti fayyadama afoola Oromoo bal’aa ta’uufi waraabamee kan hindhumneefi akka salphaatti qoratamee kan hindhumne ta’uu ibsee jira. Kana irraa afoolli Oromoo fayidaafi haala fayyadama adda addaa qabachuu hubachiisa. Darbees qoratamuun murteessaa akka ta’e ibsa.

### 2.2.2. Hiikafi Ergaa Itti Fayyadama Geerarsa

As jalatti haala qabiyyeewwan geerarsaafi hiikaa haala qabatama siyaasa yeroo sanaa keessatti itti hiikamuun kan walqabatudha. Geerarsi, haala itti fayayyadama afdubbii uummanni Oromoo yeroo dhieeraaf itti fayyadamaa turedha. Haalli afdubbii kun immoo haala yoomessaafi qabiyyee geerarsa miira geeraraa keessa jiruufi yoomessa qabatamaa keessa ta’ee geeraruun walqabata. Kanaafuuf walaloon geerarsa tokkoo hiika/ergaa bal’aa qabaachuu danda’a. walaloon geerarsa tokkoos ergaa kallattiifi dhokataa geeraraan ifatti dubbachuu barbaadu dabalatee haala gahumsaafi dandeettii yaaduu namootaa irratti hunda’ee kan ilaalamudha.

Kunis kalaqa hawaasichaa keessaa afoola jala jira kun immoo hiikkaa dhokataafi kallattii kan baatu ta’ee haala qabatama siyaasa dinagdee walitti hidhuun hiika isaa kan murtaa’u ta’ee uummata Oromoo biratti bal’inaan kan beekamudha.Yaada kana cimsuun Gammachuu (2003:11) yommuu ibsu, “Gerarsa is one type of war song. It is a means of expressing feelings” jedha. Ergaan geerarsaa haala miirdhageettiin kan hiikamu ta’uu isaati. Akka ibsa kanaatti, hiikni geerarsaa haala qabatamaa jiruun kan ilaalamu ta’uu isaati. Kunis, karaa namni tokko waan miira isaatti dhagahame ittiin ibsatudha. Gama biroon barruun Waaltina Afaan Oromoo (1991), Wiirtuu Jiildii-6, geerarsi afoola Oromoo keessaa tokko yemmuu ta’u, bakki itti geeraramus baay’ee akkuma ta’e hiikkoo ba’aa qabaachuudha.

Haalli hiikkaa geerarsaa kun itti ilaalamu haala qabiyyeefi ergaa bu’uureffata. Geerarsi saamichaafi dhiibbaa koloneeffattootni Oromoo irraan gahaniifi hawwii Oromoon

biliisummaaf qabu kan ibsu akka ta'e Addisuu (1999:7) yeroo ibsu, "Yet gerarsa expresses the dynamic of the cultural, economical and political changes affecting the Oromo society" jedha. Kunis, jiruufi jireenya uummatni Oromoo walabummaa irraa gara cunqursaatti; cunqursaa irraa gara qabsoo biliisummaatti godhu kan calaqqisiisuu dha Addisuu ( 1999:98).

Hiikni immoo jechoota haasaa achikeessatti dhiyaate ergaa ykn dhaamsa achi keessaa jechoota galumsa adda addaa bu'uura godhachuun hiikuudha. Haaluma kanaan geerarsa gama xiinkaalaan yoo ilaalamu yaadaa/ergaa geerarsa sanaa kan weellisaan sun ifa otoo hinbaasiin/alkallattiin ibsate sana xiinxaluun kan dhiyeessudha. Kun immoo haala inni itti yaada isaa qindeeffate ergaa isaa dabarfate irratti hundaa'uun hiikama. Yaada kana WISNU (2013:1) Pragmatic is the study of contextual meaning, it requares the consideration of how thw speakers organize what they want to say inaccordance with who they are talking to, where, when, and under what circumstance.

### 2.2.3. Yoomessa Geerarsaa

Geerarsi yoomessa bal'aa qaba. Yoomessi yeroofi iddoo gocha tokkoo kan mul'isudha. Uummanni Oromoo akka addaa uummatichaatti gochaa hawaasa keessatti raawwataman hundaaf yeroofi iddoo mataa isaa qaba. Melakneh(2006,f.76), yoomessi bakka, yeroofi haala ta'insi tokko itti raawwatu kan agarsiisu ta'uu ibsa. Raawwiin kamuu yoomessa qaba. Yoomessi kunis haala taatee hawaasaa irratti hundaa'ee adda adda yookiin kan walfakkaatu ta'uu danda'a. Geerarsi Oromoos yoomessa mataa isaa aqaba. Zawudeen(2001,f.83), "Geerarsi lafa jigiitti,iddoo cidhaatti ykn waamichaatti nigeerarama. Akkasumas, yeroo loon eegan, bakka hojiitti jajjabeessuufi mukuu ba'uuf,yeroo dabarsuufi waariisisuuf," kan geeraramu ta'uu ibsa. Dirribaa(2005,f.107),akka ibsetti, "Sirboonni yeroo hojii kan sirbaman bakka tekinooloojiin hinbabal'annetti gareen ykn dhuunfaan kan sirbamanidha." jedha. Haaluma kanaan geerarsi Oromoo gosa sirbaa yoomessa bal'aa qabaachuu 'isaa mul'isa.

Geerarsi gosa aadda addaa qaba. Geerarsi haala adda addaan gosa adda addaatti qoodama. Fakkeenyaaf haala qabiyyeen qooduun nidanda'ama. Kunis qabiyyee adda addaa irratti geerarama. Haala ibsuufi dhimmoota irratti geeraramu irratti hundaa'ee geerarsi gosoota addaa addaatti qoodamuu danda'a. Gosoota addaa addaa qabaachuu geerarsaa ilaalchisee, Cherinnet Waaqowayyaa (2010:5-7) akka ibsetti, "Jifaara geerarsaa sagaltu jiru. Isaanis:-

Geerarsa faaruu, gootaa, qonnaa, daldalaa, ciigoo, abbaltii, gaabbii, ajjeesaafi geerarsa roorroo ti" jedheera. Akka ibsa armaan oliitti geerarsi Oromoo akkuma baay'ina gosa isaatti yaada bal'aa toora gosa isaa kan ibsuu danda'u ta'uu isaa ti.

Gosoota geerarsaa keessaa tokko geerarsa gootaati. Uummanni Oromoo ajjeesee ,qotee oomishee, lolee irra aanee gootummaa isaa geerarsaan ibsata. Finnegan (1970:111) "Gerarsa occur among the Oromo "who lay stress on the significance of personal achievement in war or hunting". jechuun ibsite. Geerarsan geeraraan milkaa'na dhuunfaa ofii waraanaf adamoo irrati ibsatu ittiin ibsata. Misgaanuu (2011,f.81) Geerarsa gootaa yoo ibsu, "Akka aadaa Oromoo Maccaatti, namoonni bineensota gurguddoo: gafarsa, leenca, yeeyyii, qeerransa, arba ajjeesan kabaja qaban ibsuuf geeraru." Finnegan (1970,f.26), geerarsi gosoota afwalaloon damee adda addaatti qooddeetti. Isaanis: geerarsa yeroo waraanaa yookaan yeroo lolaa, geerarsa yeroo adamoofi geerarsa yeroo hojii yookiin yeroo misoomaa jechuun ibsiteetti.

Karaa biraa akka Warquun (2005,f.115) qorannoo adda addaa walitti qindeesse kaa'ee ibsetti, geerarsi qabiyyee geeraramu irratti hundaa'ee gosa adda addaa qabaachuu ibseera. Qabiyyee qorannoo kanaa jalatti garuu geerarsa diddaa keessaatti daangaa xiinkaalaan hiikkaa haagochaan baasuu irratti xiyyeeffatee gaggeeffame.

Gosa geerarsaa keessa kan biraan geerarsa faarsuuti. Ummanni Oromoo abbaa, haadha, fira, obbolaafi kkf ittiin jajachuuf geerarsatti fayyadamu. Itti dabalees qabeenya horii sangaa, farda, harreefi qabeenya qabu ittiin milkaa'e yookaan yeroo rakkinaa ittiin keessa darbe ni faarfata. Kanaafuu, uummanni Oromoo geerarsa faarsuu bal'inaan itti fayyadama. Misgaanuun Gammachuu, (2003:10) waabeffachuun yoo ibsu," Heroic song is another types of Oromo songs"jedhu, Akka Abarraafi kanneen biroo (1999)Geerarsi faarsuu "Sirna gaariisaa kaasanii sirbuu, daboon loon faarsuu, gocha gaariidhaan maqaa namaa kaasuu, sagalee galataa.

Gosa geerarsaa inni biraan geerarsa diddaa haala siyaasaa agarsiisudha. Haala walitti dhufeenya hawaasaa keessatti namoonni yaadaan, jechaan yookiin gochaan waldiduu danda'u. Haala hawaasummaa keessatti kallattii adda addaan dhiibbaan irra ga'uu danda'a. Yaada kanas fudhachuu dhiisuu isaanii dubbii haala ifatti hin ba'iin bifa afwalaloon

dabarsatu. Haaluma kanaan geerarsi Oromoo hawaasicha ibsuuf fayyadu. Geerarsi diddaa miidhaa waliigalatti karaa siyaasaa, dinagdee, naannummaafi hawaasummaadhaan uummatarra ykn nama dhuunfaarra ga’u ittiin ibsuuf kan tajaajiluu dha. Oromoon “Jireenya jiru roorroon hin dhibu” jedhee makmaaka Wasanee(2000:23). Faayidaan geerarsa diddaa immoo rakkoofi dhiibbaa jiruufi jireenya keessatti namarra ykn hawaasarra ga’u ifa gochuun gara tarkaanfii furmaata ta’utti ykn booree baafachuutti deema.

Karaa biraan bareessitoonni tokko tokkos barbaachisummaa isaa haala adda addaan ibsanii jiru. Barruuleen qormaata waaltina Afaan Oromoo, Wiirtuu jiildii-6 (1993:46) keessatti walaloo geerarsaafi fakkeenyota geerarsa diddaa agarsiisuun faayidaa isaa ibseera. Akka barruu kanaatti geerarsi diddaa inni guddaan roorrisa ofirraa gatuufi miidhaa isaa saaxiluun dhalootarraa hambisuuf gargaara. Akkasumas, Addisu,(1990), “Performance goals of the geerarsa singer exhibit the Oromo as a nation aspiring for freedom while resisting external pressure and socio-political and cultural domination. kana irraa yoo kaanu Kayyoon geerarasa diddaa uumataa Oromoo kakkaasuudhaf. Keessumatuu uummanni mirga isaani qaama alatiin gama hawaasummaa, siyaasaafi aadaan boji’amu mormuudhaafi. Yaada kana Assefa(2003)n (Cerullip58;Mohammed 1994:12), wabefachuun akka ibsetti , “Geerarsa is a poetic expression through which Oromo warriors are 'celebrated' by recalling their ancestors and praising their kin on both their father and mother's.” Geerarsoota Oromoon haaluma kanaan wal-fakkaatuun fedhiifi mormii isaa ittiin ibsata. Assefa(2003) A protest song, however, geerarsa is sung at a public gathering, in prison and in other similar situations. Itti dabalee waa’ee kanaarratti Addisuun, (1999) “Gerarsa should be viewed as the national literature of the Oromo people. In this sense gerarsa performer become advocate for Oromo litereture preservation. Geerarsi ogbarruu uummata Oromoo giddu gala biyya Oromiyaa yoo ta’u, geerartoonni ammoo abukaattoofi kunuunsitoota aadaa ta’uun dhiibbaawwan ilmaan Oromoo irra jiru agarsiisa. Haaluma kanaan xiyyeeffannoon qorannoo kanaas ergaa dhokataa/ yaada xiinkaala geerarsa kanaa adda baasuuf kan xiinxalamudha.

## 2.3. Yaad-rimee Hiikaa

Hiikni yaada bal'aa of keessaa qaba. Sababni isaas rogoota hiikaa adda addaatu jiru. Yaad-rimeen hiikaa askeessatti xiiyyeeffate hiika (haalaa) alkallattii hima ykngaaleefi caasaalee xiinxaluun hubachuudha. Hiika jecha tokko adeemsa xiinsammuufi bakka bu'ummaa inni qabuun kan hiikudha. Hiika alaa irratti kan bu'uureffatu ta'ee aadaa hawaasaa ilaalcha keessa galchuun kan hiikudha. Yule (1996:127) "Pragmatics is the study of meaning/how we recognize what is meant even it is not actually said /writen." Loukusa(2007),yaadrimeen hiikaa balaa'aa ta'uufi haala dirree qorannoo adda addaa keessatti bifa adda addaan kan hiikamuufi yoomessa haasaa /galumsa keessatti ergaa hubachuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu ibseera. Akka qorannoo kanaatti itti fayyadama afaanii hiika isaa irratti haala itti fayyadama dubbii hawaasaati. Kana malees, xinqooqa bu'uureffachuun waa'ee galumsa dubbiif iddoo kan kennudha. Yaadrimee galumsa afaanii bu'uura kan godhatedha. Kanaafuu Loukusa(2007), "pragimatics vary according to the theoretical background focus of the study," jedha. Hiikaan haalaa kun hiika afoolaa,sirbaa,weedduu keessaa ergaa barbaadamu hubachuudha.

Namoonnii dirree qorannoo isaanii keessatti yeroo adda addaa haala dirree barnoota isaaniin qorataa turaniiru. rogoota hiikaa keessaa immoo hiika haalaa isa tokkodha. Yaada kana Al-Hindawi(2017:1), "Pragmatics is field of study that are sometimes regarded as interdisciplinary because both share interest in those aspects of language that are context-dependent," jedha. Yaadni kun wanta odeeffannoo fudhachuuf dhaggeeffataan yookaan dubbisaan taasisudha. Kun immoo kan ta'u jechoota hiikaa tokkoofi isaa ol qabachuu ykn galumsa haasaa irratti bu'uureffatudha. Kanaaf, waan tokko dhageenyee ykn dubbisnee ergaa fudhaachuuf yaadrimee jechichaa beekuun murteessaadha. Wanti dhimma hiikaatiin wal qabatee jiru kana karaa adda addaatiin haayyonni dirree qorannoo isaanitiin wal qabsiisanii qorataa turaniiru. isaanis hayyoonni gama xinsammuuu, falaasamaafi xinqooqaatiin ibsamaa turaniiru.

Akka hayyoota xiinsammuutti, namni akkamittiin akka baratu, akka fudhatu, yaadatuufi akkamitti akka odeeffannoo kennu, qoqqoodu, murtiifi furmaata kennuufi akkamitti akka hiika jechootaa barbaaduufi ittiin hojjetu ilaala. Kanas, Charles (1998:2) yoo ibsu, " Psychologists are interested in how individual humans learn, how they retain, recall, or lose information;

how they classify, make judgements and solve problemsin other words, how the human mind seeks meanings and works with them," jedha.

Akka warra yaadiddama barachuu hawaasummaa deegaranitti dhalli namaa afaanis ta'ee hiikaa afaanii baruuf tartiiba armaan gadii kana keessa darbuu qaban jedha. xiyyeeffannaa itti kennuu, yaadachuu, kallattii aadda aaddaan ilaaluun hiika hedduu burqissianii qabaachuu-fi horachuuf ka'umsa qabaachuu akka ta'e amanu. Haayyonni falaasamaas gama isaanitiin, haala fudhannaa hiikaa , waan beekan tokkos haala itti dhugaa jiruun waliin qabsiisnuun haala duursoo, mirkansoofi faalloo isaa akkamitti hima garagaraa keessatti ilaalamu irratti xiyyeeffatu.

Akka saayinsii afaaniitti rogoolee hiikaa adda addaatu jiru. Xiinkaalli itti fayyadama afaanii keessatti galumsi/ yoomessi haasaa keenyaa wantoota hiika haasaa hima keenyaa murteessan keessaa isa tokkodha. Akka galumsa qorannoo kanaatti garuu roga hiikaa haalaa haasaa keessatti dhiyaatee ergaa dacha duuba haasaa sana keessa jiru hiika xiinkaalaati. Yaadrimee hiikaa gama xiinkaalaan akka ergaa haala dubbii irraa hubatamu aadaa hawaasichaa hubachuun kan deebii argatudha. Yaadrimeen kun kalaqa hawaasni afaan isaan dubbiin ibsatu keessatti muuxannoofi haala qabatama haasaa sanaa keessaa hubachuun kan hiikni isaa tilmaamadhudha. Yaada kana Horn and Gregory Ward (2006:1), "pragmatics is the study of those context-dependent aspects of meaning which are systematically abstracted away from in the construction of content or logical form." jedhe .

Xiyyeeffannoon xiinkaalaa inni guddaan haasaadha. Namni tokko jechootaafi caasaa afaanii qindeessee haasa'uun ergaa isaa ittiin dabarfata. Haasaa nama tokkoo yaada isa ibsuu qofa osoo hintaane,waan inni haasaa isaa sanaan hojjetus of keessaa qaba. Karaa biraan immoo haala qabatamaa jiru irratti hundaa'uun kan galumsa uumamaa keessatti fayyadama afaanii hiika addaati. Loukusa(2007) Pragmatics is the study of language use on implaid meaning of communication. It is concerned with the choices made by speakers and the options and constraints which apply in social interaction. It examines the effects of language use on par-ticipants in acts of communication. Kun hiikaa afaanii kan haasaa, galumsa, aadaa, haala dubbataa irraati hundaa'uun hubatamu hiika dhaggeeffataati. Halliday and Hasan (1986: 6) defines context of situation as environment of the text including the verbal and the situational environment in which the text is uttered. Jechuun yaada kana cimseera. Kanaafuu, hiikni

haala akkasii bifa fayyadama afaaniin ergaa kallattiin hindubbanne kalaqa adda addaatti fayyadamuun keessoo ofii ittiin ibsatan keessaa geerarsatti fayyadamuun ergaa jiru dabarsachuudha.

### 2.3.1. Maleenya Qo'annaa Hiikaa

Qorannaan hiikaa dhiyaannaalee adda addaa qaba. Xiinxala hiika afaanii keessatti caasaa afaanii, tajaajilaafi caasaa irraatti bu'uureffata. Isaan kun immoo haala dirree qorannoo qorattootaan ilaalamaa tureera. Akka warra xinqooqa hiikaatti maleenya hiikaa lamtu jiru. Isaanis maleenya tajaajilaafi foormaalizimiiti. Kuen(2005) "Within linguistics there are two approaches:formalism and functionalitism". Jedha. yaada kanas, Leech (1983: 6) "States that pragmatics is the study of meanings in relation to speech situation," Jechuun maleenyota kana ibseera. Akka qorannoo kanaatti dhiyaannaa tajaajilaa bu'uura godhachuun gaggeeffame. Walumaa galatti maleenyi hiikaa : maleenya hiika jechaa, maleenya walitti dhufenyaafi maleenya hiika himaa akka ta'e Adunyaan hubachiiseera. Askeessaa qorannoon kun hiika maleenya hiika himaa keessaa hiika xiinkaalaa irratti bu'uureffatee gaggeeffame.

### 2.3.2. Garaagarummaa xinikaafi xinikaalaa

Xinikniifi xiinkaalli saayinsii waa'ee hiikaa qoratan haa ta'an iyyuu malee akkaataafi daangaa isaan ittiin hiika qoratan garaagara. Garaagarummaa isaanii kana ilaalchisee yaanni toora inteneetii irraa argame tokko akkuma ibsutti,

The main difference between semantics and pragmatics is that semantics, semantics studies the meaning of words and ther meaning with in a sentence where as the pragmatics study the same words anda meaning but whith emphasis on their context as well.(https://pediaa.com.)

Yaada armaan olii kana irraa wanti hubannu jechoonni lamaa yeroo jecha qoratan irrati garaa garummaa qabaachuu isaaniti. Kunis Xiniikni yeroo hiika jechaa qoratu, hanga hima jechi sun keessatti argamuutti kan qoratu yoota'u xiniikalli garuu hima sana bira darbee ibsa gadi fagoo kallatti garagaraatiin ibsuu akka danda'uu nu hubachiisa.

Akkuma afaanota biroo sadarkaalee xinqooqni afaan oromoo itti balballoomsamu keessaa tokko hiika. Saayinsiin waa'ee hiikaa qo'atus xiniika jedhama. Hiikni ammoo moggaasa wanta tokkoof kennamuudha.

(Addunyaa B. 2018:105-106) Xiinkaalli saayinsii waa’ee hiikaa qoratu ta’ee hiika yeroo qoratu hiika haalaa qorata malee akka xinikaa hiika xinqooqaa hin qoratu. Kana jechuun xiinkaalli hiika yeroo hiika qoratu hiika wantotaa gama aadaa, hawaasaafi afaanii giddu galeeffata. Galumsa keessatti ammo faayidaafi fayyadama qo’ata. Xiinkaalli keessatti garuu jechaaf yemmuu hiika laatamu jechi sun himicha keessaa ala bahuun haala akkamiin dhiyaate kan jedhutu ilaalama. Haala dubbiin (himni) sun barreeffame ykn itti dubbatame (dhiyaate) irratti hundaa’ee hiika laata.

## BOQONNAA SADI: BEEDUUBA, SAXAXAAFI MALA QORANNCHAA

### 3.1. Beeduubafi SaxaxaaQorannichaa

Qorattoonni adda adda beedduubee qorannoo adda addaatti fayyadamu. Haaluma kanaan qorannoon kunis mataduree isaa waliin walsimsiisuuf beeduubni isaa beeduuba qorannoo ibsaati. Haalli kun hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti dhimma dabarfachuu bar-bade ergaa kallattii caalaa yaadaafi fedhii isaa ibsachuuf acuuccaa irra jiru mormuuf haala inni itti afaan isaa qindeessee fayyadamuun yaadaafi yaaddoo isaa itti ibsatu alkallattiin fay-yadama. Kana waan ta'eef haala keessoofi yaadaa isa dhiphisu itti ibsatu dha.

Hawaasni Aanaa Horroos oguma afoolaa isaatti fayyadamuun kalaqa waa'ee hawaasicha ib-suuf fayyadu keessaa geerarsa diddaa miidhaa karaa siyaasaa, dinagdee, naannummaafi ha-waasummaadhaan uummatarra ykn nama dhuunfaarra ga'u ittiin ibsachuuf kan tajaajilamudha. Oromoon “Jireenya jiru roorroon hin dhibu” jedhee makmaaka,Wasanee (2000:23). Fayidaan isaas rakkoofi dhiibbaa jiruufi jireenya keessatti namarra ykn hawaasar-ra ga'u ifa gochuun gara tarkaanfii furmaata ta'utti ykn booree baafachuutti deemuu isaa mul'isa.

Kanuma bu'uura godhachuun uummanni kun yeroo adda addaa qabiyyee adda addaa jalatti dhimma itti ba'a. Qorannoon kunis dhimma xiinxala geerarsa diddaa jireenya hawaasa Oro-moo keessattiifi hawaasa sirna kana raawwatan adda baasuun kan qoratu otoo hintaane geerarsa kana akka meeshaa hawaasichaatti ilaaluuni. Kanaafuu, geerarsa diddaa jireenya hawaasichaa keessatti haala itti inni hawaasichaa ibsu, bu'aa inni haala yeroo ammaa kanaaf qabu ilaale.

Akkuma dura ibsame, akka malenyaa beeduuba qorannoo ibsaatti qorattuun adeemsa mala qorannoo bu'uura jechaa irratti hundaa'uun ragaan funaanamee qaacceffame. Ragaaleen qorannoo bu'uura akkamtaa karaa adda addaan funaanamee dhiyaate. Addunyaa (2011:64), irratti “Odeeffannoon gaaffii aakkam?, akkamitti? jedhan deebisuu af-gaaffii hincaaseffamne, mariigaree, daawwannaa, dookimentii garagaraa xiinxaluufi kkf,” jedha. Akkasumas, Cress-well (2008), odeeffannoon akkamtaa bakka afur qoodee daawwannaa, afgaaffii, kuusaa

ragaaleefi meeshaalee suur-sagalee ta'uu ibseera. Haaluma kanaan qorannoon kunis kana bu'uura godhatee gaggeeffame.

Bu'uuruma kanaan qorannoon kun kan gaggeeffame xiinxala ergaa dhoksa geerarsa diddaa siyaasaa gama hiikaa xiinkaalaan:Haala baroota darbani keessa geeraraman irratti. Kun oguma Oromoon afaan dubbiitti bifa afwalalootti fayyadamuun kalaqa mataa isaan ilaalcha isaa ibsatu bu'uura waan godhateef gosa qorannoo akkamtaa bu'uura godhachuun gaggeeffame. Qorattuunis yoomessa dhugaafi taatee qabatamaa hawaasichi itti fayyadamaa ture haala qabatama hawaasaa irratti qoratte kana hubannaa keessa galchuun haala ilaalchaafi qabatama iddattootaa irraati xiyyeeffannoo kennitee hojjette. Akkaataa kanaan qorattuun taateewwan diddaa yeroo sanaa namoota keesssatti hirmaatan yookaan kan waraabamee taa'e sana keessaan kan ta'edha. Bu'uuruma kanaan malli iddattoo qorattuun fayyadamte tooftaa iddatteessuu miti carraa keessaa iddattoo akkayyoofi ragaa waraabamee oltaa'e kanuma argame fayyadamuuni.

Kun kan ta'e haala qabatamaa jiru irraa akka hubachuun danda'ametti bara sana geerarsoonni waraabamanii oltaa'an bal'inaan hinmula'tan. Yeroo sana akka aanaa kanaatti bal'inaan geerarsoota qabsoo irratti kan xiyyeeffatanidha. Darbees kanneen bakka adda addaatti yeroo adda addaa jiran fayyadamuun dhimma ba'aman fudhachuun itti fayyadamaa turan. Ta'us ragaan geerarsoota diddaa baroota kanneen keessa akka Aanaa kanaatti geraran xiyyeeffannoon mala iddatteessuu akkayyoon filaman. Itti dabalees kanneen yeroo sanana sagantaa sosochii yeroo sanaa irraa waraabamanii oltaa'an xiyyeeffannoon filachuun gaggeeffame. Akkasumas, namoota geerarsa diddaa kana irratti hubannoo yookiin yeroo sana bilbilaan quunnamuun/ iyyaafachuun mala iddattoo miti carraatti fayyadamte. Bifuma walfakkaatuu meeshaaleen funaanasa ragaa qorannoo kanaa meeshalee funaansa ragaa akkamtaa ittiin funaannachuuf gargaaran afgaaffii, daawwannaanfi kan waraabamee oltaa'e funaanuun xiinxalamee dhiyaate. Walumaa galatti ragaaleen akkaataa walfakkeenya isaaniin walitti fiduun qaacceffamaanii dhiyaatan. Haaluma kanaan qorannoon kun kan akkamtaa ibsaa bu'uureffatee dhiyaate.

Adeemsa qorannoo keessatti qorannoo tokko qindeessuuf haali itti qindaa'e (caaseffame) murteessaadha. Yaada kana Addunyaa (2011:63), "Saxaxni qorannoo waliigala qoranno to'ata," jedhe. Haaluma kanaa qorannoon kunis bu'uura kaayyoo isaa irratti hundaa'uun

ibsaa akkamtaadha. Sababni isaas ragaaleen funaanaman bu’uura jechaaniifi haasaa/dubbiin hiikuunnidha.

### 3.2. Malleen Qorannichaa

Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa geerarsa diddaa siyaasaa baroota darbanii geerarame gama hiikaa xiinkaalatiin xiinxaluudha. Ragaaleen qorannoo kanaa immoo bu’uura lakkoofsaa caalaa bu’uura jechaan kan funaanamedha. Kanaafuu, qorannoo kanaaf ragaan mala akkamtaa bu’uura taasifachuun gaggeeffame.

Kaayyoo kana galmaan ga’uufis malli qoranno kana gaggeessuu keessatti dhimma itti ba’ame mala qorannoo akkamtaati. Sababni isaa odeeffannoon guurame lakkoofsaan osoo hintaane jechaan ykn ibsuun ergaa adda baasuun gaggeeffame. Kanarratti, Addunyaa (2011:60) akka ibsetti, “Malli qorannoo [Akkamtaa] odeeffannoo asilii kan rakkoo qoratamu sana gadifageenyaan dhiyeessuun argannoof haala mijeessuurratti humna qaban xiyyeeffata.” jedha. Malli qorannoo kun haala dubbiifii jireenya hawaasaa gadi fageenyaan ibsuu dhiyeessuuf gargaara. Kanas Addunyaan(2011: 60) , “Malli (akkamtaa,) haalli jiruufi jireenya hawaasichaa ykn amala hawaasa sanaa akkaataafi bifa inni qabuufi qabata isaa akasumas maal jechuu akka ta’e kan itti xiinxalamu,” jedhe. Dastaan (2018) Yelew (2006) bu’uura taasifachuun, malli qorannoo kun yaada qulqullinaa of keessatti kan hammatu ta’uu ibsee jira. Itti dabaluun, malli akkamtaa kun gaaffii maaliif? jedhan deebisuufi waan carraquuf; dhimmoonni qorannicha keessatti dhiyaatan hundi jechaan hiika akka argatan ibsee ture. Walumaagalatti qorannoon kun mala akkamtaa bu’uura taasifachuun mataduree xiinxala geerarsa diddaa siyaasaa baroota darbanii gaggeeffaman irratti gama xiinkaalaan hiikuun dhiyeessee jira. Qorannoo kana keessatti ragaaleen afgaaffiifi marii garee funaanaman fayyadama geerarsa diddaa siyaasaa baroota darbanii keessatti ture ibsaniiru.

#### 3.2.1. Odeef kennitoota Qorannichaa

Adeemsa qoraannoo keessatti odeef kennitooni qorannoo barbaachisaadha. Kun immoo qabatamummaa madda ragaaf barbaachisaadha. Qorannoon kunis kan gaggeeffame Naannoo Oromiyaa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Horrootti ergaa dhoksaa geerarsa did-daa siyaasaa gama hiikaa xiinkaalaa irratti bu’ureffatee kan bareen darbaan keessatti ture

xiinxaluun dhiyeessite. Kanafuu, odeef kennitoota qorannichaa ragaalee geerarsa diddaa waajjira Aadaafi Tuurizimii keessatti walitti qabamanii jiraniifi geerarsoota suursagaleen yeroo sana geeraraman keessa irra caalaan kan Sabboonaa tafarraa irratti gaggeeffame. Kanaafuu, qorannoon kun godina HGW Aanaa Horroo irratti gaggeeffame.

### 3.2.2. Madda Ragaalee

Qorannoo kana galmaan geessisuu keessatti qorattuun ragaalee qorannoo kanaa kanneen warabamanii taa'an kallattiin fayyadamuun; akkasumas, ragaalee geerarsa diddaan walqabatan WATAH walitti qabamee jiru keessaa kan bareen darbaan keessa yeroo sochii siyaasaa sana walqabatantu fudhatame. Akkasumas,namoota gareefi dhuunffaan dhimma geerarsoota diddaa siyaasaa walitti qabaman kana barreeffamaan dhiyeessuun yoomeessa isaa akka addaan baasantu fudhatame.Kanaafuu, qorannoon kun madda ragaa 1ffaafi 2ffaa irraa fudhatame. Madda jalqabaa kan jedhaman odeeffannoo qaama yoomeessa geerarsa himaanii yoo ta,u, kanneen suursagalee kallattiin dhaggeeffachuun gara barreeffamatti jijjiiruufi kanneen barreeffamanii jiran keessaas qabiyyee kanaan kan walqabatan akka madda 2ffaatti fayyadamtee hojjette.

### 3.2.3. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorannoon kun Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Horrootti geerarsa diddaa siyaasa jiru bu'uura hiikaa haalaafi ergaa dhoksattiin qaaccesse. Bu'uuruma kanaan iddattoon qorannoo kana namoota bara kanaa keessatti qooda fudhatan yookaan geerarsa diddaa agarsiisan geeraramanii jiran fayyadamuun gageeffame. Kaayyoon isaas ergaafi hiikaa geerarsa kanaa baasuun haala hawaasa naannoo sanaa keessatti haala siyaasa hawaasichaa gadifageenyaan hubachuun addaan basuufi. Kunis ragaalee Wajjira ATAH keessa jiru walitti qabuun funaaname. Kana malees, ragaaleen warabamanii ol kaa'amanii jiran irraas kanneen diddaa haala siyaasaa agarsiisan addaan baasuun funaanamee jira. Akkasumaas, geerarsa diddaa siyaasa qaacceffama isaa keessatti ragaalee madda adda addaa irraa funaaname hiikaa haalafi qabiyyee isaafi ergaa dhoksaa isaa caalaatti hubachuuf namoota waa'ee siyaasa yeroo sanaa irratti hubannaafi xiyyeeffannoo gahaa ta'e qaban irraa yaada guurrachuun gaggeeffame. Haala kana milkeessuuf maddaa ragaa 1ffaafi lammaffaa gargaarameen jira. Kana malees, geerarsa mata duree kana waliin deeman argachuudhaaf kanneen waraabamanii

jiran bakkaafi yeroon daangessuun rakkisaa ta'us kanneen haala yeroo sanaan hidhata qabu jedhee yaade walitti qabuun qaaccesse. Kunis haala sakatta'a barruu keessatti tajaajila afoolaa yeroon daangessuun ulfaata akka ta'e ibsa.

Iddattoon haala ragaan walqabatee geerarsa Sabboonaa Tafarraa sochii siyaasaa diddaa mul'isaan kanaa keessaa haala hiikaa xiinkaalaafi ergaa dhoksaa bu'uura godhachuu kan barbaachisu keessa luqqisuun adda ba'e. Haala yoomessa isaa caalaatti hubachuuf filannoo akkaayyoon filuun ergaa dhoksaafi qabiyyee walaloowwan geerarsaa adda baafaman akka yoomessa isaa himaniif filaman. Akka Filee Jaalataa, Descombe (2007, f. 17) wabeeffachuun ,"With snow balling, the sample emerges through process from one person to the next"jedha. Kana jechuun akaakuu iddatteessuu kanaa nama odeeffannoo gahaa kan kennuu danda'u kan namni biraa dabarsuudha. Mala iddatteessuu kana ilaalchisee Dastaa (2015:19) Hechathorn (1997) wabeeffachuun "Snowball Sampling is a technique used to obtain information or knowledge from people with the specific range of skills determined as useful." jechuun ibsee jira. Namoota hirmaannaa taasisaniifi muuxannoo qaban gaggaafachuun mala kana fayyadamuun ragaan kun funaname. Haaluma kanan qorattuunis namoonni dhimma kana beekanis eenyufaa akka ta'an hawaasicha keessaa filachuun sabboontota dhimma kanarratti hubanoo qabaan mala darbaa dabarsaan adda baasuun filatte.

### 3.2.4. Meeshaa Funaansa Ragaalee

Adeemsa raawwii qorannoo kana keessatti ragaaleen qorannoo kanaa haxoota adda addaa fayyadamuun kan funaanamedha. Meeshaalee ragaan ittiin funaanaman keessaa qorannoo kana galmaan geessisuuf murteessoodha jettee yaadde walaloo geerarsoota kuufamanii jiran sakatta'uun ragaalee qorannichaaf barbaachisan sassaabbatte. Galmee sakatta'uun,namota yeroo sana geeraran dabalatee yoomessa isaas namoota marii gareen akka ibsan taasisuuf afgaaffiifi marii gareen gaggeessite.

#### 3.2.4.1. Sakatta Galmee

Raawwii qorannoo kana keessatti ragaan qorannoo kanaa sakatta'a geerarsoota waraabamaniifi barreefamanii oltaa'anii qabiyyeen isaanii geersa diddaa ta'an adda baasuuni haaluma kanaan qorattuuinis, haala ragaan qorannoo ittiin funaaname keessaa inni biraan

galmee xiinxaluudha. Bu'uuruma kanaan qorattuun geerarsoota diddaa siyaasa bareen darbaa waraabamanii taa'aniiranfi barreeffamani kitaabilee adda addaa keessatti kan qabiyyee aanaa sanaa ibsan sakatta'uun sagalees ta'e sursagalee isaa dhaggeeffachuun ykn ilaaluun barreeffamaan dhiyeessuun xiinxalte.

#### 3.2.4.2. Afgaaffii

Ragaan qorannoo kanaa sakatta'a galmeefi kanneen waraabamanii jiran sakata'uuni. Afgaaffiin haala itti hiikkaan geerarsaa ibsamu gaafachuuf hojiirra oole. Afgaaffiin meeshaalee ragaan ittiin funaanaman keessaa tokko ta'ee, kan qoratuun ragaa funaannachuuf gaaffii afaanii afgaaffiitti dhimma baate. Yaada kana Disasa (2013) akka ibsetti interview is powerful instrument, which that used in data gatherings from informants by eliciting information in depth. Afgaaffiin qorannoo kanaas gaaffiilee hincaaseffamne iddattoota afaggaaffiif namoota filaman gaaffiilee banaa ta'an fayyadamuun walaloo geerarsaa adda addaa irratti akka yoomessa isaa ibsan taasisuuni. Kunis kan qorattuun fuulaa fuulatti iddattootaaf dhiyeessitedha. Yaada kana, Moriarty (2011:8) "Interviews remain the most common data collection method in qualitative research and are a familiar and flexible way of asking people about their opinions and experiences"jedhe. Haaluma kanaan qorattuun qorannoo kanaas yoomessa caasaalee geerarsichaa keessa ragaa amansiisaa ta'e argachuuf iddattoota filaman irraa ibsa argachuun dhiyeessite.

#### 3.2.4.3. Marii Garee

Adeemsa raawwii qorannoo kana keessatti ragaaleen sassaabaman bifa marii gareen akka ibsa itti laatan ta'eera. Qorattuunis qorannoo kana galmaan geessisuuf ragaa bifa marii gareen funaannachuuf madda ragaa amansiisaa ta'an fayyadamuun gaaffiilee banaa hincaaseffamne fayyadamuun gaggeessite. Akkasumas, namoota muuxannoo qaban yeroo sana keessa filachuuni. Haaluma kanaan ragaan qorannoo sassaabame qorattuun marii gareetti dhimma ba'uun siyaasa yeroo sanaa gadi fageenyaan hubatee. Kunis namoota Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Horroo keessa jiran keessaa namoota hubannoofi hirmaattota baroota sanaa iyyaafachuun gareen qindeessuun qaacceffame. Dhimma kanaaf xiyyeeffannoo kennuudhaan namoota filataman marii garee waliin gageessuun odeeffannoo isaan irraa argames yaadannoo qabachuu gaggeeffame.

### 3.2.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Adeemsa raawwii qorannoo keessaa inni ijoon tokko ragaa sassaabame qaaccessuudha. Raawwi qorannoo kana keessattis ragaa madda garaa garaa irraa funaaname qaacceffamee dhiyaateera. Ragaan qaacceffame kunis bu'uura jechaanidha. Akka Anani-Bossman (2018:167), (Babbie, 2010: 394) wabeeffachuun ibsetti, "Qualitative data analysis, essentially allows a researcher to critically examine and interpret observation in order to draw underlying meanings and patterns of relationship in a non-numerical way jedha,". Ragaan qorannoo kanaas bu'uuruma kanaan ragaalee sagalee/ dubbiin jiran gara barreeffamaatti deebisuun gareen xiinxalii raawwachuun raawwatame. Kanaafuu, qorattuunis haala ragaan ittiin argame irratti hundaa'uun mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun ragaa argatte qaaccessite. Walumaagaatti, qaaccessi ergaa dhoksaa geerarsa diddaa siyaasa bareen darbaan adda ba'an gama xinikaalatiin qaacceseessuun dhiyaate.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

## 4.1. Seensa

Kutaa kana jalatti qaaccessa ragaaleetu dhiyaate. Qaaccessi kunis hiika haala geerarsa keessatti geeraramuu bu’uureffata. Haaluma kaanaan geerarsa waraabamanii kaa’amaniifi kanneen bareeffamanii jiran adda addaa Aanaa Horroo keessatti yeroo fincila qeerroon mootummaa ADWUI irratti taasise baroota darbaan sana keessa turan keessaa ragaa funaanamanii dhiyaatanidha. Ragaaleen funaanaman kunniinis bu’uura qorannoo akkamtaa fayyadamuun mala qorannoo ibsaan kan qaacceffame yoo ta’u, ragaaleen madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa irraa argame waliin qaaccessamanii jiru. Ragaaleen kunniinis kanneen suursagaleen jiran barreeffamaan dhiyeessuufi kanneen WATAH keessatti walitti qabamanii argaman keessaa geerarsa diddaan ittifayyadama qabatama hawaasaa keessaa waraabame, yeroo sana aanaa kana keessatti geeraraman walitti qabuu buusaa buusaan qindeessuun kan dhiyaatedha. Kunis hiika geerarsa diddaa siyaasaa hiika xiinkaalaa isaa baasuun qaaccessamee dhiyaate. Haalumma kanan qabiyyeefi ergaa dhoksaa diddaa siyaasa biyyiittii yeroo sanaa keessatti buuse mata duree adda addaa jalatti qaacceffame jira.

Kutaa kana jalatti yaadota bu’uuraa walaloowwan geerarsaa Sabboonaa Tafarraafi madda ragaa Waajjirraa Aadaafi Tuurizimii Aanaa Horroo irraa walitti qabaman kooddii kennuufiin walaloo dhiyaate jalatti haala qabatama jiruun xiinxaluun ibsi bal’aan kennamee dhiyaateera.

**Hammenya Hacuucaa**

(1) Bishaan hamaan hangarii
Kan gabaabaan hin ceenee
Kan dheeraan gurdummatuu
Dhukkubni hamaan roorroodha
Kan namni namaa hin beeknee
Kan abbaan dhukkubsatuu.

Akkama ragaa (1) jalatti dhiyaaterraa agarru jechoonni bu’uura qabiyyee geerasichaa ta’an kanneen akka hamaa, dheeraa, gabaabaa, dhukkubaafi roorroo fa’i jechoonni kun qabiiyyeefi hiika isaaniitiin waan xiyyeeffatan qabu.Qabiyyeen hagam hacuuccaan akka hammaatu

agarsiisu.Kanas jecha hamaan jedhu irra deddeebiin dhimma itti bahuun agarsiisee jira. Jecha kanas bishaan baay’ee guddaa ta’e hangaridha, dhukkubni humana ol badaa ta’e gabrummaadha.Kan namni namaa hin beeknee, alagaan /ormi/namaaf hin hubanne kan abbumtisaa ofii dhibamu jechoota jedhaniin waliin deemsisuun qabiyyicha agarsiise. Walumaa galatti, bilisummaa dhabuun sakaallaa waan hundumaati, Tarkaanfachuufi warraaqqachuuf gufuu ta’uu addeessuufi.Kunimmoo madaa bilisummaan (walabummaan) dhibuun qabu abbuma dhamdhamachaa jirutu quba qaba kan jedhu ibsuufi.

### 4.1.1. Ergaa dhoksaa geerarsa diddaa Siyaasaa

Bu’uura ergaa barreeffama walaloo kan keessatti kallattiin haala ibsa barreeffama kana irraa wanti hubatamu bishaan ce’umsa namaa hillaanne namni gabaabaan hinceene yoo dheeraa ta’e malee akka ta’eefi roorroon waan hamaa namni dhuunfaan dhoksaan itti rakkatu ta’uu isaati. Ergaa dhoksa geerarsa duuba jiruu akka hubachuun danda’amutti akkuma bishaan ulfataa namni dheeraa gurdumee ce’uu danda’u dubbii hamaan roorroo kan namni ofii dhoksaan wala’aansoo qabudha. Kun immoo ergaa dhoksaa diddaa siyaasa keessa jiru ta’uu isaati.

### 4.1.2. Bu’uura Qabiyyeen

Akka ragaaleen kun mul’isanitti geerarsi diddaa yeroo sanaa qabiyyee adda addaa qaba. Akka geerarsi sabboonaa bara 2018 dhiyaate ibsutti haala qabiyyee isaa bal’ina kan qabu ta’ee roorroo, jibba, hamileessuu, xiiqessuu, of dagachuu, hirmaachisummaa, miidhaafi kkf qabatee kan dhiyaatedha.Qabiyyeen geerarsa kana cimina bishaan qabuufi haala dheerina namootaa walqabatee namoonni hojjaa qaban malee kanneen gabaaboo ta’an rakkisoo ta’uufi haala daakuun hindada’amne gurdumuu kan jedhu haala bishaan itti keessa ce’amu bu’uureffatee dhiyaate. Haaluma kanaan qabiyyeen geerarsa kanaa haala rakkina(hammeenya) roorroon qabu dhiyeesse. Kanaafuu, hammeenya roorroon qabudha.

### 4.1.3. Haala Ergaa dhoksaan

Bu’uura ergaan immoo, akka naannoo kanaatti bishaan hangar bishaan guddaadha; bishaan darbatamaa adeemuufi humana qabu yeroo daakan illee haala mijataa kan hinqabnedha. Bishaan darbatamaa deemudha. As jalatti human bishaaniifi dhiibbaa roorroon qabutu walbira qabamee dhiyaate. Haala roorroo hidhamuu,ajjeefamuu, gidirfamuufi rakkina

roorroon namarraan ga’u kan hubachiisuufi namni cime qofti akka keessa darbudha. Roorroonis hamaataa ta’uufi namni roorroo keessa ba’uuf aarsaa kaffalchiisuu isaati. Xiyyeeffannoon ergaa kanaa rakkina roorroon qabudha. Gabaabinaafi dheerinni haala gahumsa namootaa haala siyaasaa keessatti namoota keessadarbuu danda’uufi keessa darbuu namootaa haala diddaa sana keessatti kanneen kufanii miidhamaniifi kanneen keessa darbaniidha. Kun immoo haala jireenya namootaa hirmaannnaa siyaasaa keessattt qaban walqabsiisuun kan dhiyaatedha.

Kun immoo haala siyaasni yeroo sanaa roorroon garmalee cimuufi namoota cimina qaban qofti keessa dhaabatanii mormachuu danda’uu isaanii kan agarsiisudha. Gita kanaan gabaabinniifi dheerinni haala ciminaafi laafina irratti kan bu’uureffatu ta’ee namni cimee falmate ofirraa ittise akka injifatudha. Dhukkubni immoo roorroo waliin walbira qabamee dhiyaate. Kun immoo dhukkubni haala itti nama rakkisu sana rakkoo roorroon yeroo sanaa namarraan ga’uun waliin walibsuuf kan dhiyaatedha. Kanaafuu roorroon rakkina guddaa ta’uufi rakkoon siyaasaa kun ollaan yookiin namni biroon namaaf hubachuuf illee rakkisaafi kan namni dhoksee dhukkubsatee itti rakkatudha ta’uu ibse.

Yaadoleen ijoo jechoota walaloo kanaa hamaa,dheeraa, gabaabaa, gurdumuu,dhukkubuu, roorroofaati. Bishaan daakuuf haalli hinmijanne harkaan otoo hin rukutiin gatiittiin ofduraa darbachaa adeemuun daakama. Sababni isaas yoo daakuun hinmijatuta’e yookaan yoo daakuu dadhaban. Haala kanaan siyaasan walqabsiisnu siyaasa keessa darbuuf haala itti keessatti socho’uun danda’amu haala qabatamaa jiru irratti hunda’uun mo’achuuf haala sochii ofii sirriitti beekuudha. Darbees siyaasni icciitiifi ofeeggannoo kan barbaaduufi dhoksaan keessoo ofitti yoo ta’e malee balaaf kan nama saaxilu ta’uu isaa hubachiisa.

Askeessatti, humni bishaanii dhukkubaafi roorroon waliin walbira qabuun ibsamani; gabaabinniifi dheerinni gochaan isaan raawwachuu danda’an; garaagarumman, isaanii ciminaafi falmachuun walbira qabamanii dhiyaatani. Haala kana keessatti qabsoon/falmii cimaa keessatti namni mormachuu danda’e darbuu akka danda’uufi kan sanaaf hinqaqqabne keessatti kan hafu ta’uudha. Yaada kan ibsa biroon akkuma humna bishaanii kan cimee keessa darbuu danda’u; roorroon dhala namaa akkuma dhukkubaa baaye’ee rakkisaa ta’uufi kan namni ille namaaf hinbeekne ta’uudha.

Kannneen waraabanii oltaa'an keessaa geerarsa kan uffisa bal'aa argateefi sosochii hawaasaa cimsuun qabsoo uummatichaa keessatti geerarsa qeerroo bilisummaa Sabboonaa Tafarraati. Akka ragaaleen qorannichaa tooftaa adda addaan maddeen ragaa garaa garaa irra funaanamee agarsiisutti godina Horroo Guduruu Wallaggaa Aanaa Horroo keessatti baroota darbaan sosochiin siyaasaa gaggeeffamaa ture keessatti gosoonni afoolaa adda addaa dabalatee geerarsa diddaa akka fayyadamaa turan.

**Abdin jiraachuu**

(2) Hinbadde badde jedhu,
Maalta'eetaniin bada?
Hinbadu biyyan qaba
Hin badu lammiin qaba
Lammii koo dhugaa qaba
Harkisan cita taate
Gadhiisan lixa taate.

Haala hiikkoo diddaa siyaasaan haala namoonni abdii kutannaa keessa nama galchuun wanti abdii namatti horan kanneen akka lammiitti/aantee abdii namatti horan jiraachuu kan agarsiisudha. Adeemsa siyaasaa keessatti hammi fedhe yoo nama raase dhugaan hunda bituufi abdii qabachuun mo'achuu kan agarsiisudha.

Akka ibsa isaafi yaada qorattuutti, "Hin bade naan jedhu," akka aadaa Oromootti namni eenyummaan isaa kan kabajamu, darbasee aarsaa kan of godhu biyya isaafi lammii isaafi. kun gama tokkoon doorsisa ololadha. Namni lammiifi biyya qabu yoo doorsifame iyyuu kan hin sarmine ta'uu isaati. Akka aadaa Oromootti Abbaan warraa haadha warraa dhiisee hin baqatu maqaa dhiiraatu bada waan dhufeef hanga aarsaa lubbuutti of kenna malee doorsisaan hinjilbeeffatu. Ilmoon dhiiraafi dubaraa gootummaan isaanii kan beekamu yoo biyya isaa tifkataniidha. As keessatti hin badu biyyan qaba, hin badu lammiin qaba jechuun isaa kallattii hedduun hiikamuu danda'a. Karaa tokkoon biyya gadhiisee halagaa hin dhaalchisu aarsaan ta'a malee. Lammii kiyyaaf aarsaa ta'a. Yoo rakkinni hammaates dhiigaanin tiksaa jechuu isaati. Gama biyya sabni koofi ofii keessa jiraadhu ormaaf dabarsee hinkennuu yaada jedhu

qaba. Darbees goonni biyyaafi lammiisaaf jiraatu biyyaafi lammiisaa abbaatu eeggata malee dorsisniifi sodaachisuun yaada akka biyyaafi lammiirratti qoosaan hinjirredha.

Walaloo kan keessatti waantoonni yaaddoofi sodaan cimaan nama mudatu haalli itti namoonni waa ilaalanii tilmaama kaa'an kan haalli sodaachisaan irra jiru yaada namoonni isaaf qaban sana baasee ibsatudha. Kun haala namoonni siyaasa dheessuuf gara lagaa seenan kan tilmaama namootaa ibsuudha.

Akka yaada ibsa olittiifi Saqb ibsetti  yaadni ijoo waan namoonni jedha jedhee geeraraan dubbatuufi abdii mataa isaa, ejjennoofi mul'ata isaa fuula duraa ibsatee yaada namootaa roorroo jiru sana salphisuuf geerare fakkaata. Qabiyyeen buusaa kanaas kanumaan walqabata. Namni biyyaa keessa jiraatu keessatti mirgi isaa kabajamee jiraatu biyyya isaa keessaa dhiisee hinbaqatu. Yoo roorroon irree jiraatu biyya isaaf aarsaa kaffaluu qabu kaffala malee biyya isaa dhiisee akka hin baqannedha. Akkasumas lammiin isaa isa deeggaruufi qaama isa mormu caalaa jaalala lammiifi yoo du'es dhaloonni itti guddachuu ibse. Kanaafuu, goonni biyyasaafi lammiisaaf  ofwareega malee dabarsee akka hin kennine ibsa. Karaa biraas namni lammii qabu yoo badellee lammiin yookaan fiirri waan gaafatama qabuuf firaafi lammiisaa dabarsee kennee of hinbaqatu. Itti dabalees seenaa maqaafi lammii isaa eeguuf falmachuutu filatamaa ta'uufi dhiisanii harka kennachuun lammiin ofii ittiin kan maqaa xuraa'an ta'uu isaati. Dhumarratti, harkisan cita tate gadhiisan lixa taate  kun haalli siyaasa jiru qabsaa'uufis rakkisaa ta'uufi dhiisuufis rakkoo ta'uu ibsa. Dubbichi akka malee yaada walxaxaa ta'uu ibsa.  Walumaagalatti akka yaada walaloo kanaatti namni yoo qabsaa'ee kan mo'atu; yoo wareegames dhalootatti akka darbufi haalli jiru walxaxaa ta'uu addeessa  yaadni kun immoo yaada mammaaksa Gabrummaa hiddaan buqqifna; dadhabnu dhaloota itti guddifna kan jedhuun walsima.

Bu'uura qabiyyeen walaloo kana keessatti haalli buusaa jalqabaa abdii kutannaa namoonni abdii kutachiisuu yaalan faallessuun firooma (deeggartota) qabaachuun abdii horachuufi of jajjabeessuu irratti dhiyaate. Akkasumas, eenymmaa, biyya, lammii qabaachuun xiiqii keessa galuu kan mul'isudha. Kanaafuu, qabiyyeen walloo kanaa xiiqii qabaachuu, abdii kutachiisuun haamilee horachuun

**Kutannoo Ilaalchisee**

(3 ) Duguuggaan nyaata hintaatu

Dhundhumaan galan malee

Gungummiin seenaa taatu

Ittuma lixan malee x2( Sabboonaa Tafarraa gaafa simannaa ABO M/Shaamboo)

Walaloon kana irraa bu'uura hiikaa isaan yoo ilaalamu nyaanni seeraan nyaachuufi duguuggaan akka hinquubsine ta'uufi seenaan gochaan ta'uufi soda yookaan jedhuu dhiisuun akka hingalmoone kan ibsudha. yoo ilaalaman Waaloo dhiyaate kana gareen ibsa laataniifi qorattuun yaada ishee waliin xiinxaltetti Walaloo kan irraa akkuuma hubachuun danda'amutti akka aadaa keenyaatti maaddiitti dhiyaatanii bidden nyaachuuniifi kan namni nyaate haqaa maaddii sanaa duguuggachuu akka nyaachuu beela nama hinbaasu yaada jedhudha. Haalli kun immoo akka marii garee irraa yaada iisaanii hubachuun danda'amutti qabsoo bilisummaa kana keessatti haala hirmaannaa irratti xiyyeeffata. Diddaa jiru keessatti qabsaa'uun booda deemuun kan isaanii qofa faarsuun hirmaataa qabsoo akka nama hin taasisneefi abba qabsoo ta'anii qabsoo keessa seenuun adda durummaan hirmaachuun barbaachisaa ta'uu isaa ibsuu barbaadeeti. Kana malees gungummiin seenaa hintaatu jechuun dhoksaan waan of hin ibsiin, hirmaannaa hinqabaatiin seenaa keessatti nama hin beeksisu. Kan seenaa ta'u yoo akka seenaaf ta'utti hojjetan, keessatti qooda fudhatan malee hirmannaa malee odeessuun seenaa nama hin hojjechiisu. Akkasumas roorroo jiru diddaa uumuu keessatti sodaan barbaachisaa akka hintaanedha ibsan. Kanafuu, As keessatti duguuggaafi gungummiin hirmaannaan xiqqaachuu kan mul'isu yoo ta'u,dhundhumaan lixuufi ittuma lixuun immoo murannoon itti seenuun qooda nurraa eegamu akka baanuuf kan kakaasudha. Kanaaf qabsoo uummata keenyaa qarqara labuun qooda funnaa waan nama hintaasifneef hirmaannaa cimaa taasisuun barbaachisaa ta'uu onnachiisa. Yaada kana Oromoon dachaan yeroo ibsu itti hirkisaa itti kabana hintaatu jedha.

Karaa biraan akka geerarsa kanaatti, ergaan isaa mirga ofii falmachuuf duubatti jechuu osoo hintaane keessa galuun falmuudha. Kunis hamma wareegama lubbuu gaafatutti ta'a. Namoonni tokko tokko namoota mirgi sarbameef waa falman fakkaatanii duubatti deebi'u.

Kun ammo soda irraa madduu danda'a. Kanneen biroo ammoo waa ifatti dubbachuu caalaa mana yookiin dahoo keessa taa'uun waa tuxxuqaa oolu.

Qabiyyeen murannoo qabaachuun barbaachisaa ta'uufi sodaachuun fala akka hintaane waan ta'eef murtoodha. Kanaafuu, kaayyoof eejjennoo qabaachuudha. Gama biraan akka qabiyyee yaada geerarsa kanaa irraa hubachuun danda'amutti yaada tokko cina/garqara labuu irra hirmaanna cimaatu murteessaa akka ta'edha. Adeemsa mormii fincilas ta'e sochii siyaasaas ta'e sochii kam keessattu qarqara labuun hirmaataa nama hintaasisu yoo olantummaan yookaan gutumaatti keessatti hirmaatan malee kan jedhudha. Kun immoo namoonni haala keessatti hirmaachuu wabaniin akka hirmaataniif kan gargaarudha. Kanaaf, geerarsi kuni namoonni qabsoo diddaa keessatti hirmaachuun qooda isaan akka bahaniifi raawwiin kan madaalamu haga hirmaannaafi waan raawwatameen ta'uudha. Kanaafuu, qooda fudhannaa irratti dha.

Haal walaloo dhiyaate kan irraa akkuma hubachuun danda'amuufi ibsa armaan irraa hubatamutti dhaamsi waa raawwachuuf qarqara labuun kan hin barbaachifne ta'uufi murtoon itti seenuun raawwiin agarsiisuu ta'uu isaa mul'isa.

Gama biraan immoo haala siyaasa aanichaa keessatti hawaasa/dargaggoo yeroo sanaa soda tokko malee qabsootti seenuun keessatti hirmaachuun akka gahee bahan gochuun sochiin siyaasaa akka finiinu taasiseera. Haala hawaasichaa keessatti sosochii siyaasaa akka si'oominaan keessatti hirmaatan taasiseera.

**Geerarsi kun Qomoo ofii dhiisanii kan biraa ofitti maxxansuun miidhaa akka qabu kan agarsiisuudha.**

(4) Digaluun muka miti mukarratti dhalate
Sanyii mukaa balleessa
Kan qomoo keenya hintaane
Unurratti dhalate
Sanyii koo maa bobeessa
Qomoo koo maabobeessa( Madda Sabboonaa Tafarraa gaafa simannaa ABO M/Shaamboo)

Haala hiika walaloo kan irraa hubatamuun mukti mukarratti dhalatee muka sana balleessu qaama muka sanaa kan hintaane muka sana balleessuu isaafi lammii keenya kan hintaane lammiif yaaduu dhiisee lammii akka miidhu hawaasa rakkisuu isaati.

Bu'uura ergaan haala siyaasa yeroo sanaa keessatti mukti mukarratti dhalatu kan lammii keessa hindhalanne garajabinaan lammii kan miidhu ta'uu isaa agarsiisa. Kanaafuu, Yaada geerarsa kanaa akka qorattuun ibsitti aadaa Oromoo keessatti haala dura keessa ture keessatti waan barbaade akka barbaade ibsachuun isa gaafachiisa. Ifaa ifatti dubbachuufi carraa hinargatu kanaafuu haala amala mukaa, bineensafi alkallattiin ibsata. Kun immoo dandeettii dubbii isaa mul'isa. As keessatti waa'ee mukaafi maxxanneeti. Akka yaada haqa hawaasa keessa jiruutti digaluun gosa mukaa mukarratti biqiludha. Mukti digaluu gosa mukaa mukarratti biqilu ta'ee muka sana quucarsuun muka sana dhaaluun dhabamsiisudha. Kanaaf, muka sana xuuxee ija akka hingodhaneefi adeemsa keessa hundeedhaan balleessa jechuudha. As keessatti digaluun saba biraarraa dhufee aangootti olba'ee saba Oromoo keessa seenee acuucuun; gidirsuun maaliif ajjeesuu, lafarra fixuu ykn rakkisee dhabamsiisa kan jedhu ibsa. Kanaafuu, hiikkoo haalawwaa argachuuf digaluufi wayyaanee; sanyii mukaafi saba Oromoo waliin walqabsiisuun barbaachisaadha. Kanaafuu akkuma digaluun mukarratti dhalatee muka sana sanyiisaa balleessaa deemu mootummaan wayyaanee yeroo sanaa kan Oromummaa hin qabne sun saba Oromoo kana irra taa'ee maaliif akka rakkisu mormuuf kan dhiyaatedha. Kun immoo faayidaasaa sosochii hawaasaa dhiibbaa irra jiru sana akka ofirraa qolatuuf diddaa uummataa kakaasuuf ooledha.

Gama biraan akka gosti muka digaluu, gatamaafi mukeen muka irratti dhalatanii guddatanii boodarra hundee muka sanaa balleessuun ofii bakka qabatu malee muka sana waliin qaama tokko hinta'anii. Gaafa gudataa deeman muka sana xuuxanii quucarsuun maayii muka sana dhaaluun ofii bakka qabatu. Akka qabiyyee geerarsa kanaattis hoggansiifi ijaarsi lammii keessaa hintaane uummata kana acuucee uummata kan balleessuun ajjeesuun, hidhuun dararuun hiyyoomsuun uumata kana bakka gadhiisisuun ofii iddoo qabachuu isaafi aantummaafi qaama uummata kanaa ta'uu akka hindadeenye akka ta'e hubachiisa. Kun immoo dararaa yeroo sana jiru bu'uura godhatee hojii wayyaaneen uummata Oromoo irratti raawwataa turte kallattiin kan ibsudha. As keessatti akka yaada geerraa kanaatti wantoota kan ofiifi kan ambaa dhiibbaa inni qabu haala hubachiisuu irratti bu'uureffata.

Yada garee lamaan kana yoo walbira qabnee ilaalle yaada walfakkaataadha. Kanaafuu, baroota darbaan keessa yeroo diddaan uummata Oromoo manii gahee haala yaaddessa keessa ture sana keessa dhiibbaa ,rakkinni akka sabaatti daangaa hanga daangaatti dhiphuu cimaa turedha. Kaanaafuu, haala mukti kanneen akka digaluu, gatamaa, laanqisaan mukarratti biqilanii dhiibbaa isaan muka sana irraan dhiibbaa geessisaniifi haal wayyaaneen uummata Oromoo goote sana haala namni hubatuun ibsame.

Bu'uura hiikaa yoo ilaalamu siyaasa keessatti diinummaa yoo ta'u diinni fira fakkaatee akka nama balleessu ta'uu isaati. Yeroo sochii siyaasaa sana keessatti diddaan haala firaafi diinaa akka adda ba'u ibsuudha

Haala siyaasa inni qabu hawaasa aanichaa keessatti hawaasni hubannoo siyaasaa keessatti uumuun diina diinaa ta'uu hubachiisuun waan qabatamaa haala mukti muka dhaalee muka sana balleessuun bakka muka sanaa bu'u qabatamaa taasisuun haala diinaa hubachiisuun keessoo hawaasichaa ijaaruun hubannaa uuma. Kanaaf, haalli siyaasa yeroo sanaa hawaasa keessatti sochii siyaasaa cimsuun tokkummaa hawaasaa cimsa.

**Saamicha/ofittummaa/murni TPLF calaqqisiisaa jiru**

(5) Wayyaanee garaa dhootaa(2)
Siin jedhe maal na goota
Wayyaanee hudduu dibbee
Qeerroo hunda sijibbee
Wayyaanee garaa dillisaa
Nurraa dhowwaa firrisaa
Nurraa dhowuu dinaani
Qeerroon qalee fanniisa
Jajjaabeen qalee fannisa.(2) (madda:ST simannaa ABO M/Shaamboo)

Geerarsi kun qabiyyeen isaa,saamicha/ofittummaa/murni TPLF calaqqisiisaa jiru qolachuuf geerarsa geeraramedha.Fakkeenyaaf geerarsa kana keessatti jechoonni akka dhootaa,dibbeefi dillisaa jechuun dhimma itti bahaman sabni/murni Waayyaannee/jedhamu kun ofiif malee saba biroof kan wan tokko hinyaanne ibsuuf kan dhiyaatedha.Akkuma maqaansaa ibsutti Waayyaannee jechuun waa tokkollee hin yaadu jechuufi.Qabeenya ormaa guuruun ofumaaf

kan oolfatu jechuuf gale. Kun nurraa dhaabbachuu qaba. Ta'uu baannaan diddaa keenya mul'isuun ofirraa diiguu, tarkaanfiin nifudhatamaa ergaa jedhuuf kan geeraramedha.

**Ergaa Jechoota dhoksaa geerarsichaa**

-Dhoota/garaa dhootaa/=garaa guddaa

-Hudduu dibbee=guddina hudduu mul'isuuf

Garaa dillisaa= dhiita'uu/afuufamuu/guddachuu/isaa agarsiisuuf kan gale ta'uu

**Quuqamaa**

(6) Eeboo koo biyyoon nyaate
Gonfa malee naanafne
Garaa koo aarii fixe
Du'a malee naanafne
Lammii koo roorroo fixe
Lugna malee maaltafe.(madda:ST simannaa ABO M/Shaamboo)

Akka yaada geeraraa kanaatti, Eeboon meeshaa waraanaa uummanni Oromoo yeroo dheeraaf itti fayyadamaa tureefi yeroo ammaa illee kan harkaa qabudha. Kutaa qaama eeboo keessa qaamni gara fuula duraa qara eebooti kun kan waraanuuf gargaarudha. Gonfi eeboo kan mukti itti seenuun akka qabannaaf toluuf mukaaf qara sana walqabsiisuun fayyadudha. Haalli kun immoo qarri eeboo sun beektota/ gootota miidhamuufi dhabamuu isaaniifi sabin qofaa hafuu isaa walfakkeessuu ibsan. Lola keessatti yoo falfalan/ yogguu tumatan kan waraaanu qara isaati lafa keessa kan waraanus qara isaati. Kun immoo yoo lafa keessa ture qarri isaa lafa keessa waan jiruuf ligidaa'ee kan waraanu hindandeenye ta'uufi biyyoon nyaatamuun dhumaa deema. Qaroon sabaa yoo dhibe sabni waan godhu akka hinqabne ibsan. Kanaaf diddaa keessatti kan fuula dura ba'ee falmu dhibuudha. Haalli haasa kanaas sadarkaa dhumaarra jiraachuudha ibse. Akka aadaa Oromootti aartuun garaadha jagnummaan lapheedha/ onneedha jedhu. Aariin immoo wantoota garaa keessa malee somba faana walitti dhufeenya hinqabu. Garaafi somba waliin kan walqabsiisan haala jireenya hawaasaa keessatti garaan onneefi wanta murteessoo garaa keessan bakka buusu kanaafi kalatti bu'aa isaan qabaniifi waan garaa keessa natu onnee yooqalatan namatu nyaata somba sareef kennu. Kanaaf gaaraafi somba horii yooqalamu haala faayidaa isaan walqabsiise. Kaanaafuu, kun immoo gahee namoota wareegamaniifi namoota callisanii halaa dhufu simatan ibsa. Kanaaf,

namoonni murteessoo dhiibbaa geessisan yoo dhabaman kana hafan sun bu'aa akka hinbuufne ibsu. Kanaafuu, akka walaloo geerarsa kanaatti diddaan aarii namatti kan kaasuufi keessa namaa kan fixu ta'uu isaa mulisa. Haala dhiibbaa namootaa waliin walhidhata qabaachuu ibsa.

Karaa biraan ammo haala biyyoofi sibiilaafi roorroofi namoota qaroo ta'an saba biraan dhiibbaa irra ga'udha. Kun immoo namni akkatti biyyoon sibiila ligideessee sibiila sana fixu kana ala jiru qofti akka hafuufi namoota roorroo hinbaanne dhiibbaa irra ga'u walbira qabee dhiyeesse. Akkuma biyyoon Eeboo ligideessu aariin immoo keessa namaa fixa ergaa jedhu salphaatti akka hubatu taasisa. Kanaafuu, namni sababa cunqursaafi sababoota mormii jiruun keessi namaa baay'ee kan miidhamuufi sadarkaa nama balleessuu irra illee kan nama geessisu ta'uu isaa mul'isa. Haaluma cittuu geerasa kanaafi ibsa laatameefi yaada cittuu kana irraa hubachuun danda'amutti rakkoo sababa ariin dhufee miidhaa qaqabsiisee roorroon sun sadarkaa dhumaarra geessisuu dhiibbaa jiruu sana balaleffachuun rakkoo hamaataa ta'uu mul'isa.

Akka qorattuun ibsitetti uummanni Oromoo haala keessa jiru keessatti of cimsuuf, yaaddoo qabu, haala jiru sana bifa mormiin ariin ibsata. Haala geerarsa kanaattis uummata kana irra dhiibbaan irra turuu isaa irraan kan ka'e roorroo jiruuf diddaa ibsachuu ibsa. As jallatti akka yaada isaanii kana irraa hubachuun danda'amutti rakkoo sababa lammiileen Oromoo hedduun dhumachuufi namootuma siran dhufu jalatti tole jedhanii bulan malee namoonni adda durummaan qabsoo keessa seenana dhumachuun saba kanaaf soda qabu ibsa. Kunis gootonni keessaa dhumachuu hawaasichaaf kan falmu dhumaa jirachuun hawaasichi aadaa, eenyummaafi kanneen biroo dhabuun baduuf akka deemu ibsuu isaati. Haalli kun immoo dhiibbaan dhufee miidhaa qaqabsiisee roorroon sun sadarkaa dhumaarra geessisuu dhiibbaa jiruu sana balaleffachuun rakkoo hamaataa ta'uu mul'isa. Yadaa jedhu ibsan. Kanaafuu, qabiyyeen geerarsichaa dhiibbaa hawaasa isaa irra jirufi soda jiraachuu hawaasa kanaa ibsa. Sodaan miidhaa hawaasa kanaa eenyummaafi sabummaa isaa akka gadhiisee orma keessummeessuun asiliin uummata kanaa badu isaa mul'isa.

**Kutannoo**

(7) Anoo beeka garaa koo
Maafan nyaadha gala koo
anoo beeka qurxii koo
Akka ijoollee durii koo(madda:ST  simannaa ABO M/Shaamboo)

Yaada kana akka qorattuun ibsitetti, Bo'oon jalqabaa waa'ee garaa isaa nyaatan walqabsiisee dhiyeesse kun kan ibsu geeraraan kun waa'ee keessoo isaa eenyummaa isaa bu'uura godhatee dhiyeesse. Kana jechuunis kutaannoo qabu kaayyoo fulla dura isaatti qabatee ka'e irratti cichoominaafi ejjennoo isaati. Bo'oo lammaaffaa keessatti waa'ee gala isaa dubbata kun waa'ee imaanaa uummataa isaaf manaa ba'e dabarsee akka hin laanne kan ibsudha. Kanaaf askeessatti namni eenyummaa isaa beeku imaanaa saba isaa nyaachuu akka hinqabne diddaa qabu ibse jechuun nidanda'ama.

Karaa biraan "anoo beeka qurxii koo akka ijoollee durii koo," kan jedhu akka hala qabatama naannoo sana ture keessatti ijoolleen sirnoota darban keessa mormii gurguddaa dhageessisaa turan fakkeenyaa 1994 guyyaa tokkotti kannee mana barumsaatti sababa mormiif du'an, sanarra darbee kannee qabsoo cimaa gaggeessaa turan, gootota darban turan sana iratti xiyyeeffatee kan dhiyaate ta'uu mala. Kanaafuu akka yaada walaloo kan irraa hubachuun danda'amutti kanaaf, yaanni bo'oowwan lamaan kanaa kaayyoo isaa bekee waan ta'u waan hubatuuf cichoominaan hanga wareegamaatti of kennuu isaa kan mul'isufi ejjennoo warra dura falmaa turan sanaa ta'uu beeksisa.

Kana malees, namni maala akka ta'e of hinwallaalu; waan karoora fuula isaa jiru galmaan geessisuuf warra duraan turan sana waliin ejjennoo walfakkaa taa qabaachuu issa beeksisa. Kun immoo akka aadaa Oromootti dabeessi dabeessummaa isaa beeka gootni gootummaa isaa waan beekuuf waan godhu ofumaa murteeffata. Akka sumas murannoon isaafi murannoo qabsaa'ota duraanii walbira qabuun dhiyeesse. Akka yaada kanaatti wanti fedhe yoo cooke haala isaa ofii akka murteeffatuufi kaayyoo isaafi murtoo xumuraa ofii isaa kan murteeffatuufi yaaduma qabsa'ota duraanii fedhatee ka'uu isaa agarsiisa. Kanaafuu, galaan kaayyoo isaa yoo ta'u galmisaa galma q;absaa'onni duraanii qabatanii ka'an ta'uu isaa ibsuu, Agarsiisan.

Kanaafuu, namni geereru kun yaada diddaa qabu kanaaf murtoo mataa isaa qabu kaayyoo manaa fudhatee ba’e sana haaluma dhaloota irraa fudhateen galma geessisuuf murtoo mataa isaan kan gara fuula duraatti deemu malee kan yaada isaa hinhirre ta’uu isaa ibse.

Yaada qaaccessa jalqabaa as jalatti dhiyaate kan yoo walitti finnu yaadni lamaanuu yaada walfakkaatu qabu. Kunis sirna qabsoo keessatti diddaan sirnaa gita tokko keessatti jalqaba murtoo qabachuufi erga itti seenanii arsaa barbaachisu kaffaluun waan qabsaa’onni ejjennoo fudhatan sanaaf cichoominaan hojjechuu kan gaafatu ta’uufi haala kamiifuu ejjennoo qabatanii ka’an galmaan geessisuun barbaachisaa ta’uudha. Kanaaf immoo haalli keessoo ofii murteessaa ta’uun imaanaa sabaa nyaachuu akka hinqabnedha. Akka yaada geeraraa kanaatti eenymmaa hawaasa kanaa maal akka ta’e kan mulisuufi seenaa abbonni durii kaa’anii darban sana bu’uura godhachuun sun dagatamuu akka hinqabnedha.Akka yaada kanaatti haala seenaa jiru hubannoo keessa galchuun muuxannoo duraan jiru irraa ka’uun sirna jibban mormuun kaayyoo sabaa tarkaanfachiisuuf seenaa goototа Oromoo dura ture sana qabachuun seenaa sana itti fufsiisuun eenyummaa dhaloota kanaa dhaloota dhufuuf dabarsanii qaqabsiisuu waliin hidhata qaba.

**Qabiyyeen geerarsa kun abdi qabaachuu ilaachisee**

(8) Ka’een galaam horrottoo
Biyya Abiishee Garbaattoo
Biyya fiixeen jagnaattoo
Biyya Dabaloo Gannaa
Biyya sanyiinsaa jagnaa
Biyya Balaayii kaasa
Biyya Alamaayyoo Garbaa
Biyya Tasfuu Camadaa
Biyyoon sin nyaatte maloo
Kan jiraallee maal dhiba
Kan du’e dhiba malee (madda:ST simannaa ABO M/Shaamboo)

Akka yaadaa walaloo kana qorattuun yaadashee barreessitee dhiyeessitti ka’een galam horrottoo biyya Abiishee Garbaattoo,” kan jedhuf abiishee garbaa qomoo ilmaan horroo

bakka amma aanaa Horroo jiraachaa turuu ibsanii “biyya fiixeen jagnaattoo,” kan jedhu abiishee dabalatee haorro kun biyya gootaafi eenyummaa isaanii dabarsanii hinlaanne sirnoota darban keessatti diddaa cimaa haga waraanaatti lolanii lolchiisaa kan turaniifi biya diinni lonlaan dadhabee tooftaan cabse ta’uu ibsaniiru. Maqaan namoota kanaa Abiishee irraa kaasee sirnoota adda addaa keessatti namoota diddaa yeroo adda addaa gaggeessaa turanii cichoominaan mormuun hanga wareegama lubbuutti ofkennanidha. Kun immoo diddaa yeroo sanaaf dhaloonni kun murannoon akka mormufi diddaan kun seenaa dhaloo ta’uu kan ibsu ta’uu ibsan.

As keessatti horro ilmaan jaawwii maccaa keessaa kan yeroo ammaa lafa horroo jedhamu keessa jiraatu. kunis kan yeroo ammaa Godina Horro Guduruu Wallaggaa keessaa aanaa horroo jedhamee waamamudha. Aanaa kana keessatti sirnoota darban keessa dhaloota gootummaan dabarsaniifi fincila diddaa gabrummaa keessatti shoora olaanaa taphatan keessaa Abiishee Garbaa nama beekamaadha. Seenaan isaa barraa’ee waan jiruuf salphaatti hubachuun danda’ama.  Kanaan walqabatees isaan boodas  namoonni akka isaa gootummaa qaban hedduun jiraachuu isaa mulisa. Kun immoo haala yeroon kun keessa jiru warri jiran illee warri du’an otoo hin argiin hafuu isaaniifi seenaan itti fufuu isaa  kan ibsedha. Kunis biyyi goota qabdu dabarfamtee akka hinlaatamneefi gootaan akka eegamtu ta’uus mul’isa.

As keessatti namoota darban keessaa namoota hirmaannaa taasisan faarsuun dhaloonni kun akka hordofanii deeman taasisuu irratti xiyyeeffate. Isaaniin hojii hojjetaniin seenaan akka isaan hin daganne quba qabsiisuudha. Namoonni biyya hoorroo jiran keessaa naannoo sanatti kanneen turan keessa namoota gootummaan beekamaniifi sakatta’uun shoora isaan siyaasa sana keessatti taphatanii darban yoo lubbuun darbanis waan qooda fudhataniif seenaan isaanii boollaa olta’uu ibsa. Namoonni yeroo jiranitti gootummaa qabaatanii akka darbuu qaban gorsa. Horro gabrummaaf harka hinlaatu biyya gootaati. Kanaafuu, dhaloota darban faarsuun kan jiru dadamaksuun diddaa cimsuudha.

**Ijibbaata carraaquu**

(9) Adii addaatee ture
Ijibbaata miixata
roorroon namarra ture
Lubbuu abbaatti olhiixata.(Madda WATAH)

Akka yaada geerarsa kanaatti “Adii addaatee ture; ijibaata miixata;” uffanni yeroo dhuma ga’u yoo mican haalaan addaata, “Roorroon namarra ture; lubbuu abbaatti olhiixata,” roorroo lubbuu namaallee miidhuu danda’a. haala haalli diddaa yoo nama  irra dheeratee baruma baraan rakkina ta’uun gaaffii ta’uu isaa kan kan ka’e qaama qabsoo sanaaf balaa ta’uudha. Kanaaf diddaa cimsuun ofirraa dhaabuun barbaachisaa ta’uufi yoo bubule saba miidhuu isaati. Yaada kana uffata adii addaatee turee yeroo dhuma gahu garmalee addaatee yeroo bututu garmalee ba’uufi roorroon namarra ture garmalee namatti hammaachuun hanga lubbuutti kan namatti cimu ta’uu isaa  kan walbira qabudha jedhan. Kanaafuu, haalli roorroofi walfalmii keessatti garmalee cimee dheerate sabanyaachuu isaati. Kanarraa wanti hubatamu xumura argachuu diddaafi yoo namarra ture nama miidhaa deemuu isaa kan ibsudha.

**Dararaa daangaa darbe**

(10) Warri saree maraatuu
Mandara keessa kaatu
Sila badiin dhageessu
Nunyaachuuf nu gaafatu
Warrri saree quluuxuu
Mandara keessa luuxu
Silaa galii hin dhageessu(madda:ST  simannaa ABO M/Shaamboo)

Yaada kana akka qorattuun ibsitettii “Warri saree maraatuu; mandara keessa kaatu. Warrri saree quluuxuu, mandara keessa luuxu.” humnoonni nageenyaa maqaaf nagaa labsaa garuu hawaasa goolaa jiraachuu isaaniiti. Kun immoo haalli siyaasa yeroo sanaa sochiin ture uummata dararuu akka ta’edha. Sareen maraatte waan argite akkuma ciniintu nama jumulaan akka rakkisan mul’isa. Kana irraan kan ka’e silaa badii hindhageessu; silaa galiin dhageessu,” kan jedhu ormi lammii dararee nurraa galuu diddee saba rakkisuufi jibba ishee wallaallattee roorroo namatti ta’uu ibsa. Dabalataan sareen maraatte waan ciniintee dhiistu adda waan hinbaafanneef jirri hawaasa nagaa mirga isaaf falmatu goolan kunis isa badii qabuufi hinqabne osoo adda hinbaasin dararaa oolu.

Akka yaada geeraraa kanaatti saree quluuxuu, saree maraatuu badii fi gali;i hin dhageessu kan jedhan khaala hiika xiinkaalaan yoo ilaalle warra mandara keessa akka saroota kanaa

ta'an qaama mootummaa hidhatee mandara keessa fiigu sanaan bakka buuse. As keessatti akka aadaan uummata oromoottii sareen guyyaa joraa oolti kosirra deemaa oolti, yas yoo jeedhan namatti duutti mandara keessa jooraa oolti waan jedhamte gooti ajajaan raawwati. Safuu hin beektu bakka waa argittee galu hin beektu.

Amala saree kanaa gonfachiisuun haala namoonni sochii humna waraanaa hawaasa keessa fiiguun kanneen uummata rakkisani warri saree maraatuu wayyaaneedha. Haalli sirna wayyaanee humna waraana mandara keessa lakkisuun hawaasa rakkisuufi warra dhisii hindhageenye ta`uu isaa agarsiisa. Kanaafuu, warra akkuma sareen garaan ishee ishee bitee bakka tokkoo waa kajeeltu akkuma saree hawaasa keessa fiiguun hawaasa kan rakkistu kana mormuufi balaleffachuu isaa kan ibsudha. Kana irraa wanti hubatamu sirnichi kan uummata dararuufi kan uummanni yoo jibbanii balaaleffatan illee hawaasa rakkisaa jiraachuu isaa agarsiisfedha hawaasaa malee humnaan bulchuufi abbaa irrummaa falmachuu hawaasaa mul;isa.

**Gaabbii agarsiisuuf**

(11) Maalgoona waa'ee booraa
Teenyee himimmaan hoona
Akka harbuu ganna jigee
Akka haftuu namni didee. (madda:ST simannaa ABO M/Shaamboo)

As keessatti "Maalgoona waa'ee booraa," haala galumsa kana keessaatti geerarsa balaal'aa keessaa fudhatame bu'uura godhachuun haala dhiibbaafi roorroo jiruuf mormii qabu kan ibsatudha. Kun immoo mormaniis miidhaa ta'uun haalli jiru yaaddessaa ta'uu ibsa. kana haala dubbii galumsa hawaasa keessatti inni qabu ilaaluun gama xiinkaala isaan yoo ilaalamu akka aadaa Oromootti jechi 'booree' jedhu maqaa fardaati haata'u malee galumsa adda addaa keessatti hiika hedduu qaba. Booreen gadoo ba`uu, mirgoomudha, olaantuummaafi mo`achuudha faallaa kanaan immoo himmimmaan hoona kan jedhu yaada daa`imman yeroo boo`an himimaan isaanii yaa`ee yeroo afaan isaanitti yaa`uu xuxu irraa kan dhufedha. Kanaafuu,qabsoon lollee olaantummaafi mirga keenya kabachiifachuu baannaan waan diinni nutti fe'u baannee gabrummaa jala jiraachuudha. Kanaaf, qabsoofnee jalaa ba'uunbarbaachisaa ta'uu xiiqessa. Kanaafuu waa`ee booree baafachuu humna dhaburraan

kan ka`ee caraan keenya gadduu, bo`uu fi wantoota isaan godhan fudhachuun obsinee liqimsuu irra falmachuun jalaa ba'uu xaarii barbaachisaa ta'uu ibsa.

Kanaaf harbuun gannaa jigee himimmaan isaa ykn yoo jiiguu aamma aamman dhigni isaa dafee hin qooru achuuma ciisee copha. Dubartiin heeruma dhabde yeroo mara gungumaa deemti kanaaf gammachuu hinqabdu. Kanaafuu, namni gabrummaa jala jiru yeroo hundaa boqonnaa kan hinarganne ta'uu mul'isa. Kun immoo xiiqeffachuun gabrummaa irratti fe'ame baatanii yeroo hundaa gaddaafi boquu buusuun jiraachuun akka nama miidhuufi ofirraa qolachuun darbuu kan cimsudha. Walumaa galatti haalli harbuufi dubartii irraan ga'u yoo booree ba'uu baatan darara ilmaan oromoo irra ga'aa jiru kanaan walqabsiisuunakka qabsootti seenana taasisuuf kan kakaasudha.

Haala kana akka afoolaafi haaldubbii mammaaksaafi afoola adda addaa keessatti ibsaa turaniin haftuun barsagal baatee bartokkoof kadhaa dhaqxi. Jechuun haala dubartoonni heeruma dhaban hanga itti dhagahamu ibsu. Kanaafuu, dhiibbaa uummata kanaas kanaan walqabsiisuun kan waldorgomsiisudha. Namoonnis salphaatti akka hubatan kan gargaarudha. Karaa biraan uummanni Oromoo mukatti, bineensatti lafatti lagatti qabatee waan keessoo isaa ibsata. Fakkeenyaafi hadaamii , harbuufi kanneen isaan madeessan walbira fiduun saba lOromoofi diinota isaanii walbira kabuun dhiyeessuun agarsiisa. Kanaafuu akkuma harbuu ganna jigee yookaan gogee hinqoorre yookaan jiraatee bo'uu hindhiisne fakkeessuun gabrummaa saba keenyaa yeroo mara madaa isaanii kanneen akka hidhaa, reebbichaa, doorsisaa siran wayyaaneen irra ga'u karaa haasaa dhoksaan ibsataa turuu isaa mul'isa.

(12) Gaagura onte taane
Bookeen nutti galtekaa;
Ilmoo dabeessaa taanee
Roorroon nutti hammaate kaa. (Madda WATAH, kan eebbisaa irraa waraabanii)

Walaloo geerarsaa kana keessatti akka qorattuun ibsitetti, Gaagurri kan kaannisni itti galtuufi kanniisaafi bookee gidduu garaagarummaa jiru qabachuun dhiyeesse. Kun immoo akkuma meeshaan hojiitii ala ta'e akka tuffatamufi wanti hintaane akka itti fayyadamu ibsa. Haala kanaan sodaatamuu dhabuu irraan kan ka'e hunduu itti roorrisuu kan ibsudha. Iloom dabeesaa taane hundatu nutti taphata kan jedhu yoo ofiifi laafan kan namaa dubbatu kan

hinjirre ta'uufi akkuma ilaan lugnaa abbaan fedhe ittiin qoosu haalli dhiibbaa mootummaa abbaa irree cimuufi ofirraa falmuun barbaachisaa ta'uudha. Walumaa galatti ergaan /hiikkaan walaloo kanaa biyya abbaa hinqabne taanee abbaan barbaade seenee kan roorrisu ofirraa ittisuu dadhabuun kan goota hinqabne taanee roorroon nutti cimee kanaafuu, falmachuutu baasa yaada jedhu qaba.

**Dhiibbaa Xiinsammuu**

(13) Wayyuu koo yawayyaanee
Kattaa keessa olbaate
Gaafa Oromiyaa sente
Dincha hanqaaquu seete

Akka yaada kanatti waayyaaneen biyyi ishee mijataa kan hintaaneefi haalli haala biyya ishee keessatti argitee hinbeekne waan argiteef uummata kana rakkisuu ishee kan mul'isudha. Haalli gabina lafaa oomisha dinnichaa sana caalaa gaarummaa biyya kanaa waan hubatteef saba kana dararuu ishee ta'uu ibsu.

Gaafa didibbee sana
Odaa bulluq gaafattee
Darajjee galafatte
Shaambuun harka galfatte

As keessatti immoo raawwii yeroo biyya kana seente gocha isheen aanaa horroo keessatti raawwatte sana yaadachiisuun gocha wayyaanee kana balaaleffachuu isaa kan mul'isu ta'uu ibse. Didibbeen maqaa bakkaa aanaa horroo Fincaa'aafi Magaalaa shaamboo gidduutti argamu bakka waraanni cimaan wayyaaneen gaggeessitee lubbuun namoota hedduu itti darbedha. Sanaan boodas namootni naannoo sanaa sababa diddaa siyaasaa irraan kan ka'e baay'een gidirfamaniiru,ajjeeffamaniiru,isaan kana keessaa hawaasa horroo biratti, baay'ee jaallatamaafi adda duree kana ture Darajjeen namoota wareegaman keessa isa tokko yoo ta'u eelaa sirna kanaa maal akka ta'e hawaasa naannoo sanaa biratti seenaa fokkisaa qabaachuusaa ibsa.

Kistaanarraan dabarte
Biyya keenya qabatte

Maazooraarraan gad gorte
Sukkarayyuu zarafte
Lammii hiitee garafte
Kaffaaloo miila murte
Barootaaf nudararte
Kanaafan bo'a dhiiga

Haala kanas wayyaaneen haala godinichaa harka keessa erga galfattee qabeenya naannichaa harka keessa galfachuufi namoota roorroo jibban qaama muruu ajjeesuufi hidhuun dararaa turuu isheefi qabeenya hawaasicha hawaasa irraa ugguruun dhuunffachuu ishee kan ibsudha. Haala waliigala walaloo geerarsa kanneen olii kan irraa hubachuun danda'ametti sirrnichi sirrii akka hintaaneefi garee tokkoof kan oogu ta'uu nama hubachiisa. Hawaasa miidhuun qabeenya hawaasaa saamaa turuu ishee kan ibsuufi hawaasichi roorroo jala rakkachaa turuu ibsa.

(14) Gaattiraan silaa latu x2
Achumaan gogee bada
Dabeessa faana loliin
Dabeessi silaalolu
Sitti dhiisee baqata x2
Sitti dhiisee.. baqatakaay

Akka qabiyyee geerarasa kanaatti gaattiraan gosa mukaa hin latnedha. Haala dabeessaafi muka kana walbira qabee dhiyeessedha. Haalli dabeessi bu'aa buusu kan ibsu yoo ta'u, gootni biyyaaf falmata dabarsees biyyaaf of kennuu kan ibsudha. Dabeessi garuu diddaa jala daabachuu kan hindandeenyeef dabarsee lammiifi biyya isaa kennuu kan hubachiisuufi gootni dursee itti yaadee nama isa fakkaatu waliin akka qabsaa'uu kan ibsudha. Haalu ma kanaa itti fufuun akka s jechuun geerara.

(15) Ijoolleen harka latte
Dhageessanii lammii koo
Isheen kaan gantuu taate
Isheen kaan maltuu taate
Kaanoo miseensa taate

Woboon diin bobeessa
Kanoo manaat odeessa x2

Adeemsa siyaasa yeroo diddaa baroota sanaa keessatti kanneen laga jiraniifi kanneen harka kennatan qeeqa. Kunis ijoolleen harka kennatan kaayyoo manaa bahaniifi dagachuun dabarsanii ofkennuun kaayyoo diinaaf tumsa gochuun ergama diinaa qabachuu ibse. Kunis maltuu ta'uu. Ergama diinaa fudhachuun ijoollee qabsoo irra jiran irratti shira xaxu; miseensa diinaa ta'uun eenyummaa isaanii irraanfachuun saba roorroof saaxiluu kan isudha.

**ijibbaata**

(16) Wayyanee wayyaa adii
Ija koo duraa badi.
Wayyaanee harka dhiigaa
Titiisa duukaa fiiga
Lammii kootu itti dhiiga
Kanaaf onneen nadhiiga.
Halkaniif guyyaan fiiga.

Haala kana qorattuun qabiyyee geerarsa kanaa hiikanitti, "wayyaanee wayyaa adii ija koo duraa badii" kan jedhu haala aadaa hawaasichaa balleessuun eenyummaa, haala uffanaa calaqqee aadaa eenyummaa isaan hawaas irratti fe'an walqabsiisuun ilaalamuu akka danda'udha. Kanaaf, haala isaanii kana fudhachuu dhiisuu geeraraafi haala ilaalcha hawaasaa isaaniif qabu ibsa.

Karaa biraan buusaa walaloo kana keessatti, "wayyaanee harka dhiigaa titiisa duukaa fiiga" kun kan ibsu bal'aa ta'uu danda'a akka yaada garee kanaatti, sirni wayyaanee yeroo ture keessatti lammiilee dararuufi ajjechaa hamaa raawwachuu isaa kan mul'isu; gumaan lammii keenyaa harka isaanii irraa barbaadamuu isaa kan ibsu diina uummata kanaa akka titiisaa tuttuqaa bal'aa qabaachuu akka ta'e ibsan. Yaada kaanaafi akka yaada qorattuuttis yaanni hiika karribsoon isaa wayyaaneenen waan uummata Oromootti fe'aa turte balaaleffachuufi ilmaan namaa ajjeesuun harki isaanii gumaafi xuraa'aa ta'uufi tuffatamtuu akka titiisaa waan hunda keessa seentu ta'uu jibba uummanni qabu kan ibsudha. Kanaaf, dhaloonni kun xiiqiin diddaa agarsiisuu isaa hubachiisa.

Karaa biraan faayidaa hawaasaa keessatti waliin walqabsiisuun dhiibbaa sirna sanaa balaaleffachaa turaniiru.

(17) Wayyoo wayyoo wayyanee, waluma kee wallaaalle
Kaabineeti hudduu gattee sukkaara keenya samte
Lafa keenya gurgurte, qeerroo keenya uggurte
Beekaa keenya awwaalte meeqa himnee dandenyaa
Barbaannaan miila kutta, hammattu xiitiin dhoofta
Qeerroon baatee falmatte kun egaa danqamte

Sirna yeroo sana ture namoota ummataaf yaada sirrii hinqabne faayidaa gurguddaa kenuufiidhaan ummata miidha turuu kan ibsuudha. Hawaasni meeshaalee bu'uuraa illee maallaqa isaatiin akka hinbitanne bitamtootaan ummata goolaa turuu isaaniiti. Kana qofaa miti, namoota hawaasaaf quuqma qabanaraatti bahan miidhaa adda addaa irraan gahaa turuufi danqaa adda addaa dura kahaa turuu ibsuuf geeraesi kun hawaasaa naannoo Horrootiin geeraramuu isaati.
Haala kan keessatti namoota quuqama sabaa qaban kaan doorsisaa, kaan biyyaa ari'aa, kaan miidhaa qaamaafi sammuu irraan gahaa, kaan ammoo lubbuu dabarsaa turuu isaaniiti. Akkasumas qeerroon dhimmoota hawaasa rakkisan kana falmachuuf yeroo sosochii sanaa saamicha sukkaaraa haala isaan uummata irratti raawwatan kana ibsuun daandii cufuun akka qabsootti seenan taasisaa turan. Kun immoo sochiin siyaasaa akka caalaatti cimu godhe.

Karaa biraan gootota qabsoof manaa ba'anii wareegaman faarsuun dargaggoota onnachiisaa qabsoo finiinsaa akka fincilan taasiseera haala kanas Sabboonaa Tafarraa gootota lubbuun darban faarsuun kan jiran jajjabeessuun seenaa tarkaanfachiisuun qabsoo itti fufsiisuu ibsa.

(18) Si arge ya kaabinee
Dawoo wayyaanee taatee
Lafa keenya gurgurtee
Ofii mana ijarratte
Lammii keenya hunkurte
Kaan hidhaatti guurte
Dharaan haqa awwaalte

Ishee jala kurkurtee sobaan saba gurgurtee

Saba keenya hiraartee afaan qawweetiif laatte

As keessatti akka buusaa jalqabaa kaabineefi wayyaanee walbira qabee dhiyeesse. Kunis kaabineen akka wayyaanee gamnaafi faayidaa karaa hin maleefii haala gamnummaa qabuun dhimma dhuunfaaf gamnummaa kaabinee mul'isa. Haala kana keessattis kaabineen afaan wayyaanee ta'uun saba dabarsee qaama lammataaf laachuun miidhaa irraan geessisuun faayidaa dhuunfaafi ergamtuu ta'uun dhugaa dhoksuun hidhaafi ajjeechaa akka cimu taasisuudha. As keessatti saba afaan qawween miidhuun dantaa isaaniifi ormi dantaa isaa akka raawwatatu taasisuu akka ta'edha.

(19) Warri poolisii Horroo harkaan nama kabalu

Halkan nama dararu sobaan faradda jedhu

Jiraatti fayyaa dhabne harka miila hidhamne

Alagaadhaan dhiitamne keenyumaan harka dhabne

Safuu keenya daganne walumaan walganne x2

Waraabbii kana irraa kan hubatamu akka haasgochaatti fudhannee yoo ibsinu humni nageenyaa biyyaa eegsisuu osoo qabuu dararaa adda addaa ummata irraan gahuu isaati. Kana irraa ka'uunis hawaasni naannoo Horroo geerarsa kana akka hubataniif geeraruu isaaniiti. Dabalataan humni nageenyaa qaama hundaaf osoo dhaabbachuu qabuu afaan mootummaa yookiin paartii biyya bulchaajiruu dhagahuun ummata kijibaan hidhu, doorsisuufi miidhaa qaamaa akkasumas xiinsammuu irraan gahaa turan. Balaaleffanaa waan kanaaf jecha geerarsa gosa kanaan quuqaa isaan keessa jiran hawaasni ibsata. Kana geerare nama yeroo sana mana hidhaa seenee rakkina mana hidhaa keessatti irra ga'eefi miidhaa qaama adda addaan irra ga'aa ture kan balaaleffataa jira. Haaluma kanaan gocha dararaa mana hidhaa keessatti reebicha, ragaa sobaa akka raawwatan taasisuu harka alagaaf dabarsanii kennuun miidhaa geessisuu alagaa kan calaqqisiisudha.

As keessatti nama geerarsa qabiyyee geerarsa armaan olitti buusaa adda addaa dhiyaate keessatti yaanni geerarsa kanaa haala amma oromiyaa keessa jiru yoo ilaalamu yeroo itti namoonni hidhaatti guuraman. Sabni isaa saba biraatte dabarsee kennee sabni naannoo aanaa horroo kun mana hidhaatti geeffamuufi miidhaa qaamaa irra gahaa turuudha. Haalli rakkinni

uummatarra ga'aa turee uummanni ba'ee qabsootti seenee ofirraa qolate ammas hawaasichi akka muuxannootti waan fayyadamuuf bu'aa guddaa qaba.

Kana malees, namoonni kaleessa kaabineen qaama biyya bulchu waliin ta'uun uummata rakkisaa turan haala sosochii ilaaluun gara qeerrootti makanii wayyaanee jalaa baasan. Sana irra dhaababachuun tooftaa itti tokkummaan ijaaramu bu'uura guddaa buusa. Darbees geerarsoota kana fayyadamuun akka dhimma itti ba'aniif gargaara.

Akka qorattuun ibsitetti immoo tooftaa qabsoo dura ture sana fayyadamuun raawwii isaa jijjiiraa deemuun sosochii roga siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa ciminaan walqabsiisuun akka milkaa'u taasisuuf akka ka'umsaatti gargaara. Akkasumas, akka TB ibsetti haalli yoomessa yeroo kana jiruufi kan yeroo sanaa walitti dhufeenya qabu. Kanaafuu, sirbootaafi geerarsoota yeroo sanaa gara kanatti luucca'uu waan danda'uuf bu'a qabeessadha.

**Qabiyyeen geerarsa kana Lammiitu lammiif dhaabbata**

(20) Gaachana fardaaf bitu (2)
Farda lolaaf yaabbatu (2)
Ilma lammiif hojjetu (2)
Hennasheen lammii gantu
Qeerroon gamtaan ilaalee
Ofirraa ishee darbatu (2)

Geerarsi kun ta'uu baannaan gantuun lammii hintaatu jechuuf kan geeraramandha.Jechoonni akka:Gaachana Fardaaf,Farda lolaaf,Ilma lammiif,kunneen waliin ta'uun tokkummaan roorroo didda siyaasaan dhufe qolachuuf human kan qaban ta'uu ibsuufi. Kana malees,Ilmi kan dhalatu lammii isaafi malee,lammiisaatti baandaa ta'uuf miti jechuu ibsuufi. Gaachanni Farda faanaa yoo qabatame tola/bareeda.Fardi gaafa lolaa yoo duulee bareeda,ilmis lammiif yoo hojjete tola.Kanaaf kana keessatti gantoota/ Goobanoota baandota siyaasa keessatti akka ofitti deebi'anii lammii isaaniitti deebi'an kan dhabamsiisuu kan galedha.Kanaafuu, qabsoo xiiqeffachuun saba ofii qaaniifi salphina jalaa baasuun barbaachisaa ta'uufi salphaatti sababa fedhiin kufaatiin dhufu salphina waan ta'eef ciminni murteessa ta'uu isaa ibsa.

(21)Anaa dabtarii buuse
Waan dubbatu dhabe

Gad jedhee  himimmaan buuse
Himimmaan dhiiraa dhiga
Kanaaf na baatee fiiga

Haala itti fayyadama geerarsa siyaasaa kana keessa jiru yoo ilaalle geeraraan dabtara buusuu,waan dubbatu wallaaluu, himmimmaan dhiiraafi dhiiga, fiiguun yaadota ijoodha. Kun immoo dabtarii buusuun barnoota dhiisuu addaan kutuudha. Waan dubbatu dhabuun waan godhu dhabee dhiphachuu yoota'u dhiphinarraan kan ka'e gaddaafi bo'ichaan miira isaa ibsachuun garaa jabeenyaan mutoo fudhachhuu fala barbaaduuf kaachuudha.

Namni tokko wantoonni kaayyo manaa ba`eef isa danqan itti ulfaachuu rakkatu sochii kaayyoosaa galma geessisan fala barbaaduutti yoo seenu dhiphuun jirachuuf murtoo hamaa fudhachuu isaati. Kanaafuu kaan dhiisee kan dursa argachuu qabu faan kaachuudha. Barnootaafi bilisummaa gidduu yaada lamaan keessa murtoo fudhachuun haala kan mileessuuf waan ulfaataa xiiqiin keessa darbuudha  gama biraan immoo akka aadaa Oromootti  dhirri laphee jabeessafi obsa waan qabuuf salphaatti hin boo`u. akka aadaattis dhiira garaatu boo`a jedhu. Dhirri  laphee jabeessaafi garaa kuteessa ta'a gaafa garmalee ulfaate murtee hamaa fudhachuu isaati.

Kanaafuu Himmimaan dhiiraa haanga  madaa`u /humnaa olta`ee malee kan hin buunee ta'uufi . Yoo aare garaa muratee ka`e obsa kan hin laanneefi gara murtootti  kan seenu ta`uu isaa mul`isa.

Haaluma armaan olitti dhiyaateen gerarsoota qabsoo bar asana geeraraman keessa  kan fudhatame kan armaan gadii kunis kutaa geerarsa Sabboonaa Tafarraa keessa fudhatame.

(22) Haandaaqqoon barri iyyaa
Weenniin baraaqa (korrisa) iyyaa
Bara waaq namatti iyye
Namatti iyya namni isaa
Hin bar`ii laftii isaa

Akka aadaa Oromottis  ta'e haala biyya keenyaattis hadaaaqqoon lafa barii beeka; weenninis sa`aati barii waaree yeroo isaa eegee korisa. Kun immoo kennaa uumaa uumamaati. Akka geerarsa kanaatti haala yeroo beekuu isaniifi waan uumaan eeyyameefi argachuu

bineensotaataai haala dhala namaa kan ibsudha. Akkasumas muka jiigetti qottoon baay`ata akkuma jedhamu bara dabni namantti jallate uumamni illee kan namaa hin hilleefi rakkoo naatti kan dabalu ta’uu isaati. Kunis bara haalli nama rakkise namnis rakkina namati dabala jechuudha. Kanaafuu,yeroo namni rakko tokko keessa galu rakkootu dabalama malee dhibee namaa hinfuru. Kun immoo gochaa alagaan namarraan ga’u ibsa. Karaa biraa barii lafaa rakkina dhala namaa walbira qabuun wal dorgomsiisa. Bariin lafaa rakkinni dheerachuun bara dheeraa gabroomuu saba oromoo kana kan ibsudha. Akkuma gaafa yaadaan qabamanii hirribni diduun lafti barii didu rakkoon akka haalkan sanaa dheerachuu isaati. Kanaafuu, gabrummaan waantoonii uumaan eeyyameefi iddoo isaani kan hin gadhiisneefi bara rakkinni /roorroon haamaate(bari namatti jabaatee) namni akka namaaf rakkoo ta’eefi. Roorroo abbaatu falmatee keessa a;kka ba’uufi alagaan akka keessa nama hinbaafne ta’uu mul’isa.

Kana malees, geerarsoonni haala adda addaa keessatti hawaasicha keessatti adeemsifamaa turaniiru. fakeenyaaf, akka wajjira aadaafi tuurizimii godina HGWtti waraabamee taa’ee jiruufi iddattoonni muuxannoo isaanii irraa ibsanitti geerarsi diddaa haala adda addaan dhiyaachaa turaniiru.

### 4.2. Faayidaa Geerarsa Diddaa Qaacceffamanii

Akka qaaccessa armaan olii irraa hubachuun danda’ametti, akka naannoo qorannoo kanaatti geerarsi bara sosochii siyaasa baroota darban keessa bal’inaan hojiirra oolaa akka turan ragaleen qaacceffaman ragaadha. Kunis kannneen galmaa’anii oltaa’aniifi kanneen suursagaleen waraabamanii jiran irraa fudhataman. Kannneen waraabanii oltaa’an keessaa geerarsa kan uffisa bal’aa argateefi sosochii hawaasaa cimsuun qabsoo uummatichaa keessatti geerarsa qeerroo bilisummaa SabboonaaTafarraa bal’inaan dhiyaate. Akka ragaa qaaccessa kanaatti (1)jalatti dhiyaatee qaacceffametti gerarsi waan keessoo issa yaada dhoksaa mormii qaban waldorgomsiisuun dhiyeessuudha. Akka (2) jalatti dhiyaatetti immoo doorsisa balaaleffachuun dubbii xiiqii ta’e haala ulfaataa ta’e keessatti diddaan seetoon keessa darbuu akka ta’e mul’isa. Akkasumas (3) jalatti yaada cimanii sodaafi qarqara labuu dhiisanii falmachuu yaada rime gara jabinaa qabatee dhiyaate.

Akka walii galaatti buusaalee adda addaa keessatti geerarsi meeshaa cimaa fakkeessuun fakeenyaafi miliquun yaada ofii ibsachuu kan mul'isu ta'uu nama hubachiisa. Kana malees haala qabiyyee isaaniin haala adda addaan haamileessuufi xiiqeessuun mormiifi dorgomsiisaa yaadonni jedhaman achi keessatti bakka bu'uu danda'u.

Ibsoota oliirraa geerarsi mil'uun isaa mormiifi haamileessuun dargaggoota kan kakaasu akka ta'e ibse. Karaa biraan qaaccessa dhiyaate ibsu irraa hubatamu geerarsi kan namoonni haala keessa jiran ibsachuuf haasaa dhokataatti dhimma ba'aa turan garuu yeroo sana kan namoonni ofii uummatanii ykn akkeessuun haala yeroo sanaa balaaleffachuu, tokkoomsuu kan dalagamaa ture gosa sirbaati.

Yadarimeewwan qaaccessa irraa argaman ibsanitti qamolee mootummaa yeroo sana uummata irratti dhiibbaa geessisan adda addaa balaaleffachuun saamicha, hanna adeemsifamaa ture saaxiluu, qabeenya uummataa saamaman irrati kanneen xiyyeeffatan geerarsi diddaa fayyadamuun rakkoo hawaasummaa babala'ate irratti kan xiyyeeffatu akka ta'eetti ilalama. Yaanni geerarsa diddaa namoota sababa ifa hintaaneef mana hidhaa seenan, dhiittaa, cunqursaa mirga dhala namaa ture sana ifa baasuun hawaasni akka hirmaachuun falmatuuf meeshaa dadamaksituu yaadrimee jedhu illee ibsa. Walumaa galatti yaadrimeen geerarsa diddaa baroota kanaa sochii qeerroon qaama biyya bulchu waliin taasisaa ture irratti yaadrimmee sosochii uummataa, haala hirmaannaan uummataa tokkummaan ijaaramu, eelaa duraan ture ibsuunfincila babal'isuun qabsoon bilisummaati.

### 4.3. Qabiyyeewwan Geerarsa Diddaa Qaacceffamanii

Akka ragaan qaaccessa geerarsa armaan olii irraa hubachuun danda'ametti geerarsoonni haalli isaan diddaa agarsiisan buusaalee 1-22 dhiyaata tokko tokkoon yoo ilaalle qabiyyee adda addaa fayyadamuun diddaa agariisanii jiru. Ragaalee qorannichaa tooftaa adda addaan maddeen ragaa gara garaa irra funaanamee agarsiisutti godina Horro Guduruu Wallaggaa Aanaa Horroo keessatti baroota darbaan sosochiin siyaasaa gaggeeffamaa ture keessatti gosoonni sirbaa adda addaa dabalatee geerarsa diddaa akka fayyadamaa turan ta'uu ragaaleen kuufamanii jiraniifi ragaaleen waraabamanii jiran ni ibsu. Akka ragaaleen qaacceffaman mul'isanitti geerarsi diddaa yeroo sanaa qabiyyee adda addaa qaba. Akka waajjira Aadaafi Tuurizimii aanaa horroo bara 2011 keessa afoola adda addaa walitti qabuuf yaalan keesstti

geerarsa diddaa fudhatamanii qaacceffaman qabiyyee geerarsa adda addaa qabu. Akkasumas, akka geerarsoota waraabamanii suursagaleen jiran qaacceffamanis haala qabiyyee isaa buusaalee adda addaa 1- 22 jiran jalatti bal'ina kan qabu ta'ee roorroo, jibba, hamileessuu, xiiqessuu, of dagachuu, hirmachisummaa, miidhaafi kkf qabatanii kan dhiyaatedha.

Gama qabiyyee bu'uura hiikaa xiinkaalaan yoo ibsamus mirga ofii falmachuu, aarsaa kaffaluun hamma wareegama lubbuu iyyuu yoo ta'e soda dhiisuun yaada bira goruufi garqara labuu irra hirmaanna cimaatu murteessa. Akka yaada qaaccessa kanaatti namoonni keessatti hirmaachuun qooda isaan akka bahaniifi raawwiin kan madaalamu haala hirmaannaafi waan raawwatameen ta'uudha.

Qabiyyeewwan Geerarsoota qaacceffaman kanaa irrisaa Yoo ilaalaman haala adda addaatti qabachuun dhiyaatani haata'u malee bu'uura hiika xiinkaalaa isaan garuu qabiyyeen isaa irra caalaan adda adda. Kanaafuu, qabiyyeen gerarsa diddaa qaacceffamanii bu'uura ergaa isaan dhiyaatanii taa'uu qabu. Fakkeenyaaf, (4) jalatti qabiyyeen walalichaa muka digaluu, gatamaafi mukeen muka irratti dhalatanii guddatanii boodarra hundee muka sanaa balleessuun ofii bakka qabatu akka ta'edha. Ergaan isaa garuu ambaan lammii irra dhufee lammii buqqisuudha. Kanaaf qabiyyeen kan irra keessaa sana otoo hintaane qabiyyee isa dhokataadha. Kaanaafuu diddaa hacuuccaafi cunqursaa diinaati.

Akka cittuu yaada geerarsa kanaatti xiyyeeffannoon akka qabiyyeetti irraa hubatamuu danda'u sababa hacuucaan saba kana irratti turuu yoo ta'u qabiyyeen isaa rakkina dheerachuun miidhaa cimuu isaati. Adeemsa siyaasa Oromoo keessatti mootonni gonfoofi abbaa irree itti walfuraa turaniifi baroota hedduuf qabsoo qofa ta'uufi rakkoon isaa maal akka ta'e hubachuu dhabuufi fala rakkoo sanaa soquuf kan dhiyaatedha. Adeemsota kana keessatti uummanni kun takkaallee callisee kan hinteenye ta'uu hubachiisa. As keessattis uummanni kun aarsaa hedduu kaffaluufi wareegama hedduu itti baasuu isaa ibsa.

## 4.4. Faayidaa Ergaa dhoksaa ilaalcha Geerarsa duba jiruu

Akka qaaccessa kana irra hubachuun danda’ametti geerarsoonni baroota kuma lamaaf kudha tokko sassabamanii qaacceffaman ibsanitti geerarsi hawaasa dadamaksuun haamilee itti horuun akka xiiqeffatan taasiseera. Hawaasni sagalee tokkon akka waldhaggeeffatan hawaasa ijaaraa, haamileessaa ibsaa, ejjennoo akka qabaatan gochuu akka danda’u hubachiiseera. Karaa biraan geerarsi seera duratti illee akka hin adabamne jalaa nama miliqas. Kanaafuu, dandeetti dubbii bifa midhagaa ta’een dubbii dalgaan dhiyaatu haasaa miidhagaadha. Geerarsi bara sanaas haaluma kanaan haala sochii siyaasaa keessatti balaaleffachuuf itti fayyadamaa turaniif ibsaniiru. Ummanni Aanaa Horroo faayidaa ergaa dhoksaa ilaalcha Geerarsa dubaa jiraani irratti gama mootummaan icciitii baasuun haala hawaasni hubatuun ergaa ibsuun qaama mootummaa laaffisuuf akka ooleetti ibsameera.

Qaaccessa kana irraa kan hubatamu akka gama hiika xiinkaalaan fudhannee yoo ibsinu humni nageenyaa biyyaa eegsisuu osoo qabuu dararaa adda addaa ummata irraan gahuu ibsuuf oolaa ture. Gochaa mootummaa balaaleffachuun hawaasa dadamaksuun sochii hawaasaa uumuun uummanni akka falmatu gaheen geerarsaa bal’aa ta’uu isaa nama hubachiisa.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

## 5.1. Cuunfa

Mata dureen qorannoo kanaa xiinxala ergaa dhoksaa geerarsa diddaa siyaasaa: gama xinkaalaatiin kan jedhudha. Qorannoon kunis Godina Horroo guduruu Wallaggaa Aanaa Horrootti gaggeeffame. Kaayyoon gooroo qorannoo kana ergaa dhoksaa geerarsa diddaa siyaasaa baroota darbanii gama xiinkaalaan addaan baasuun ibsuudha. Geerarsa Aanaa Horroo keessatti geeraramaa turan keessaa kanneen diddaa siyaasaa mul'isan fo'uun gama xiinkaalaatiin addaan baasuun ibsuudha. Akka kaayyoo gooreetti immoo geerarsi diddaa siyaasaa ergaa dhoksaa ilaalcha geerarsa dubaa jiraani addaa baasuu; qabiyyee geerarsa diddaa siyaasa addaan baasuun ibsuu; faayidaa geerarsa diddaa siyaasaa hiikaa gama xiinkaalaan ibsuudha.

Adeemsa raawwii qorannoo kana keessatti ragaaleen madda ragaa tokkoffaafi madda raga lammaffaa irraa walitti qabaman. Sababni isaas, Maddi ragaalee qorannichaa geerarsoota yeroo sana geeraraman kaasetta isaanii sakatta'uun qabiyyee isaa adda baasuun sagalee dhaggeeffachuun barreeffamatti jijjiiruun qaacceffame. Akkasumas, kanneen barreeffamanii oltaa'aniiran waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanichaa keessaa fudhachuunis qaacceffameera. Ragaalee qaccessuu keessatti namoota waa'ee siyaasa yeroo sanaa irratti hubannoo qaban jedhamuun filataman iyyaafachuun gaggeessite. Malli iddattoo qorattuun dhimma itti baates mala iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling)fi mala darbaa dabarsaa (snowball sampling gargaaramuun ture. Qorannoo kana keessatti ragaaleen qorannoo kanaa ittiin sassaabame meeshaan funaansa kanneen waraabamanii taa'an dhaggeeffachuufi kanneen barreeffamaan oltaa'aniiran sakatta'uun waan ta'eef irra caalaan isaa sakatta'a galmeeti. Kun immoo geerarsoota yeroo sana sasaabamanii oltaa'an Waajjira Aadaafi Tuurizimiifi kanneen waraabamanii taa'aniiran suursagalee isaa madda adda addaa sakatta'uun daawwachuun barreeffamatti jijjiiruun raawwatame. Qorattittiin namoota iddattoof filatamanii ragaaleen irraa funnaanaman xiinxaluuf mala qorannoo akkamtaatti dhimma baate. Haaluma kanaan faayidaan hiikkaan xiinkaalaa qaaccessa kanaas geerarsi diddaa siyaasaa yeroo sanaa mormii haala sirna wayyaaneefi hoggantoota yeroo sanaa gocha badaa hojjetan kan balaaleffatuufi dargaggoota mormiif kan kakaasu ta'ee dhiibbaa siyaasa cimaa kan uumedha.

## 5.2. Argannoo

Mata duree qorannichaa xiinxala ergaa dhoksaa geerarsa diddaa siyaasaa; Haala Godina Horroo Guduruu Wallaggaatti Aanaa Horroo baroota darbani gama xiinkaalaan jedhudha. Haaluma kanaan ragaaleen qorannichaaf funanaman erga qaacceffamaniin booda ibsa haala qabatama galumsa geerarsa diddaa siyaasaa yeroo sanaa bu'uura ibsoota xiinqooqa hawaasaatiin (sociolinguistic expressions) qabiyyeewwan hiikaa galumsaa, fayyadama dubbiiwwan qoolaati. Akka xiinxala ragaa adeemsifameen xiinxala ergaa dhoksaa, qabiyyeefi faayidaa hiikaa xiinkaalaa akkamiin akkaa ibsuu danda'u galumsa haasaa dhiyeessa geerarsaa qorannoon kun irratti gaggeeffame keessatti hiikkaan dhimma itti ba'ame hiikkaa qabatama yoomeessa geerarsa aadaa hawaasichaa bu'uura godhachuun gaggeeffame. Jechoonni, gaaleewwan, himoonni adeemsa xiinxala ergaa dhoksaa geerarsa diddaa siyaasa duuba jiranii kana keessatti fayyadaman aadaa hawaasaa bu'uura taasisu ta'uu qorannoo kanaan bira ga'ameera.

Akka xiinxala qaacceffama ragaa qorannichaatiin bu'aa argame ibsutti haala qabatama yeroo irratti hundaa'ee waan dhiyaateef jechoonniifi haalli fayyadama isaanii hiikuun yeroo booda rakkisaa ta'uu akka danda'u qorannoo kanaan irra gahameera

Akkasumas jechoota cehanii hin jiraanne haala yeroo sanaa hubachiisan fayyadaman. Bu'aan qorannichaatiin qabiyyeen geerarsa hiika galumsaafi hiika addaa galumsa bu'uura aadaa hawaasan hiikamantu dhimma itti bahame, dubbiiwwan qoolaati. Haaluma kanaan bu'aan qorannichaa akka agarsiisutti ergaa dhokataa hiika dachaan bifa siyaasaafi isaan hin saaxilleefi darbee darbee yeroo siyaasni finiinee diddaan cimaa turetti kallattii jechoota ulfaatoo fayyadamuun yaada isaanii ibsataniiru. Kun immoo akka qorannoo kana irraa hubatamutti haala ittifayyadama geerarsaa gama xiinkaalaan haala qabiyyeewwan geerarsaa cimsa. Haaluma kanaan ergaa barbaadan dabarfachuun bifa amaleessuun wantoota amala namaa hin qabne amala namaa gonfachiisuun hiika addaa ibsuun faayyadamaniiru. Kanas qorattiin hiika dubbii kana sirriitti xiinxaluun hubatee dhimma itti batee jirti.

Akkasums wantoota itti fayyadama galumsa hiika geerarsa diddaa siyaasa keessatti haala itti geerarsa isaanii bifa hiika dhokataa qabuun ergaa dacha aadaa hawaasichaa hiika addaa jechootaa, gaaleewwa, ciroowwaanfi himootaa bifa walaloon dabaalani ergaa dabarfachuu

barbaadan haala nama hawwatuun geerarsa raawwatamaa ture keessatti dhimma itti bahaman mallattolee garaa garaa akka ilaalcha hawaasichaatti ergaa garaa garaa qabaatanitti akka fayyadamniiran agarsiise.

Akkaataan itti fayadama geerarsa isaanii haala qabatamaa keessa jiran jechoota filachuun ergaa dhoksaa geerarsa duuba jiranii irratti haala keessoo isaanii ibsachuuf geerarsi meeshaa cimaa ta'uun isaa adda ba'eera. Kun immoo haala jiruuf jireenya hawaasaa keessatti akkaataa namaa galuu dand'uufi bifa hawwataa ta'een karaa ittiin ergaa isaanii dabarfatan keessatti bifa nageenyaafi xiinsammu namaa hin miineen qabatama siyaasa jiru agarsiisaniiru.

Akkasumas, weellistoonni jechoota haala guyyuu hawaasaa keessatti akka yakkaatti ilaalaman fayyadamuun qabata taatee gochaa waan biraan golguun geeraruun nageenya isaanii gama siyaasa dinagdeen dhufu jalaa miliqaniiru. Karaa biraan haala qabatama siyaasaa hubachuun haala hawaasa sochoosuu danda'uun haamilee itti horuun gara fuula duraatti akka cimanii tarkaanfataniif bu'aa guddaa buusaniiru. Haala sochii hawaasaa keessatti yeedaloofi walaloon geerarsaa dhiyaatu jechoonni fayyadamaniifi ergaan isaan dabarfatan irratti ilaalchi jiru fayyadama geerarsaa xiinxalamee adda baheera. Kunis walitti dhufeenya geerasa diddaa siyaasa, ergaa dhoksaafi haala galumsa yoomessa adda adda keessatti haala qindaa'ina ergaa darbu bu'uureffatee miidhagee dhiyaatee hawaasa tuttuqqii tokko malee dammaksuu isaa kan agarsiisudha. Akkaataa kanaan rakkoo siyaasa, dinagdeefi hawaasummaa ibsuuf itti dhimma bahaaniidha.kanaaf ulfina, sodaafi raawwatummaa qabaachuun kan ittiin ifa bahe ibsoota geerarsa diddaa siyaasa gama xinkaalaan ta'an faayidaawwan yookiin argannoo qorannoo kanaati jechuun qorattuun yaada ishee goolabdeetti.

### 5.3. Yaboo Qorannichaa

Qorannoon kun ergaa dhoksaa geerarsa diddaa siyaasa Aanaa Horroo bu'uura yaaxxina xinqooqa fayyadama galumsa hiika dubbiifi yaaxxina hiikaa xiinkaalaa keessatti hojiirra oolu irratti qofa kan gaggeeffamedha. Yaaxxinoonni kunniin dhimmoota fayyadama galumsa hiika afaanii dhimmoota itti fayyadaman hiika galumsaa dubbii afoola hunda keessa jiru hunda waliin hingeenye. Akkasumas geerarsi diddaa kuni sadarkaalee maatii irraa kaasee hanga diddaa mootummaatti jiru tokko tokkoon adda baasee hin seeccaane. Geerarsi diddaa siyaasa

baroota sanaa karaalee hawaasni Oromoo roorroo isaa ittiin ibsataa ture keessaa isa tokko ta'uu ibsa. Haalum akanaan bu'aa qorannoo kana irraa ka'uun qamooleen hawaasaa qoratoonni weellistoonni ykn hirmaattonni haala ta'uu qabuun akka raawwatan yaanni armaan gadii kun dhiyaateera. Bu'uuruma kanaan:

- Qorattoonni mata duree kana irratti fuula duratti qorannoo gaggeessu barbaadan yaaxxinoota hiikaa xiinkaalaa haala galumsa afaanichaan dhimmoota hawaasaa kanneen qorannoo kana keessatti dhiyaatan irratti kan biroo dabaluun osoo gadi fageenyaan qorqttaan gaariidha.

- Akkuma geerarsa diddaa siyaasa kana haala itti fayyadama afaanii galumsa sochii hawaasummaa keessa jiru hundaan haala xiinxala ergaa dabalataan ibsuun otoo dhiyeessan gaariidha.

- Haala itti fayyadamaafi qindaa'in afoolaa hiika dhiyaatuun walbira qabuun geerarsaa hunda keessatti dhimma itti bahaman hiika galumsaa isaanii qabatanii sirna barnoota Afaan Oromoo keessa osoo galee barattoonni falaasama geerarsa akka beekan taasifamee gaariidha.

- Hirmaattota hawaasaa keessatti haala kanaaf kalaqa qabaniifi akka kalaqni fayyadama afaan kanaaf qaban akka cimuuf haalli mijataan qophaa'eefii caalatti akka kuufamu gochuuf jajjabinni otoo taasifameefii gaariidha.

- Haali itti fayyadama geerarsa diddaa siyaasaa haala qabatama yeroo irratti hundaa'uu qabatama yeroo bu'uura godhatee waan dhiyaatuuf yeroo yeroon otoo galmaa'aa xiinxalamaa deeme guddina afaanichaaf bu'aa guddaa waan buusuuf otoo itti fufinsa qabaate gaariidha.

- Haalla siyaasa biyya tokko keessatti itti fayyadamni afaanii bifa yeedaloofi walaloon dhiyaatu murteessaadha kanaaf haala jijjiirama kun keessattii akka xiinxalamuufi hawaasni itti fayyadamuuf artiifi artistoo Oromoo kanaaf bakka kennanii akka xiyyeeffannaa tokkootti otoo deeggarsi taasifame gaariidha.

- Dhuma irratti bu'uura waajjiraaleen mootummaas ta'e dhaabbileen dhuunfaa dhimma kana kallattiin isaan ilaallatu faayidaa haala geerarsa diddaa kana hubachuun Waajjira Aadaafi Turiizimii haala adda adaan akka kuufamuuf barreeffamaan, waraabbii suur-sagaleen waraabuun qindeessuun akka olkaa'amuun labata dhufuuf akka darbu ta'e gaariidha.

## Kitaabolee Wabii


Abarraa Nafaa. (1993). *Afoola Oromoo.* Jiildii 1[ffaa] Biiroo Aadaa fi Beeksisaa Oromiyaa: Finfiinnee.

Addisu Tolesa. (1990). *The Historical Transformation of a Folklore Genre*: The Geerarsa as a National Literature of the Oromo". Bloomington (Mimeographed PhD Thesis).

Addisuu Tolosaa. (1999). *Gerarsa 'Folksong as the Oromo Nationalism Literature'*: A study or Ethino-graphy, Folklore And Folklife in the Context of the Ethiopian Colonization of Oromia. USA: The Edwin Mallen Press.

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: MegaPrinting Press microdata.worldbank.org › index.php › catalog › download

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa:* Yaadrimee Qorannoo Hujoo. Finfinnee. Mega Printing Plc.

Adjei Anani-Bossman (2018) Developing Framework for Public Relations Practice: *A Study of The Financial Services Sector In Ghana University Of South Africa Supervisor*

Alamaayyoo Faqqadaafi Amaanu'eel Raagaa, (2009). *Bu'uuraalee Ogbarruu*. Yuunvarsiitii Jimmaa kan hinmaxxanfamne.

Anderzejewski, B.W. (1985). *Literature in Kushitic Languages other than Somali*.Literature in African Language. NP:Combridge Unversity Press.

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela*: Seenaa Oguma Oromoo. Far east Trading PLC. Finfinnee.

Asaffaa Tafarraa (2003). *Towards a political Sociology of Oromo Litrature*; Jarso Wakos Poetry" Addis Ababa University MA thesis. ***http://waaqeffannaa.org/geerarsa/***

Austin, J.L.(1962). How to do things with words (2nd ed.),ed.J.O.Urmson and M.Sbisa.Cambridge, MA: Harvard University press.

Asaffaa Taffarraa (2011). *The hug-Resistance Poetry*. USA: Indian University.

Balaay Iddeesaa (2006) *Qaacessa Qabiyyee Geerarsa Diddaa Cunqursaa Uummata* Oromoo Horroo kan hinmaxxanfamne

Barruulee Waaltina Afaan Oromoo. (1993). *Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa*.Wiirtuu Jildii-II. Finfinnee.

Berhanu Matthews (2009) Fundamentals of Literature.*(2ed.)*Finfinne:AAU.Institute of Language studies.

Birhaanuu Tasfaayee (2018*) Xiinxala Qabiyyee Fayyadama Afaanii* Gumaa Baasuu Keessatti: Haala Aanaa Abuunaa Gindabaratxiinxala

Bronner, S. J.(2007). *The Meaning of Folklore: The Analytical Essays of Alan Dundes***.** United state. Utah state University press.

Cherinnat Waaqwayyaa. (2010). *What are lyric & verse?.* Finfinnee.

Creswell, John W. (2007). Qualitative Inquiry and Research Design: Choosing among five approach 2nd ed. Saga Publishing, Inc.

Dastaa Dassaaleny.(2011). *Waadaa*:*Asoosama Aartii Biroo Waliin*.AAU.Brhana Printing Press.

Dastaa Dessaaleny .(2009). *Bu'ura Qorannoo* . Addis Ababaa: Mana Maxxansaa Boolee.

Dawson,C.(2002).*Piractical Research Methods* : *A User- Friendily Guide to Mastering Research Techniques and projects*. New Delhi:UBS Publishers.

Dawson,C.(2003).*Piractical Research Methods* : A User- Friendily Guide to Mastering Research Techniques and projects.New Delhi:UBS Publishers.

Diribii Damisee (2009). *Ilaalcha Oromoo*; Barroo amantaa, sirna bulchiinsaafi seenaa Oromoo. Finfinnee:D.G.Printing and Publishing Enterprise.

Dirribiin Damissee. (2012). *Ilaalcha Oromoo*: *Barruu Seenaafi Amantaa Oromoo*.(Gul.3ffaa ), Finfinnee: Mana Maxxansaa Finfinnee.

Disasa Merga Lenjisa (2013).*The Status of Afan Oromo as Indigenous Language Program in Ethiopian Higher Education Institutions*: An Exploratory Study of Three Selected UniversitiesJimma University, Department of Sociology and Social Work, Ethiopia.

Dorsen,R. (1972).*Falklore and Folklife: An Introduction*.Chigago :chigago University press.

Dorsen,R. (1972).Falklore and Folklife: An Introduction.Chigago :chigago University press. Finfinnee Bole Printing Enterpirse.

Dorson, R. (1972). *Folklore and folklife*: an introduction.Chicago: The Unversity of Chicago.

Elliott Oring (1986). *Folk Groups and Folklore Genres: An Introduction* edited Utah State University Press.

Fareed Hameed Al-Hindawi .(2017). *Pragmatics and Discourse* Analysis Journal of Education and Practice ww.iiste.org

Fedhasaa Taaddasaa (2013). *Subii*: Bu'uura Ogbarruu Oromoo. Finfinnee:Subii printing price.

Filee Jaalataa. (2016). *Beekumtaa Oromoo (Oromo Folklore).* Mana Maxxansaa Raajii: Finfinnee

Finegan, R. (1992). *Oral Traditions and the Verbal Arts:* Aguide to Research Practticies. USA.

Finegan, R.(1970). *Oral literature in Africa*. Nairobi: Oxford Univarsity Press.

Finegan, R.(1977). *Oral Poetry*: Composition performance and context. Combridge: Combridge University.

Finegan,R.(2012).*Oral Litrature in Africa*. UK&US:Open Book Publishrs. Thomson Publitiong Company.Finfinnee: Bole Printing Enterpirse.

Finnegan R. (1976). *Oral Literature in Africa*. Oxford University Press: Oxford.

Fireehiwot Tulluufi Shawaayee Beellamoo. (1998). *Afoola Oromoo: Durdurii*. Jildii V. Qajeelcha Qorannoo Afaan Oromoo. BATO: Finfinnee.

Fitsum Shittaayee Hiwoot Birihaanuufi Zawudee Asaffaa.(2001).*Wiirtuu**:**Jildii*-9. Finfinnee:BABO.

Francois Recanati (1998)Article: *Normale Supérieure de Paris 160 Publications 4,713 Citations*

Francois. (1998) System Research and Behavioral science syst.res Wiley .online library.
Gammachuu Baqqalaa. (2003). "A Study of Major *Themes in Some Selected Songs of Artist*

Garramuu Toleeraa.(2013).Qaaccessa Tapha Ijoollee Aanaa Horroo,dongorofi Jaardagaa jaartee. Qorannoo *MA. Wallaggaa Yuunvarsiitii*

Ginbar Nagara. (2010). *Seenaa Abiishee Garbaafi goototа Oromoo Biroo*:*Adaamaa.*

Hiikaa Faqqadaafi Alamituu Olii. (2010*). Seensa Afoolaa.* Yuunivarsiitii Jimmaa: kan hinmaxxafamne.

Hinseenee Makuriyaa.(2010). *Gaachana Kormaa*. Addis Abebaa, Ethiopia.

http://plato.stanford.edu/archives/win2006/entries/pragmatics

https://www.oxfordhandbooks.com

J. Ayer **(**1968), *The Origins of Pragmatism*, London: Macmillan.

Leech.(1983). *Principle of pragmatics.* New York: Longman.

Laimutis Valeika and Daiva Verikaitė (2010), ***an introductory course in linguistic pragmatics****, Vilnius pedagogical university faculty of philology department of the English language*

Kent Bach (2008), Speech Acts and pragmatics. *San Francisco State Universtiy.*

KORTA, K. Y PERRY, J. (2006). "Pragmatics" en Zalta, E. N. (ed.): *Stanford Encyclopedia of* Philosophy (Winter 2006 Edition). *Disponible en:*

Mey,J.L. (2004: 42) "*Between culture and pragmatics: Scylla and Charybdis? The precarious condition of intercultural pragmatics".* Intercultural Pragmatics, 1(1), 27-48.

Moriarty, Jo (2011) *Qualitative methods overview*. Methods review (1). NIHR School for Social Care Research, London, UK. ISBN

Misgaanuu Gulummaa (2011). *Dilbii: Bu'uura afoola ogafaaniifi afwalaloo Oromoo*. Finfinnee Oromiyaa

Misgaanuu Gulummaa.(2002).*Introdaction to Oromo Folklore* .Ambo. kan hinmaxxanfamne.

Moriarty, J. (2011). *Qualitative Methods Overview*: School for Social Care Research London School of Economics and Political Science Houghton Street London WC2A 2AE.

Okopewho, I. (1992). *Africa Oral Litreture*: Back Grounds, Characterstics and Continuty.Bloomington and Indian university Press.

Robale Tadesse.(2013).*Gada System* :African Indingenous Democracy& United states of Africa. Finfinnee:Oromiyaa.

Ruth Finnegan (1990). *The Centre for Byzantine, Ottoman and Modern Greek Studies* University of Birmingham.

Tadesse Jaleta (2004). "*A Contextual Study of Guji Oromo Proverbs*." (Unpublished MA Thesis).A.A. Addis Ababa University.

Tesfaye Tolessa Bessa (2012). A History of Oromo Cultural Troupes in the Making of Oromo *Political Struggle (1962-1991) Wollega University, Nekemte, Ethiopia*

*Uil Sauerland and Petra B.Schumacher (2015): pragmatic:*Theory and experiment Growing

Warquu Dachaasaa.(2005). *Wiirtuu Jildii 10*: Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. ATO.

Wasanee Bashaa. (2000). *Qorii Hambaa.* Kalu printing press. Finfinnee

Yule, G. (1996). *Pragmatics.* Oxford: Oxford University Press.

Zulkarnain Wisnu Cahyono (2013) *A Pragmatic Analysis Of Imperative Sentences*. In The Songs Of Mr.Big Album Publication Articles A 320 090 202 Surakarta.

**Dabalee A: GeerarsaWaraabamee ol kaa'ame keessaa luqqisuun kanneen qaac-ceffaman**

**1** Bishaan hamaan hangarii
Kan gabaabaan hin ceenee
Kan dheeraan gurdummatuu
Dhukkubni hamaan roorroodha
Kan namni namaa hin beeknee
Kan abbaan dhukkubsatuu. (Madda, WATAH bara 2011 walitti qabame)

**2** Adii addaatee ture
Ijibbaata miixata
roorroon namarra ture
Lubbuu abbaatti olhiixata. (Madda WATAH)

**3** Gaagura onte taane
Bookeen nutti galtekaa
Ilmoo dabeessaa taanee
Roorroon nutti hammaate kaa.(Madda WATAH, kan eebbisaa irraa waraabanii)

**4** Hinbadde badde jedhu,
Maalta'eetaniin bada?
Hinbadu biyyan qaba
Hin badu lammiin qaba
Lammii koo dhugaa qaba
Harkisan cita taate
Gadhiisan lixa taate (ST gaafa simannaa ABO M/Shaamboo)

**5** Duguuggaan nyaatahintaatu
Dhundhumaan galan malee
Gungummiin seenaa taatu
Ittuman lixamalee x2 (Sabboonaa Tafarraa gaafa simannaa ABO M/Shaamboo)

**4** Digaluun muka miti mukarratti dhalate
Sanyii mukaa balleessa

Kan qomoo keenya hintaane
Unurratti dhalate
Sanyii koo maa bobeessa
Qomoo koo maabobeessa (Madda ST gaafa simannaa ABO M/Shaamboo)
**6** Eeboo koo biyyoon nyaate
Gonfa malee naanafne
Garaa koo aarii fixe
Du'a malee naanafne
Lammii koo roorroo fixe
Lugna malee maaltafe.(madda:ST simannaa ABO M/Shaamboo)
**7** Anoo beeka garaa koo
Maafan nyaadha gala koo
anoo beeka qurxii koo
Akka ijoollee durii koo(madda:ST simannaa ABO M/Shaamboo)
**8** Ka'een galaam horrottoo
Biyya Abiishee Garbaattoo
Biyya fiixeen jagnaattoo
Biyya Dabaloo Gannaa
Biyya sanyiinsaa jagnaa
Biyya Balaayii kaasa
Biyya Alamaayyoo Garbaa
Biyya Tasfuu Camadaa
Biyyoon sin nyaatte maloo
Kan jiraallee maal dhiba
Kan du'e dhiba malee (madda: ST simannaa ABO M/Shaamboo)
**9** Warri saree maraatuu
Mandara keessa kaatu
Sila badiin dhagessku
Nunyaachuuf nu gaafatu
Warrri saree quluuxuu
Mandara keessa luuxu

Silaa galii hin dhageessu (madda:ST  simannaa ABO M/Shaamboo)

**10** Maalgoona waa'ee booraa

Teenyee himimmaan hoona

Akka harbuu ganna jigee

Akka haftuu namni didee. (madda:ST  simannaa ABO M/Shaamboo)

**11** Wayyuu koo yawayyaanee

Kattaa keessa olbaate

Gaafa Oromiyaa sente

Dincha hanqaaquu seete (madda:ST  simannaa ABO M/Shaamboo)

Gaafa didibbee sana

Odaa bulluq gaafattee ;

Darajjee galafatte

Shaambuun harka galfatte  ( madda:ST  simannaa ABO M/Shaamboo)

Kistaanarraan dabarte

Biyya keenya qabatte

Maazooraarraan gad gorte

Sukkarayyuu zarafte

Lammii hiitee garafte

Kaffaaloo miila murte

Barootaaf nudararte

Kanaafan bo'a dhiiga (madda:ST  simannaa ABO M/Shaamboo)

**12** Gaattiraan silaa latu x2

Achumaan gogee bada

Dabeessa faana loliin

Dabeessi silaalolu

Sitti dhiisee baqata x2

Sitti dhiisee baqatakaay  (madda:ST  simannaa ABO M/Shaamboo)

**13** Ijoolleen harka latte

Dhageessanii lammii koo

Isheen kaan gantuu taate

Isheen kaan maltuu taate

Kaanoo miseensa taate

Woboon diin bobeessa

Kanoo manaat odeessa x2 (madda:ST simannaa ABO M/Shaamboo)

**14** Wayyanee wayyaa adii

Ija koo duraa badi.

Wayyaanee harka dhiigaa

Titiisa duukaa fiiga

Lammii kootu itti dhiiga

Kanaaf onneen nadhiiga.

Halkaniif guyyaan fiiga. (madda:ST simannaa ABO M/Shaamboo)

**15** Wayyoo wayyoo wayyanee, waluma kee wallaaalle

Kaabineeti hudduu gattee sukkaara keenya samte

Lafa keenya gurgurte, qeerroo keenya uggurte

Beekaa keenya awwaalte meeqa himnee dandenyaa

Barbaannaan miila kutta, hammattu xiitiin dhoofta

Qeerroon baatee falmatte kun egaa danqamte ( madda:ST simannaa ABO M/Shaamboo)

**16** Si arge ya kaabinee

Dawoo wayyaanee taatee

Lafa keenya gurgurtee

Ofii mana ijarratte

Lammii keenya hunkurte

Kaan hidhaatti guurte

Dharaan haqa awwaalte

Ishee jala kurkurtee sobaan saba gurgurtee

Saba keenya hiraartee afaan qawweetiif laatte ( madda:ST simannaa ABO M/Shaamboo)

**17** Warri poolisii Horroo harkaan nama kabalu

Halkan nama dararu sobaan faradda jedhu

Jiraatti fayyaa dhabne harka miila hidhamne

Alagaadhaan dhiitamne keenyumaan harka dhabne

Safuu keenya daganne walumaan walganne x2 (madda:ST simannaa ABO M/Shaamboo)

(18)Wayyaanee garaa dhootaa(2)
Siin jedhe maal na goota
Wayyaanee hudduu dibbee
Qeerroo hunda sijibbee
Wayyaanee garaa dillisaa
Nurraa dhowwaa firrisaa
Nurraa dhowuu dinaani
Qeerroon qalee fanniisa
Jajjaabeen qalee fannisa(2)

(19) Gaachana fardaaf bitu(2)
Farda lolaaf yaabbatu(2)
Ilma lammiif hojjetu(2)
Hennasheen lammii gantu
Qeerroon gamtaan ilaalee
Ofirraa ishee darbatu(2)

(20)Handaaqqoon barii iyya
Weenniin barraaqa iyya
Bara waaq namatti iyye
Namatti iyya namnisaa
Namaa hin beeku firrisaa
Hin bari’u lafisaa
Namaa hin beeku firr isaa

A.Geerarsa Sabboonaa Tafarraa kanneen hin qacceeffaminfi qacceeffaman

1,Handaaqqoon barii iyya
Weenniin barraaqa iyya
Bara waaq namatti iyye
Namatti iyya namnisaa
Namaa hin beeku firrisaa

Hin bari'u lafisaa
Namaa hin beeku firr isaa
Ilaa ilaalam yaa ijoollee
Handooddeen ganna jibba
Akka waan bona ba'uu
Lammitu lammii jibba
Akka waan biyyaa ba'uu
Akka waan gooftaa ta'uu
(2) Bishaan hamaan hangarii
Kan gabaabaan hin ceenee
Kan dheeraan gurdummatuu
Dhukkubni hamaan roorroodha
Kan namni namaa hin beeknee
Kan abbaan dhukkubsatuu. (3)
2, Ilaa ilaalaami yaa ijoollee
Ijoollee biyya abbaa koo
Akkam taanee taanuree
Kami gore itti baanuree
Barrishee bara miti
Bara abjuun maratanoo
Bara hantuuta nyaatanoo
Gadi jedhee mataa buusee
Wanaan dubbadhu dhabee
Oli jedhe imimmaan buusee
Halkaniif guyyaa yuusee
Gindiifi qanbarrii baadhee(2)
Qotee bulaan fakkaadhee (2)
Daftariif kobee baadhee
Barattootan fakkaadhe(2)
Yoo qotachuu baatanoo
Dofummatan fakkaadhe

Yoo qatachuu baatanoo ;

Doofumatti hin hafanoo

Yoo barachuu baatanoo

Doofummattoo hin hafanoo

Dageessee yaa baratаa

Namni yaadaan barate

Bakka gahaa qabate

Namni barachuu baate

Bakka gahu illee dhabe

Kunoo taa'ee gubate amma reefuu hubate(2)

(3) Utaalloo darbaa jiru(2)

Baleessite qoqaa koo(2)

Hiyyumma darbaa jiru balleessite malkiikoo

Urjii lakkomsi hin fixuu

Yoo bariin fixe malee

Gadadoo boonyi hin fixuu

Yoo hojiin fixe malee(2)

Ilaa ilaalaami yaa ijoollee

Mee ilaalami yaa ijoollee

Korma qarmiituu qara

Dhiira lammitu qara

Lammi naqaruun qaba

Korma godaa sandaafaa

Gandi ilaalani beekuu

Ilma garaan waa yaade

Maatii ilaalaniituu beekuu

Maatiisoo seeri hindhowu

Haattuu dallaan hindhowu

Ilma garaan waa yaade

Lakkii dhiisii hindhaga'u(2)

(4) Shunbureetuu maseene(2)
Eessaan kormi dhalataa
Kormii yaabeeraa laataa
Jibichi nuu dhalataa(2)
Dubbiin seenaa koo kanaa
Ganaa raajiin dhalataa(2)
Jaartiin daalee booreedha
Kanaaf lafa boorratti(2)
Goomattuun biyya keenyaa
Kan nyaattee bultu hinqabdu
Kan ittiin dhugdu hinqabdu

(5) Hoo hoo
Yennaan qomoo koo dhabu qophaa taa'ee booyeeraa(2)
Wayyoo wayyoo wayyaa anaakaa ayii
Anbade wayyaa anaakaa ayii
Harreen qallaba hin qabdu
Qallaba batte malee
Gadheen lammiif hin yaaddu
Hinuma nyaatti malee.
(6) Wayyaanee garaa dhootaa(2)
Siin jedhe maal na goota
Wayyaanee hudduu dibbee
Qeerroo hunda sijibbee
Wayyaanee garaa dillisaa
Nurraa dhowwaa firrisaa
Nurraa dhowuu dinaani
Qeerroon qalee fanniisa
Jajjaabeen qalee fannisa(2)
(7) Gaachana fardaaf bitu(2)
Farda lolaaf yaabbatu(2)

Ilma lammiif hojjetu(2)
Hennasheen lammii gantu
Qeerroon gamtaan ilaalee
Ofirraa ishee darbatu(2)

(8) Kana sanyiin gafarsaa
Diina ofirra dabarsa(2)
Yaa ijoollee qabsoof kaatee
Maalumaaf biyyoon nyaate(2)
Akka Tarroo safaaraa(2)
Akka Bayyanaa Obsinee(2)
Dhageessanii lammii koo
Akka Waaqjiraam Oliqaa(2)
Akka Cirrii Lammeessaa
Akka Asafaa Fiqadduu
Dageessaniim yaa ijoollee
Bannee babaanneerra kaa
Gurra abbaa ganneerraa kaa
Dhalannee mataa dirraa
Dirri amma mataa hin gahuu
Dhalannee lafa jirra
Ilmi amma abbaa hin ga'u(2)

(9) Baga galte Faqqadaa ilma Abdiisaa Sitoo diina hagsiisaa
Baga galte Fayyeera Baqqalaa simatoo diina danqaraa
Baga galte Fayyeera Kitiilaa Simatoo diina diraayii
Baga galte(2) Boggaalee Gonfaa Simatoo diina horfa

(10) Dhageessanii yaa ijoollee
Baga galtee yaa Dachoo
Bayyanaa Fayyine kaa baranaa
Baga galtee Masfiin Abbabaa
Dhaggeessanii yaa ijoollee

Baga galtee Siifaan Fayyeera
Seenaa keetti Addunyaa hundatu bareeraa
Maalitti beekti gadheen
Hennaa gochoo ijaaranii
Hennaa gota waamani(2)
Ijoollee yaa ijoollee kaa
Yaaijoollee biyya abbaa koo
Akkam taanee taanuree
Kam gorree itti banuree(2)
(11)Bara boqqolloon bade
Ijoolleefi saree bade
Roorroonis nutti hammaatte bara duuti hammaatte
Haadha ilmoo tokkootu bade(2)
(12) Gaafa lola Dongoroo(
Guyyaa saafaa dhaabatee diina biyyoo nyaachiise
Akka Falmataa Taakkalaa
Gaafittii gaafa sanaa dhamsa maalii dhaammatte
Jaallan saafaagaafasi
(13) Akka Sabboonaa Buraayyuu
Akka jalii caccabsaa Situ diina madasaa
Akka Gurmeessa Baabbaa
Simatu diina yaabaa(3)
Ilaa ilaalaami yaa ijoollee
Micuu Fiqaaduu Raggaasaa
Akkam  Alamaayyoo Bayyanaa
Goota dhabne kaa wayyaa anaa
Goota dhabnee kaa wayyaa anaa (3)
(14) Cooki cooki naan jedhe(2)
Maaliifaan cookuu didaa
Muka arbaa yaabeetanii
Bakkanniisan dadhabe

Waboo koo yaadeetanii
Halkan ciisaa dadhabaa

(15) Bara baraan joora koo
Nan wallaale koora koo
Bara baraan xallisee
Foon maddii koon carrisee

(17) Dhagahi haadha gootaa(2)
Gingilchaa maaf hodhite
Dhabbatee gadi dabarsa(2)
Yoo deesse goota dayi
Yoo deesse gootaaf dayi
Isa biyyaaf dhaabatuu
Isa lammiin jaallatu
Hidhaannoo mudhii guute
Kilaashi rarraafate(2)
Diinasaaf harka laate(2)
Maqaa gootaa balleessa.

**DABALEE B :KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

Suuraalee Ragaaleen Qorannichaa yoomessa geerarsa diddaa siyaasaa akka himaniif mariisifaman.



*Fak. 1. Qorattuun yeroo afgaffiidhaan obbo T B irraa ragaa funaannattu*



*Fak. 2. Qorattuun yoomessa isaaa kka ibsuuf A N irraa yaada argatte*



*Fak. 3.ergaa dhoksaa isaa caalaatti hubachuuf namoota siyaasaa yeroo sana irratti xiyyeeffannoofi hubannoo gahaa ta'e qaban irraa yaada guurrachuun qoattuun mariisifaman*



*Siyaasaa yeroo sana irratti xiyyeeffannoofi hubannoo gahaa ta'e qaban irraa yaada guurrachuun qorattuun yoomessaa isaa akka addaan baasan qorattuun taasifte.*

**DABALEE C: KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

A. Hirmaattota yoomessa geerarsaa diddaa siyaasaa irratti dhuunfaan ibsa kennan.

| T/L | Maqaa Guutuu Hirmatoota | Saala | Umurii | Sad. barumsaa | Saba | Bakka-bu'ee | Guyyaa -maree | Hirmaan-naa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | A.N | Dhi | 41 | MA | Oromoo | AN | 28/6/2012 | |
| 2 | T.B | Dhi | 34 | Dip | Oromoo | TB | 28/6/2012 | |
| 3 | G.T | Dhi | 40 | MA | Oromoo | GT | 29/6/2013 | |
| 4. | Z.H | Dhi | 60 | Qalama | Oromoo | ZH | 22/6/2012 | |
| 6 | S.T | Dhi | 38 | - | oromoo | ST | - | |

B. Hirmaattota marii gareen hiika geerarsaa dhiyaateef ibsa kennan

| T/L | Maqaa Guutuu | Saala | Umurii | Sad. Barumsaa | Saba | Bakka bu'ee | Guyyaa mare | Hirmaan-naa |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | K.W | Dhi | 47 | Qalama | Oromoo | KW | 22/6/2012 | |
| 3 | B.A | Dhi | 45 | Qalama | Oromoo | BA | 22/6/2012 | |
| 4. | Z.H | Dhi | 60 | Qalama | Oromoo | ZH | 22/6/2012 | |
| 5 | E.K | Dhi | 28 | Qalama | Oromoo | EK | 24/6/2012 | |
| 6 | B.H | Dhi | 27 | Qalama | Oromoo | BH | 24/6/2012 | |
| 7 | D.A | Dhi | 29 | Qalama | Oromoo | DA | 24/6/2012 | |
| 8 | N.A | Dhi | 52 | Qalama | Oromoo | NA | 24/6/2012 | |
| 9 | T. L | Dhi | 55 | Dip | Oromoo | TL | 24/6/2012 | |
| 10 | A.B | Dhi | 27 | Qalama | Oromoo | AB | 3/9/2013 | |

**Dabalee D:  Afgaaffiin dhiyaatan**

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa

Xiinxala Erga Dhoksaa Geerarsa Diddaa Siyaasaa: Hiika Gama Xiinikaalaatiin Gaaffilee

Afgaaffiin dhiyaatan

I. Gaafilee maanguddoota mata dureen ani qorannoorratti gaggeessu kana nibeeku jedhamanii warra abdatamaniif dhiyaate.

Kabajamoo ____________odeeffannoon ani amma isinirraa argadhu kun qorannoo mata dure Ergaa dhoksaa Geerarsa diddaa siyaasaa haalaa hiika gama xiinikaalaatiin jedhuun deemsisu kana guutuu taasisu jedhee waanan abdadhuuf gaaffilee isinii dhiyaatu kana akka dhugaafi amanamummaan naaf deebistan kabajaan isin gaafadha.

Afgaaffii

Maqaa__________________Saala______Umuri____________Ganda _________Aanaa

Sad. Barnoota ___________________

1. Geerarsi diddaa siyaasaa kan akkamiiti? Maaliif geerarama?
2. Geerarsi diddaa siyaasaa kun ergaa dhoksaa inni hawaasaaf dabarsu jiraa? Eergaa attamii faa dabarsa jettanii yaaddu?
3. Geerarsi diddaa siyaasaa kun hiika inni hawaasaaf dabarsu jiraa? hiika attamii faa dabarsa jettanii yaaddu?
4. Geerarsi diddaa siyaasaa kun qabiyyee akkami faa qaba jettanii yaaddu?

Marii Garee

1. Geerarsi diddaa siyaasaa kan akkamiiti? Maaliif geerarama?
2. Geerarsi diddaa siyaasaa kun ergaa inni hawaasaaf dabarsu jiraa? Eergaa attamii faa dabarsa jettanii yaaddu?
3. Geerarsi diddaa siyaasaa kun hiika inni hawaasaaf dabarsu jiraa? hiika attamii faa dabarsa jettanii yaaddu?
4. Geerarsi diddaa siyaasaa kun qabiyyee akkami faa qaba jettanii yaaddu?

Ibsa

Ani qorattuun maqaafi maallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojiikoo ta'uusaafi kanaan duraa Yuunivarsiitii kamiyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta'uu ibsaa, akkasumas wabiilee qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee wabii keessattis ta'een fudhadhee wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa

Maqaa Abarraash Zaalaqaa Hundarraa

Mallattoo________________

Guyyaa__________________

Waraqaan Qorannoo Kun Qorumsaaf akka inni dhiyaatu kanan mirkaneesse ta'uu koo nan beeksisa.

Maqaa Addunyaa Barkeessaa (PhD)

Mallattoo ___________________

Guyyaa ____________________